

**XIINXALA QABIYYEEFI UNKA WEEDDUU DURBAA GODINA BUNNOO  
BEDDELLEE**

**QAJEELAA GALATAA TUULII**

**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA AFAAN OROMOOFI  
OGBARRUU BARSISUUN GUUTTACHUUF QOPHAA'E, YUNIVERSIITHI JIMMAA,  
KOLLEEJII SAAYINSII HAWAASAAFI HUMAANIITHI, DAMEE BARNOOTAA  
AFAAN OROMOOFI OGBARRUUTHIF DHIYAATE**

**HAGAYYA, 2013/2021**

**JIMMAA, ITOOPHIYAA**

**YUUNIVERSIITII JIMMAA KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAAFI HUMAANIITII  
DAMEE BARNOOTAA AFAAN OROMOOFI OGBARRUU**

**XIINXALA QABIYYEEFI UNKA WEEDDUU DURBAA GODINA BUNNOO  
BEDDELLEE**

**QORATAAN: QAJEELAA GALATAA TUULII**

**GORSAAN: ASHANNAAFII BALAA Y (PhD)**

**GORSAA GARGAARAA: TAAKKALEE GAMMACHUU (MA)**

**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA AFAAN OROMOOFI  
OGBARRUUTIIIN GUUTTACHUUF QOPHAA'EE, YUNIVERSIITII JIMMAA,  
KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAAFI HUMAANIITII, DAMEE BARNOOTAA  
AFAAN OROMOOFI OGBARRUUTTI DHIYAATE**

**HAGAYYA, 2013/2021**

**JIMMAA, ITOOPHIYAA**

**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA (MA) BARNOOTA  
AFAAN OROMOOFI OGBARRUUTIIN GUUTTACHUUF QOPHAA'E**

**Koree (Boordii) Qoratee Mirkaneesse:**

Qoraa Alaa: \_\_\_\_\_ Mallattoo \_\_\_\_\_

Qoraa Keessaa: \_\_\_\_\_ Mallattoo \_\_\_\_\_

Gorsaa: Ashannaafii Balaay (PhD) Mallattoo \_\_\_\_\_

Gorsaa Gargaaraa: Taakkalee Gammachuu (MA) Mallattoo \_\_\_\_\_

I/G Muummee: \_\_\_\_\_ Mallattoo \_\_\_\_\_

Haala Mijeessaa/tuu \_\_\_\_\_ Mallattoo \_\_\_\_\_

## **IBSA**

Qorannoon kun Xiinxala Qabiyyeefi Unka Weedduu Durbaa Godina Bunnoo Beddellee irratti kan gaggeeffame yommuu ta'u, waraqaan qorannoo kun hojii qorannoo dhuunfaa qoratichaa ta'uusaafi yunivarsiitii kamiyyu keessatti kan hinhojjetamne ta'uusaa mallattoo kootiin mirkaneessa..

Qorataa: Qajeelaa Galataa Tuulii

Mallattoo: \_\_\_\_\_

Guyyaa: \_\_\_\_\_

## **GALATA**

Qorannoo kana gaggeessuu keessatti namoota kallattii adda addaatiin na deeggaraa turan hunda galateeffachuun barbaada. Adeemsa qorannoo kana gaggeessuu keessatti yeroo adda addaa nuffii tokko malee maaddoota qajeelfama qorannoo (research guides) gara garaa akkan dubbisuuf kan na deggeraa turan akkasumas, qaamaan walarguunis ta'e karaa toora bilbilaatiin kan na gorsaniifi kan na qajeelchaa turan Dr. Ashannaafii Balaayiif kabajaafi galata guddaan qaba. Akkasumas, yaada dabalataa naaf qooduudhaan kan na deggeraa turan gorsaa gargaaraa koo Barsiisaa Taakkalee Gammachuu (MA) galateeffachuun barbaada. Itti aansuun, haadha warraa koo Miimmii Kebeddee kan gargaarsi ishee yeroo mara na biraa hindhibiin galata guddaan qabaaf.

## **JIBSOO**

Maggala – Sochii qaamaa

Walsoosisanii – Hamilee walii kennanii

Jeejee - Beela

Atakaaroo - Xiiqii

Baaqqee – Uffata jirbii irraa hojjetamu

Qabdoo – Dhungii jaalalaa

Daadoo – Hojii gareedhaan hojjetamu

## **Gabaajewwan**

Ykn.- Yookiin

Fu. -Fuula

Kkf.- kan kana fakkaatan

## AXAREERAA

*Qorannoon kun mata duree “Xiinxala Qabiyyee fi Unka Weedduu Durbaa Godina Bunnoo Beddellee” jedhu irratti gaggeeffame yommuu ta’u, kaayyoon qorannoo kanaa qabiyyee fi unka weedduu durbaa xiinxaluu ta’ee, weedduu durbaa hawaasa aanaa Beddellee fi Gachii xiinxaliidhaaf akka madda ragaa tokkoffaatti hawaasa Oromoo aanotii lamman keessaa akka odeeffannootaatti filataman irraa odeeffannoon funaanameera. Maddeen ragaa tokkoffaa aanaa Beddellee fi Gachii keessaa iddattoowwan kan filataman yommuu ta’u, iddattoowwan kanneen filachuuf tooftaaleen iddatteessuu kaayyeffataafi malli iddatteessuu iyyaafannoo hojiirra ooleera. Iddattoowwan filataman kanneen irraa odeeffannoon afgaaffii caaseffamaa, marii garee xiyyeeffataafi daawwannaatiin funaanaman akkaataa qabiyyee fi unka weedduu durbaatiin qoqqooduudhaan mala xiinxala ragaa akkamtaatiin xiinxalamaniiru. Adeemsa xiinxala ragaa keessatti yaadiddamoota bifiiyyee fi tajaajilaa kan dhimmi bahame yommuu ta’u, qabiyyeewwan weedduu durbaa keessatti argamaniifi unkawwan afwalaloo weedduu durbaa keessatti dhimmootni ijoo ta’an ulaagaa kaa’ameen xiinxalamaniiru. Weedduu durbaa keessatti qabiyyeewwan argaman kan akka tuffii, jaalalaafi atakaaroo kkf. yommuu ta’u, unki walaloo weedduu durbaa ulaagaalee kanneen akka buufata, birsaga, bo’oowwan, walunata sagaleewwanniifi safara walaloo irratti hundaahuun xiinxalame. Qorannoo taasifameen argannoowwan adda addaa kan dhiyaatan yommuu ta’u, buufatni walaloo weedduu durbaa irra jireessaan buufata baay’ee gaggabaabaa ta’ee fi toora afur hincaalle irraa ijaaraman. Haata’u malee inni ol aanaan toora kudha tokko irraa kan ijaarame yommuu ta’u, buufanni toora torba irraa ijaarame hinjiru. Gosoonni afwalaloo weedduu durbaa sadan bakka itti unka walfakkaataa qaban akkuma jiru, bakki isaan unka walfakkaataa hinqabnes nijira. Haata’u malee, unka cufaa qabaachuun ammoo wal isaan fakkeessa. Baay’inni birsaga tokko tokkoo bo’oowwan keessatti argamu birsaga 6-8 hincaalu. Dabalataan weedduun durbaa yeroo ammaa kanatti sadarkaa dagatamuu irra gahee jira. Kanaafuu, qorannoon dabalataa weedduu durbaa irratti gaggeeffamuu akka qabuufi aadaa kana tifkachuun barbaachisaa ta’a.*

# BAAFATA QABIYYEEWWANII

## QABIYYEEWWAN

## FUULA

GALATA.....	i
JIBSOO.....	ii
AXAREERAA.....	iii
BOQONNAA TOKKO: SEENSA.....	1
1.1.Seenduuba Qorannichaa.....	1
1.2.Ka’umsa Qorannichaa.....	3
1.3.Kaayyoo qorannichaa.....	4
1.3.1.Kaayyoo Gooroo.....	4
1.3. 2.Kaayyoo Gooree.....	4
1.4.Barbaachisummaa Qorannichaa.....	4
1.5.Daangaa Qorannichaa.....	5
1.6.Hanqina Qorannicha Keessatti Mudatan.....	5
1.7.Ibsa Naannoo Qorannichaa.....	6
1.7.1.Hidda Latiinsa Oromoo Godina Bunnoo Beddellee.....	7
1.7.2.Aanaalee, Gandootaafi Haala Jireenya Hawaasichaa.....	7
BOQONNAA LAMA: SAKATTA’IINSA BARRUUWWAN WALFAKKAATANII.....	11
2.1.Weedduu.....	11
2.2.Weedduu Aadaa Oromoo.....	12
2.2.1.Weedduu Durbaa.....	12
2.3. Qabiyyee.....	13
2.4.Unka.....	14
2.4.1.Unka Banaa.....	14
2.4.2.Unka Cufaa.....	15



2.5.Walunata Sagaleewwanii.....	16
2.6.Bo’oowwan.....	16
2.7.Buufata(Stanza).....	16
2.8.Birsaga.....	17
2.9.Safara (Meter).....	17
2.10.Sakatta’a Qorannoowwan Walfakkaatanii.....	17
2.11.Yaadiddama Qorannichaa.....	19
2.11.1.Yaadiddama Bifiyyee.....	19
2.11.2.Yaadiddama Tajaajilaa.....	20
BOQONNAA SADI: MALLEEN QORANNICHAA.....	21
3.1.Saxaxa Qorannichaa.....	21
3.2.Iddattoofi Mala Iddatteessuu.....	21
3.3.Meeshaalee Funaansa Ragaa.....	22
3.4.Tooftaalee Qaaccessa Ragaa Qorannichaa.....	25
3.5.Naamusa Qorannichaa.....	26
BOQONNAA AFUR:XIINXALA RAGAALEE.....	27
4.1.Maalummaafi Adeemsa Raawwii Weedduu Durbaa.....	27
4.2.Adeemsa Raawwii Weedduu Durbaa.....	28
4.2.1.Yoomessa Raawwii Weedduu Durbaa.....	29
4.2.2.Meeshaalee Weedduu Durbaa.....	31
4.2.3.Hirmaattota Weedduu Durbaa.....	32
4.3.Gosoota Weedduu Durbaa Hawaasa Oromoo Godina Bunnoo Beddellee.....	34
4.3.1.Hirreewwee (Qesqessee).....	34
4.3.2.Haahiyyee.....	35
4.3.3.Isgeewuyaa (Gad-tumee).....	35

4.4.Qabiyyee Weedduu Durbaa.....	36
4.4.1.Qabiyyee Jaalalaa.....	37
4.4.2.Qabiyyee Tuffii.....	41
4.4.3.Qabiyye Cigoo (Atakaaroo).....	44
4.5. Xiinxala Unka Weedduu Durbaa.....	49
4.5.1.Xiinxala Unka Weedduu Durbaa Hirreewwee.....	60
4.5.2.Xiinxala Unka Afwalaloo Weedduu Haahiyyee.....	68
4.5.3.Xiinxala Unka Afwalaloo Weedduu Isgeewuyaa.....	71
4.5.3.1.Kanneen Buufata Gabaabaa irraa Ijaaraman.....	72
4.6.Yeroo Ammaa Kanatti Weedduun Durbaa Sadarkaa Akkamii Irratti Akka Argamu.....	82
BOQONNAA SHAN: GUDUNFAAFI YAADA FURMAATAA.....	84
5.1.Cuunfaa.....	84
5.2.Goolaba Qorannichaa.....	86
5.3.Yaboo Qorannichaa.....	87
Wabiilee.....	89
Dabaleewwan.....	
Dabalee I: Gabatee Maqaa Odeef-kennitootaa.....	
Dabalee II: Af-gaaffii Caaseffamoo Odeef Kennitootaaaf Qophaahee.....	
Dabalee III : Gaaffilee Marii Garee Xiyyeeffataa Qophaahe.....	
Dabalee IV: Suuraa Namoota Afgaaffii Irratti Hirmaatani.....	
Dabalee V: Suuraa:6 Marii Garee Xiyyeeffataa.....	

## BAAFATA SUURAAWWANII

<b>Suuraawwan</b>	<b>Fuula</b>
Suura 1.Kaartaa Godina Bunnoo Beddellee: .....	8
Suura 2.Kaartaa Aanaa Beddellee.....	9
Suura 3.Kaartaa Ganda Golee Qorraa .....	10
Suura 4.Dibbee ( Kan Qorataan Kaase).....	32
Suura 5.Shamarran dursaii sirba weedduu durbaa dhaabbatan .....	33
Suura 6.Dargaggeessaafi Dargaggeettii Gara Sirba Weedduu Durbaa Deemaa Jiran.....	33
Suura 7.Sirba weedduu durbaa hirreewwee .....	35
Suura 8.Sirba weedduu durbaa isgeewuyyaa.....	36

## **BOQONNAA TOKKO: SEENSA**

Qorannoon kun “Xiinxala Qabiyyee fi Unka Weedduu Durbaa Godina Bunnoo Beddellee” mataduree jedhu irratti kan gaggeeffame yommuu ta’u, boqonnaa kana jalatti yaadoleen dhiyaatan: seenduuba qorannichaa, ka’umsa qorannichaa, gaaffilee qorannichaa, kaayyoo qorannichaa, barbaachisummaa qorannichaafi daangaan qorannichaa kan dhiyaatu ta’a.

### **1.1.Seenduuba Qorannichaa**

Biyyoonni Afirika keessatti argaman hedduun isaanii biyya keenya Itoophiyaa dabalatee kuufama og-afaanii qabaniin kan badhaadhan ta’ullee, qorannoon bal’inaan akka irratti hingaggeeffamiin dubbatama. Yaada kana deggeruun (Tadese, 2016) akkana jechuun ibsa. Ummata Afirika biratti afoolli bakka olaanaa qaba. Haata’u malee qorannoon afoola ummattoota Afirika irratti taasifame baay’ee gad aanaadha jechuun ibsa. .

Fooklooriin waan hunda: jiruufi jireenyi dhala namaa ofuma isaatiifuu fookloorii irraa adda bahee kan ilaalamu miti. Gemed (2007, fu.88) irratti maalummaa fookloorii akkanatti ibsa “Folklore refers to the selected body of knowledge or lore shared by the community as the representation of collective image and convectional mode of human thought characterized by social philosophy and folk wisdom”. Kana irraa hubachuun kan danda’amu fooklooriin qaama beekumsa hawaasaa ta’ee kan uummanni faalaasamaafi oguma qabu ittiin ibsatudha.

Akkasumas Oring,(1986, fu.136).waa’ee fookloorii akkana jechuun ibsa “folklore as oral tradition and beliefs handed down from generation to generation without the use of writing” Akka yaada waraabbii kanaatti, fooklooriin afoolaafi amantii hawaasichaa ofkeessatti qabatee dhalootaa dhalootatti himamsa afaaniin kan daddarbudha.

Bukenyan (1994, fu.85) irratti waa’ee ogafaanii yoo ibsu, “Oral literature is the heart of people’s way of life. It is very soul of their culture. As the reservoir of people’s values, it expresses a given societies world view and gives them a spring board from which their day-to-day existence is propelled,” Akka waraabbii kanaatti, ogafaan haala jireenya hawaasa tokkoo murteessuu akka danda’uufi kuufama beekumsaa hawaasicha keessa jiruufi waa’ee muuxannoo isaa kan ittiin ibsatu ta’uu isaa agarsiisa.

Ogafaan Oromoo amala walaloo of keessaa qaban hedduun jiru. Isaan keessaa muraasni kanneen akka weedduu durbaa, weedduu cidhaa, weedduu jaalalaafi weedduu mararoo kkf. maqaa dhahuu dandeenya. Hawaasni Oromoo maaliif akka itti fayyadamu, yeroo akkamii akka itti fayyadamu waan beekuuf haala kanaan qoqqoodee maqaa moggaasuun itti fayyadamaa tureera. Haata’u malee yoomessi weedduu durbaa gosa weedduwwan kanneen biroo irraa adda isa taasisa. Kanaafuu, xiyyeeffannoon qorannoo kanaa afwalaloo weedduu durbaa qofa gooroon adda baasuun qabiyyeefi unka isaa xiinxaluudha. Sababiin mata duree ‘Xiinxala Qabiyyeefi Unka Weedduu Durbaa Godina Bunnoo Beddellee’ jedhu irratti qorannoo gaggeessuun kan barbaachiseef, weedduu durbaa hawaasa Oromoo godinichaa keessatti qabiyyee, unkiifi haalli raawwii isaa maal akka fakkaatu adda baasuuf.

Weedduun aadaa kun kan qarreefi qeerroon yaada isaanii ittiin ibsatan waan ta’eef hawaasichaaf baay’ee barbaachisaadha. Tesema,(2002,fu.1) yaada kana deggeruudhaan akkas jechuun ibsa, “Songs are one of the most important cultural activities of the Oromo in which they express their feelings” jedha. Waraabbiin kun kan agarsiisu, aadaa ummata Oromoo keessatti ummatichi kan miira keessoo isaa jiru ittiin ibsachuuf weedduun bakka ol aanaa qabaachuu isaa agarsiisa.

Durbi Oromoo ogafaan mataa isaanii kan yaada dhuunfaa isaanii ittiin ibsatan qabu. Haata’u malee, xiyyeeffannoon ogafaan durba Oromootiif kenname gad aanaa ture. Akka Dereje,(2009) jedhutti, “Girls are among the most ignored social groups both in the studies of folklore in general and that of the Oromoo in particular. Kousaleos (1999) contends the studies of folklore remained to be the domain of men until recently” Kana irraa wanti hubannu, durbi garee hawaasaa keessaa baay’ee dagatamoo akka ta’aniifi keessumaa ammoo kan durba Oromoo adda akka t’e nu hubachiisa. Dabalataan afoolli isaaniis akka dagatamee ture ibsuudhaan, gama qorannoo afoolaatiins irra caalaa kan warra dhiirotaa xiyyeeffanoo argataa akka ture ibsa Walumaagalatti, dhimmi ijoo qorannichaa xinxala qabiyyeefi unka weedduu durbaa Godina Bunnoo Beddellee keessatti weedduu durbaa gosaan adda baasuu, yoomessaafi adeemsa raawwii weedduu durbaa ibsuu, unka afwalaloon weedduu durbaa qabu adda baasuu, qoqqoodama birsagaa, walunata sagaleefi yeedaloo kkf. qorannoo kana keessatti bal’inaan kan ilaalaman ta’u.

## 1.2.Ka'umsa Qorannichaa

Qorannoo taasifame kanaaf wantoonni akka yaada ka'umsaatti dhiyaatan nijiru. Dagatamuufi xiyyeeffannoo dhabuu aadaafi dudhaa Oromoo keessattiyyuu weedduu durbaati Uummanni Oromoo naannoo gaanfa Afrikaatti uummata bal'aafi lafa bal'aa irra qubatee jiru akka ta'e namoonni qorannoo gaggeessan niibsuu. Akka Asmarom (1975, fu.5) jedhutti, "In the historic analysis of Africa the Oromo held the special position that they are the most expansive societies in record" jedha. Yaada waraabii kanaarraa wanti hubannu uummanni Oromoo uummattoota Afrikaa keessaa uummata seenaa jabaan qabu ta'uu isaa agarsiisa. Dhugaan kun haajiraatu malee, Afaan Oromoofi afoolli Oromoo waggoota dheeraaf ija gaariin ilaalamaa hin turre. Kunis sababa sirnoota garagaraa keessatti ilaalchi afaaniifi afoola uummatichatiif ture gaarii waan hinturreef. Sababa kanaaf, seenaan, aadaan, duudhaafi afoolli uummatichaa barreeffamaan dhaloota itti aanuuf akka hin dabarre daangeessee waan tureef, weedduu durbaa dabalatee afoolli Oromoo dagatamaa dhufe.

Kan biroon ammoo qorannowwan afoola Oromoo irratti gaggeeffaman baay'een isaanii xiinxala qabiyyee fi unka weedduu durbaairratti waan xiyyeeffatan miti. Sakatta'a barruuwwanii taasifameenis qorannoon mataduree kanaan walfakkaatu hingaggeeffamne. Kun ammoo gama xiinxala qabiyyee fi unka weedduu durbaa irratti qorannoo gaggeessuutiin qaawwaan akka jiru agarsiisa. Sababiin isaa qorattoonni baay'een kanneen akka Olaanii (2009), Seefuu (2008) fi Maammoo (2009) kkf. Xiinxala unka, qabiyyee fi ergaa faaruu naqataa, weedduu arrabsoo durbaafi weedduu arrabsoo fuudhaafi heerumaa irratti qorannoo gaggeessan. Gama qorannoo koon ammoo mata-dureen kun yoomessa isaa dabalatee kan qorattoota kanneenii irra adda ta'a jechuudha. Kanaafuu qaawwaa gama kanaan jiru guutuuf weedduu durbaa walitti qabuudhaan qabiyyee fi unka isaa xiinxaluun barbaachisaa ta'ee argameera..

Walumaagalatti weedduun durbaa qabeenya uummata Oromoo eenyummaa sabichaa ibsu waan ta'eef, osoo hindagatamiin haala yeroo waliin walsimee akka itti fufu gochuufi dhaloota itti aanuuf akka darbu gochuun kan yeroon itti kennamu miti

Kanuma irraa ka'uudhaan, gaaffileen bu'uuraa qorannoo kanaan deebii argatu jedhaman kanneen armaan gadiiti.

1. Weedduun durbaa keessa qabiyyeewwan jiran isaan kami?
2. Weedduu durbaa unka akkamii irraa ijaarame?
3. Weedduun durbaa yoomessa akkamii akkamii qaba?
4. Weedduun durbaa yeroo ammaa sadarkaa maalii jiraa?

### **1.3.Kaayyoo qorannichaa**

Kaayyoon qorannichaa kaayyoo gooroo fi gooreetti qoodamee kan dhiyaate ta'uu isaati.

#### **1.3.1.Kaayyoo Gooroo**

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa qabiyyeefi unka weedduu durbaa Godina Bunnoo Beddellee xiinxaluudha.

#### **1.3.2.Kaayyoo Gooree**

Qorannoon kun kaayyowwan gooree armaan gaditti tarreeffaman ofkeessaa qaba.

1. Weedduu durbaa keessaatti qabiyyeewwan argaman adda baasuu.
2. Unka weedduu durbaa keessa jiru xiinxaluu.
3. Yoomessa raawwii weedduu durbaa ibsuu.
4. Haala weedduun durbaa yeroo ammaa irratti argamu ibsuu.

### **1.4.Barbaachisummaa Qorannichaa**

Qabiyyeefi unka weedduu durbaa Oromoo irratti qorannoo gaggeessuun bu'aa garagaraa argamsiisuu danda'a. Innis qabiyyeewwan garagaraa weedduu durbaa keessatti argaman kanneen akkamii akka ta'an adda baasuun kaa'uudhaan qorattoonni gara fuulduraatti weedduu durbaa irratti qorannoo gaggeessuu barbaadan akka yaada ka'umsaatti itti fayyadamuu danda'u. Kana qofa osoo hintaane weedduun durbaa yoomessaafi akkaataa raawwii mataa isaa danda'e akkasumas qabiyyeewwaniifi unka gara garaa waan qabuuf qaamni biroon qabiyyeefi unka weedduu durbaa irratti qorannoo dabalataa gaggeessuu barbaadu itti gargaaramuu danda'a. Kana waan ta'eef, qaamonni qorannoo kana irraa fayyadamuu barbaadan waraqaa qorannichaa mana dubbisa kitaabaatii argatanii itti maa'ii bahuu danda'u.

### **1.5.Daangaa Qorannichaa**

Daangaan qorannoo sadarkaa yaadaafi bakkaan daangeffamee kan raawwatu ta'uu danda'a. Kanaafuu, daangaan qorannoo kanaa bakkaan Godina Bunnoo Beddellee: Aanaa Gachiifi Aanaa Beddellee qofa irratti xiyyeeffata Sababiin isaa aanaaleen kunneen bakka maddi odeeffannoo gahaa ta'e niargamuu danda'a jedhamee waan itti amanameef. Akkasumas weedduu durbaa aanaalee godinicha keessatti argamu si'a tokkicha qorachuun waan rakkisuufidha. Gama qabiyyeetiin ammoo mata dureen qorannoo kanaa xiinxala qabiyyeefi unka weedduu durbaa qofa irratti xiyyeeffata. Sababiin isaa si'a tokkicha weedduwwan aadaa Oromoo irratti qorannoo gaggeessuun waan rakkisaa ta'uuf.

Xiyyeeffannoo argachuu xiinxala qabiyyeefi unka weedduu durbaatiifis sababa kan ta'e weedduwwan kanneen biroon carraa namoota adda addaatiin qoratamuu kan argatan yommuu ta'u,weedduun durbaa osoo hinqoratamiin hafuu isaati.Xiinxala weedduu durbaa kana keessatti xiinxalli qabiyyeefi.unka weedduu durbaa bakka guddaa argatanii jiru. Sababiin isaa weedduun durbaa qabiyyewwan garagaraa kan akka tuffii, jaalala, miidhaginaafi fokkuu kkf waan of keessaa qabuuf. Akkasumas walaloon weedduu durbaa unka adda addaa kan akka walunata sagaleewwanii, birsagaafi bo'oowwan kkf irraa waan ijaaramuuf.

### **1.6.Hanqina Qorannicha Keessatti Mudatan**

Qorannoo kana keessatti wantoonni akka hanqinaatti na mudatan jiraachuu malu. Kunneenis hanqinni yaadrimeewwaniifi akka duraaniitti hawaasichi haala qabatamaafi yoomessa isaa irratti hundaa'ee weedduu durbaa keessatti qooda fudhachaa waan hinjirreef hanga tokko qorannoo kanaaf hanqina ta'eera. Haata'u malee, hanqinoota dhiyaatan kanaaf akka furmaataatti kan itti deemame yaadrimeewwan sirrii ta'anitti fayyadamuuf xiyyeeffannoon itti deemameera. Dabalataan yoomessi uumamaa weedduu durbaa waan hinjirreef, yoomessa fakkeessaa uumuun adeemsi raawwii weedduu durbaa maal akka fakkaatu bifa daawwannaatiin ilaalamee waraabameera.

Gama biroon ammoo adeemsa hojii qorannoo kana keessatti waanti hudhaa ta'e rakkoo dhukkuba daddarbaa COVID 19 irraa kan ka'e odeeffannoo funaannachuufi gorsaa koo waliin yeroo yerootti wal arguun dhabuun rakkoo ta'eera. Haata'u malee rakkoowwan



kanneeniif osoo harka hinkenniin ofiifis ta'e namoota gara birootiif of eeggannoo barbaachisaa ta'e gocchuun odeeffannoon funaanameera. Gorsaa waliinis bilbiilaanis ta'e qaamaan wal arguun ana qajeelchaa turaniiru.

### **1.7.Ibsa Naannoo Qorannichaa**

Godinni Buunoo Beddellee erga ofdandeessee akka godinaatti hundooftee booda godinoota afuriin marfamtee jirti. Godinoonni kunneenis, gara kallattii Bahaatiin godina Wallagga Bahaa, kallattii Kaabaatiin godina Wallagga Lixaa, akkasumas gara Dhihaatiin godina Iluu Abbaa Boor yommuu ta'u, gara Kibbaatiin ammoo godina Jimmaatiin waldaangessitee argamti. Godinni kun godinaalee Oromiyaa Dhihaatti argaman keessaa ishee tokko taatee, Magaalaa Gudditii Oromiyaa Finfinnee irraa KM 492, Magaalaa Guddoo Godina Iluu Abbaa Boor Mattuu irraa KM 120, Magaalaa Guddoo Godina Wallaga Bahaa Naqamtee irraa KM 96, Magaalaa Guddoo Godina Jimmaa magaalaa Jimma irraa Km 145 fagaattee argamti


Akka maanguddoonni Oromoo Godina Bunnoo Beddellee tokko tokko jedhanitti, Sirna baballifannaa lafaa irraa kan ka'e Oromoon bakkaa bakkatti socho'aa ture. Sochii babal'ifannaa lafaa kana keessatti qomoo Oromoo warren gurguddoo ta'an keessaa Oromoon gara Godina Bunnoo Beddellee dhufe Oromoo Maccaa ta'uun isaa ibsaniiru. Macci ilmaan sadii: Daadhii, Jaawwiifi Tummee godhate. Ilmaan Maccaa kunis gara Oromiyaa Dhihaa kana keessa kallattii garaagaraatti babal'atan. Kanaafuu, ijjoolee Maccaa keessaa Tummeen gara Wallaggaa, Buunoo Beddellee, Iluu Abbaa Boor fi Jimmatti tamsa'an..Ilmaan Tumme Noolee, Bunnoo, Iluufi Daaphoo fa'i. Ilmaan Tumme keessaa ammoo Buunnoon isa tokkodha.

Ilmaan Tumme: Noolee, Buunoo, Iluufi Daaphoo akka ta'an ragaan barreeffamaa Waajjira Aadaafi Tuurizimii godinicchaa irraa argame kan ibsu yommuu ta'u, ragaan himamsa afaaniin maanguddoota Oromoo Buunoo Beddellee irraa argame ni ibsa., Buunnoon ofii isaattii ilmaan afur (4) akka godhate fi ilmaan isaas akka wal horan manguddoonni kunneen ifoomsaniiru.. Ilmaan isaa kunneenis Haannaan angafa, Moguun isa 2ffaa, Imbooroo isaa 3ffaa fi Beeroon isa dhumaati. Oromoon haala kanaan erga naannoo kana qabatani booda aanaalee godinichaa hunda keessatti babal'achuudhaan wal horanii baay'atanii jiru. Yeroo ammaa kanatti qomoowwan duraan turanitti qomoowwan boodaan dhufan dabalatee gara qomoowwan

dhibbaafi kudhatorba ta’an godinicha keessatti akka argaman ragaan Waajjira Aadaafi Turizimii godinicharraa argame niagarsiisa.

### 1.7.1.Hidda Latiinsa Oromoo Godina Bunnoo Beddellee

Ummanni Orommoo yeroo ammaa kana godina Bunnoo Beddellee keessatti argamu kan duraan bakka sana ture osoo hintaane qomoo Oromoo keessaa namni Macca jedhamu erga godinicha keessa qubatee booda walhoranii akka cirrachaa baayyatan. Kunneenis caatoon yoo kaa’aman,




Caatoo qomoo (Hidda latiinsa Oromoo Godina Bunnoo Beddellee (Waajjira Aadaafi Turizimii Godinichaa(2013)

### 1.7.2.Aanaalee, Gandootaafi Haala Jireenya Hawaasichaa

Aanaalee Godinni Bunnoo Beddellee qabdu sagal keessaa aanaan Gachiifi aanaan Beddellee isaan tokkodha. Aanaan Gachii magaalaa guddittii godinichaa kan taate magaalaa Beddellee irraa gara Kibbaatti Km 18 fagaattee kan argamtu yommuu ta’u, gandoota isheen qabdu keessaa gandi Golee Qorraa ishee tokkodha. Akkasumas aanaan Beddellee gandoota hedduu kan of keessaa qabdu yommuu ta’u, gandoota kanneen keessaa Gandi Bildiimaa Gobochoa ishee tokkodha. Isheenis magaalaa guddittii godinichaa irraa KM 15 fagaattee gara Bahaatti argamti. Ummanni gandoota kanneen keessa jiraatan hordoftoota amantaa Kiristaanaafi


Musulimmaa yommuu ta'an, haalli jireenya isaanii hojii qonnaa irratti kan hundaa'e ta'uu isaati. Haalli qilleensa aanaalee kanneenii baay'inaan badda daree ta'uu isaa ragaan Waajjira Qonnaa godinichaa irraa argame ni ibsa.




Projected Coordinate System:  
 Adindan\_UTM\_Zone\_37N  
 Projection: Transverse\_Mercator

© set by S M 2017

Suura 1. Kaartaa Godina Bunnoo Beddellee: Waajjira Aadaafi Tuurizzimii (2013)



Suura 2.Kaartaa Aanaa Beddellee(Waajjira Aadaafi Turizimii)



Suura 3. Kaartaa Ganda Golee Qorraa (Waajjira Aadaafi Turizimii)

## **BOQONNAA LAMA: SAKATTA’IINSA BARRUUWWAN WALFAKKAATANII**

Boqonnaa kana keessatti dhimmoota xiyyeeffannoo argachuun akka qabiyyee boqonnichaatti dhiyaatan keessaa weedduu, gosoota weedduu, unkaa, qabiyyee, ulaagaalee madaallii unka af-walaloo, sakatta’a qorannoowwan walfakkaataniifi yaadiddama qorannichaati. Kana waan ta’eef, dhimmootni kanneen ibsa isaanii waliin akka armaan gadiitti tokko tokkoon dhiyaataniiru.

### **2.1. Weedduu**

Weedduun wallisa nama tokkoo ykn. Lamaa kan sagalee waljalaa qabuun diiraafi dhiira, dhiiraafi dubartii akkasumas dubartiifi dubartii ta’uudhaan waliin weeddisanidha. Maammoo B.( 2009)

Richard Bauman (1992, fu. 73) irratti maalummaa weedduu akkana jechuun ibsa “Song is a short poem or other set of words set to music or meant to be sung and a brief composition written or adapted for singing“ Kana jechuun weedduun walaloo gabaabaa ykn. tuuta jechootaa akkaataa muuziqaa uumuu danda’uun weeddifama jechuun ibsa. .Akka Gumii Qormaataa Afaan Oromoo (Jildii 6,1993, fu.119). irratti ibsametti, weedduun wallisa nama tokkoon yookaan nama lamaafi isaa ol kan sagalee waljalaa qabuun dhiiraafi dhiira, ykn dhiiraafi dubara, akkasumas, dubaraafi dubara ta’anii weeddisanidha. Yeroon raawwii isaas, yeroo adamoo, karaa yemmuu deeman, dhimma adda addaa yemmuu raawwatan kan weeddifamudha. Akka Gemechu (2003) jedhutti,

*Songs are one of the most way in which the Oromo express their traditions, customs, beliefs, rituals, sorrow, and joys. And songs are the means by which the society expresses its feelings and emotion, understanding about the past, react to the present situation, teaches the new generation and forward to the coming generation*  
Gemechu (2003, fu. 89).

Akka yaada Gammachuu kanatti, weedduun kan Oromoon dudhaa, safuu, amantii, ayyaanota garagaraa, gaddaafi gammachuusaa ittiin ibsatudha jedha. Akkuma kana weedduun kan hawaasichi miirasaafi dhageettii isaa ittiin ibsatu ta’ee, waan darbe ka’umsa godhachuudhaan waanta amma itti jiruuf deebii kan kennu akkasumas dhalootee haaraa barsiisuudhaan darbee

akka itti fufu gochuudha jedha. Afwalaloon goorowwan garagaraa kan of keessaa qabu ta'ee, goorowwan kanneen keessaa tokko weedduudha. Akka Finegan,(1976) jettutti, weedduu qabiyyee isaa irratti hundaa'uun bakka garagaraatti qooddi.Kunneen weedduu jaalalaa, weedduu gaa'ilaafi weedduu jibbaati. Akka Oring (1986).ibsetti,ammoo Weedduun walaloo gabaabaa ykn tuuta jechoota weeddifamanii, ijaarsa barreeffama ifaafi gabaabaa ta'een toora tooraan hiramuu fi yeedaloo ofkeessaa qabu jechuun ibsa. Akkasumas weedduu ammayyaas ta'e kan aadaa qabiyyee fi ergaa isaarratti hundaa'uun weedduu jaalalaa, weedduu cidhaa, kan loonii, weedduu amantiifi weedduu hojii akka ta'an ibsa.

Akka Okopeho, (1992, fu.133) irratti ibsetti, "the song is characterized by the highest degree of musicality (both vocal and instrumental and of other aspects of performance (eg. Audience participation)" jechuun ibsee jirra. Kana jechuun weedduun bakka qooda fudhattoonni argamanitti sochii qaamaatiin dabaalamee akkaataa sagalee muuziqaa of keessaa qabuun kan dhiyaatudha jechuu isaati.

## **2.2.Weedduu Aadaa Oromoo**

Hawaasni Oromoo bifa gara garaatiin yaadaafi miira keessoo isaa jiru ibsata. Karaa hawaasichi yaada isaa ittiin ibsatu keessaa inni tokko weedduudha. Weedduun aadaa dhimma weeddifamuuf irratti hundaa'ee bakka gara garaatti qoodama. Kanneen keessaa muraasa isaanii kanneen akka weedduu durbaa, weedduu jaalalaa, weedduu mararoo, weedduu fuudhaa heerummafi weedduu arrabsoo kkf.maqaa dhahuu dandeenya.

### **2.2.1.Weedduu Durbaa**

Weedduun durbaa kan durbi qofaa ishee weeddifutu osoo hintaane, dargaggeessa waliin ta'uudhaan kan weeddifamudha. Adeemsa waliin hirmaachuu kana keessatti shamarran gama isaaniitiin waan jedhanii weeddisan kan qaban yommuu ta'u dargaggeeyyiinis akkasuma.dabaree isaanii eeganii ittifufuun weeddisu. Weedduu kana keessatti qarreefi qeerroon nama jaallatan ittiin faarsu.Caalii (2011).Qarreefi qeerroon bakka halkan sirbi weedduu durbaa itti sirbamus haata'u, yoomessa kanaan alatti bakka garagaraatti weedduu durbaatti gargaaramanii jaalala waliif qaban ibsachaa, hawwii, fedhii, komee, ilaalcha, jibba waliif qabaniifi kkf kan ittiin calaqqisiisanidha.

Seefuun qorannoo isaa keessatti (Gammachuu,2003, fu.8-9) irratti yaada dhiyaate wabeeffachuun weedduu yommuu ibsu, weedduun wantoota aadaa hawaasa tokkoo calaqqisiisan keessaa isa tokkodha. Innis kan safara gabaabaa ofkeessatti hammatu ta'ee sirba garagaraa sirbuuf kan gargaarudha. Yaada kana deggeruudhaan Oring (1986) akkana jechuudhaan ibsa. Weedduun walaloo gabaabaa ykn. tuuta jechoota weeddifamanii, ijaarsa barreeffamaa gabaabaa ta'een toora tooraan hiramee, yeedaloo kan ofkeessaa qabu jechuudhaan ibsa. Kana malees Richard (1992) weedduu yoo ibsu, weedduun yaada adda adda ibsuuf qooda guddaa kan qabuufi cabsata sagaleetiin kan dhiyaatu ta'ee jaalala, komee, arrabsoo, mararoofti kkf kan ibsudha.

Dabalataan Oring (1986) akka ibsetti, weedduu ammayyaas ta'e kan aadaa qabiyyeefi ergaa isaarratti hundaa'uun weedduu jaalalaa, weedduu cidhaa, kan loonii, weedduu amantiifi weedduu hojii akka ta'an ibsa. Yaada Richard (1992) deggeruudhaan (Zarihun Asfaaw, 2002, fu. 46) irratti weedduu durbaa weedduu aadaa jalatti qoodee kaa'eera. Akka ibsa isaatti weedduun aadaa kan gareen hawaasa tokkoo gammachuu, gadda, hawwiifi fedhii isaanii ittiin ibsatan jechuudhaan ibsa. Darajjee F. (2019) waa'ee durbaa yoo ibsu, akkana jedha.

*Girls are taken care of and are cultured. They must be well trained, responsible and eloquent in norms and social values. They are informed about the values attached to virginity and the subsequent problems in marriage. Virginity is believed to boast marrying opportunity, love and trust between the couple and respect for the families.*

Yaadni waraabii kana keessatti ibsame, durbaaf kunuunsi akka taasifamuu qabuufi barumsi kennameefii namuusaan safuufi duudhaa hawaasichaa calaqqisiisanii akka guddachuu qaban ibsa. Akkasumas qarree biratti durbummaan gatii guddaa akka qabuufi dhibamuun durbummaa rakkoo akkamii fiduu akka danda'u hubachiisuun faayidaa akka qabu ibsa. Dabalataanis qarree biratti durbummaan kan ittiin boontuufi kaadhimaa isheetiif amanamtuu ta'uu ishee kan ittiin mirkaneessituufi kabaja maatii isheef qabdu ittiin ibsatu ta'uusaa ibsa. Waliigalatti qarree jechuun hawaasa keessatti durba kunuunsaafi kabaja qabdu, kan durbummaa ishee hingatiin jechuudha

### **.2.3. Qabiyyee**



Ogafaan kamuu qabiyyee mataasaa danda'e kan qabuufi, qabiyyeen isaa dhaamsa ogafaan sanaan darbu irratti xiyyeeffata. Qabiyyeen ogafaan garaagaraa keessa jiru ammoo garagarummaa qabaachuu mala. Sababiin isaa ogafaan hundi dhimma tokko qofaaf waan hinjedhamneef. Dhimma adda addaatiif hojiirra ooluun isaa ammoo qabiyyeefi ergaa walfakkaataa akka hinqabaatne isa taasisa. Kanaafuu sirbi weedduu durbaa qabiyyee adda addaa kan ofkeessaa qabuufi qabiyyee isaa irratti hundaa'ee ergaa garagaraa ofkeessaa qabaachuu isaa agarsiisa.

## **2.4.Unka**

Maalummaa unkaa ilaalchisee akka Kennedyfi Gioia (2001, fu. 213) ibsanitti "Form, as a general idea, is the design of a thing as a whole, the configuration of all its parts. No poem can escape having some kind of form, whether its lines are various in length as broomstraws, or all in hexameter" jedhu. Yaadni kun kan agarsiisu akka walii galaatti, unki haala dhiyeenyaa waan tokkoo akkaataa mul'annaa kutaalee isaa mara kan hammatudha. Gosti walaloo unkaan ala ta'e kan hin jirre yoo ta'u, dheerina bo'ootiin ykn tarkaanfii safaraan adda adda ta'uu danda'uu isaa ibsa.

Walumaagalatti unki, boca walii galaa wanta tokkoo yookiin kutaalee adda addaa qaama tokko uumaniidha. Kana malees, miidhagina walaloo, sirnaan tarreeffama haala baratamaa, dheerinaafi gabaabina bo'owwanii dabalatee kanneen fedhii namaa hawwachuuf humna qabeessa ta'anii bar-walaloo hololorraa adda baasaniidha. Akka Kennedyfi Gioia (2001, fu. 213fi fu.238) jedhanitti unki walaloo haala lamaan unka banaafi unka cufaan akka jiru ibsaniiru.

### **2.4.1.Unka Banaa**

Akka Kennedyfi Gioia jedhanitti, gosa unkaa walaloon ittiin dhiyaatu keessaa tokko unka banaadha. "Writing in open form, a poet seeks to discover a fresh and individual arrangement for words in every poem. Such a poem, generally speaking, has neither a rhyme scheme nor a basic meter informing the whole of it. Kennedyfi Gioia (2001, fu.238). Kanarraa kan hubatamu, walaloo unka banaadhaan barreessuun bifa bilisa ta'een kan namoonni dhuunfaan akka fedhanitti jechoota tarreessuun itti fayyadamanidha. Walumaagalatti, gosti

walaloo akkasii walunata sagalee yookiin safara murtaa'een kan daangeffamu miti Safara, toora, buufataafi walunannaa sagalee irratti hin xiyyeeffatu.

#### **2.4.2.Unka Cufaa**

Gosti unkaa inni lammataa unka cufaadha. Akka Kennedyfi Gioia (2001, fu.213) jedhanitti

*Writing in closed form, a poet follows (or finds) some sort of pattern, such as that a sonnet with its rhyme and its scheme fourteen lines of iambic pentameter. On a page, poems in closed form tend to look regular and symmetrical often falling in to stanzas that indicates groups of rhymes.*

Akkuma olitti ibsame, walaloo unka cufaadhaan barreessuun safara, walunata sagalee, tooraafi buufata beekamaa kan hordofudha. Faayidaan unka cufaa akka walaloon tokko bu'aa yookiin gatii qabaatu gochuudha. Kunis akka walalichi utuu hin irraanfataamin yeroo dheeraaf yaadatamu gochuu kan danada'udha.

Walaloowwan unka cufaadhaan barreeffaman ulaagaa hordofan qabu.Yaada kana cimsuuf Kennedyfi Gioia (2001, fu.213) irratti akkana jedhu, "Writing in a closed form, a poet follows or finds some sort of patterns that poems in a closed form tend to look regular and symmetrical, often falling in to stanzas that indicates groups of rhymes" jedhu. Kunis walaloo unka cufaadhaan barreessuuf walaloowwan ulaagaa unka cufaa keessatti sirna baratamaa gurmuu walunata sagalee irraa ijaaraman kanneen buufata uuman fayyadamuu agarsiisa. Bu'uuruma kanaan 'afwalaloo weedduu durbaa Godina Bunnoo Beddellee' walitti qabuun gosa unkaa inni ittiin mul'atuun adda baasuun xiinxaluu waan ta'eef unkaalee olii keessaa unka cufaa irratti fuulleffata.

Unki walaloo weedduu durbaa kanneen akka walunata sagaleewwanii, bo'oowwan, buufata, birsaga, itti fayyadama malleen dubbii, filannoo jechootaafi yaa'insa sagalee ofkeessatti haammata. Kunneenis afwalaloo weedduu durbaa keessatti xiyyeeffannoo itti kennuun xiinxalamu Buufatni afwalaloo Oromoo haaki caalaan walqixadha. Kan biroo unki walaloo weedduu durbaa amala weedduu agarsiisuun daddabala sagalee (retrain)fi walunata sagalee keessaa (internal rhyme) keessatti argama. Walaloon waloo dur durii kan akka weedduu

jaalalaa toora lamas sadiis haa ta’u malee, yeroo baay’ee toora afuri. Afuran keessaa toorri lamaan duraa unkummaa, sagalummaafi akka seensaatti dhiyaachuun miidhagina weeddichaa waan dabaluuuf jedhameeti (Asafaa,1997). Kanaafuu, unkawwan weedduu durbaa keessatti argaman akka armaan gaditti ibsamaniiru.

## **2.5.Walunata Sagaleewwanii**

Walunanni sagaleewwanii dhuma bo’oowwan walaloo irratti sagaloota gosa walfakaataa mul’atanidha. Sagaleewwan walfakkaatan kunneen baay’inaan sagalee dubbachiiftuuti. Darbee darbee sagalee dubbifamaan gosni tokko bo’oowwan walitti aanan keessatti bakka sagalee dubbachiiftuu dursanii waliin dhiyaatan nimul’ata. Haalli tarreeffama Sagaleewwan kunneenii, bakka baay’eetti sagaleewwan walfakkaatan walitti aananii kan tarreeffaman yommuu ta’u, akkuma kana bakka baay’eetti gargar fagaatanii argamu. Walaloon weedduu durbaas amala kana ofkeessaa qaba. (Fedhasaan, 2013, :fu.25) irratti akka ibsetti Sagaleen moggoo, walfakkeenya sagalee dhuma bo’oowwanii dubbachiiftuufi dubbifamaati. Yaada dhiyaate kanarraa wanti hubannu walalicha miidhagsuuf tarreeffamni sagaleewwan akkasii barbaachisaa ta’u isaa ibsa..

## **2.6.Bo’oowwan**

Bo’oon walitti ida’ama jechoota caasaa seera qabeessa ta’eeti. Bo’oowwan walaloo yeedaloo kan ofkeessaa qabaniifi yeroo baayyee ergaaa dabarsuuf bo’oowwan lamaafi isaa ol walitti dhufuu qabu. Kanaafuu toorri walaloo tokko bo’oo walaloo tokko yommuu ta’u, walitti ida’ama gaaleewwan adda addaati. Bo’oowwan afwalaloo weedduu durbaa keessatti argaman xumura bo’oowwan isaanii irratti walunata sagalee qabaachuutiin beekamu. Akka (Fedhesaa ,2013, fu.29) irratti, jechoonni yeroo walitti qinda’anii gaalee ijaaruun weeddifaman yaa’insi sagalee achi keessa jiru mijataa ta’uu qaba jechuun ibsa.

## **2.7.Buufata(Stanza)**

Buufatni qaama walaloo kan bo’oowwan irraa ijaarame ykn.kan cabsata tokkoon dhiyaatu jechuudha. Yaada kana deggeruun Baldick,(2001) Akkana jechuun ibsa. “Stanza is the unit of lines grouped which consisting of two lines that rhyme. Stanza is similar to aparagraph in prose” Akka ibsa kanaatti, buufanni gurmaa’insa toora walalootiin kan qindaa’u ta’ee, barreeffama holooloo(prose) keessatti keeyyataan kan bakka bu’u ta’uu isaa agarsiisa.

Kanaafuu afwalaloo keessatti buufata baay'ina bo'owwan isaa irratti hundoofnee buufata gabaabaafi dheeraa jecchuun adda baasnee kaa'uu dandeenya

## **2.8.Birsaga**

Birsaga jechuun qoqqoodama caasaa jechaa keessatti bakka birkiin hafuura keenyaa itti addaan citu yookiin qoqqoodama birkii sagalee jechuudha. Yaada kana (Geetaachoo, 2011, fu.39) irrattibirsaga akkana jechuudhaan ibsa “Birsaga jechuun caasaa sagalee dubbachiiftuu qofaadhaan ykn walitti qindaa'ina sagalee dubbifamaaafi dubbachiiftuudhaan kan ijaaramu” jechuun ibsa. Akka waraabbii kanaatti birsagni qoodama sagalee hafuura tokkoon dubbifamu jechuudha. Afwalaloo keessatti jechooni bo'owwan garagaraa keessatti argaman dhuunfaa isaaniitti baay'ina birsaga irraa ijaaraman qabu. Akkuma kana bo'owwan buufanni weedduu durbaa iraa ijaaraman qofa qofaa isaaniitti baay'in birsagaa irraa ijaaraman qabu. Dimshaashatti bo'owwan buufata weedduu durbaa keessa jiran baay'ina birsagaa walfakkaataa kanneen qaban akkuma jiran, kanneen baay'ina birsagaa walfakkaataa hinqabnes nijiru.

## **2.9.Safara (Meter)**

Waa'ee safaraa Biniam (2007, fu. 158) akkana jechuun ibsa. “Meter is the patern of stressed and unstressed syllables in lines of poetry establish apoem's meter” Akka inni ibsetti, safari ol ka'iinsaafi gad bu'iinsa sagalee dubbisa walaloo keessatti dhagahamu ta'ee, kunis birsagaan kan safaramu ta'uu isaa agarsiisa.

## **2.10.Sakatta'a Qorannoowwan Walfakkaatanii**

Kutaa kana keessatti qorannowwan adda addaa kanaan dura qorattoota adda addaatiin qorataman sakatta'uudhaan kanneen qorannoo kana waliin walitti dhiyaatan akka armaan gadiitti kaa'ameera.Qorannoon kun kan irratti xiyyeeffatu qabiyyee fi unka weedduu durbaa Godina Bunnoo Beddellee xiinxaluu irrattidha. Qorannoowwan aantee keessaa Seefuu (2008) mataduree ”Qaaccessa Weedduu Arrabsoo Fuudhaafi Heeruma Godina Shawaa Lixaa Aanaa Amboo” jedhurratti qorannoo gaggeesseen, weedduun arrabsoo fuudhaafi heerumaa sabni Oromoo baroota hedduuf kan itti jiraataa tureefi oodaafi safuu sabichaa kan bu'uureffate waan ta'eef, weedduu arrabsoo fuudhaafi heerumaa funaanuufi qaaccessuudhaan dhalootee boriif ol kaa'uun barbaachisaa ta'uusaa ibsa.

Kaayyoon qorannoo isaa weedduu arrabsoo fuudhaafi heerumaa xiinxaluu ta'ee, maddi ragaa qorannoo isaatiif odeeffannoon irraa funaaname madda ragaa tokkoffaa yemmuu ta'u, isaaniis, hawwan, maanguddootaafi ogeessa waajjira aadaafi tuuriizimii waa'ee weedduu kanaa gadifageenyaan beekanidha. Odeeffannoo odeeffkennitootarraa meeshaa funaansa ragaa afgaaffii, daawwannaafi marii gareetti dhimma bahe. Malli qorannoo inni itti gargaarame mala qorannoo akkamtaati.

Qorannoo koo keessattis meeshaalee funaansa ragaa walfakkaatan kanneen akka afgaaffii, marii gareefi daawwannaa kan hojiirra oolan yommuu ta'u, mala iddatteessuu keessaa ammoo iddattoo kaayyeffataa (purposive sumpling)fi mala iddatteessuu iyyaafannoo (snoball samling)tti fayyadamuudhaan kan gaggeeffame ta'uu isaati.

Garaagarummaan qorannoo aantee kanaafi qorannoo koo gidduu jiru ammoo garaagarummaa yoomessaati. Kana jechuun yoomessa daangeffame hinqabu. Weedduun durbaa Godina Bunnoo Beddellee garuu bal'inaan waqtii birraa raawwatama. Sababni isaa yeroon kun gama hundaan mijataa waan ta'eef. Sababa kana ta'eef weedduun durbaa yoomessa daangahe keessatti raawwatama jechuu dandeenya. Haata'u malee yeroo garabiroo sadarkaa nama dhuunfaatti hinweeddifamu jechuu miti. Kana waan ta'eef weedduu durbaa kan adda isa taasisu wagga waggaatti waqtii ji'a birraa bifa idilee ta'een raawwatamuu isaati.

Maammoon (2009) mataduree "Qaaccessa Qabiyyeefi Unka Weedduu Arrabsoo Durba Sirna Naqatanii Fuudhuu Godina Wallagga Lixaa Aanaa Haaru" jedhu keessatti, qabiyyeen weedduu arrabsoo waan hawaasicha keessa jiru kan ibsuufi falaasama hawaasichaa akka calaqqisiisu danda'u ibsa. Kana malees mootummoonni darban aadaa ummata Oromoof dantaa dhabuurraan kan ka'e wantoota garagaraa sababeeffachuudhaan aadaan ummatichaa akka aadaa boodatti hafaatti akka fudhatamu bifa adda addaatiin akka hawaasa hubachiisaa ture ibsa. Inni sadaffaan ammoo amantiifi aadaa gargar baasanii addatti ilaaluu dhabuudha. Kun ammoo sababa amantiitiin aadaan saba Oromoo akka dagatamaa deemu karaa saaqe jechuun ibse.

Qabxiileen qorataan kun kaase, mataduree qorannoo kana waliin kan waldeggeru waan ta'eef, qorannoo kana keessatti akka yaada deggersaatti kan ilaalamu ta'a.. Garaagarummaan mataduree "Qaaccessa Qabiyeefi Unka Weedduu Arrabsoo Durbaa Sirna Naqatanii Fuudhuu Godina Wallagga Lixaa Aanaa Haaruu" jedhuufi mata duree "Xiinxala Qabiyeefi unka Weedduu durbaa Godina Bunnoo Beddellee" jedhu didduu jiru, garagarummaa yoomessaati. Kana jechuun weedduun arrabsoo durbaa yeroo fuudhaafi heerumaa malee yeroo garabiroo bal'inaan waan hinbeekamne yookiin hinweeddifamneef. Weedduun durbaa Godina Bunnoo Beddellee garuu gosaafi qabiyyee mataasaa danda'e qaba. Weedduun arrabsoo sirna naqatanii fuudhuu garuu gosaan adda bahee hinbeekamu.

Olyaad (2010) qorannoo mataduree "Xiinxala Qabiyyee Weedduu Jaalalaa: Godina Wallaggaa Bahaa Aanaa Gudayyaa Biilaa Irratti Kan Xiyyeeffate" jedhurratti gaggeessee jira, Akka qorannoo isaatti, yoomessi weedduu jaalalaa kan hindaangeffamne ta'uu isaati. Haata'u malee yoomessi weedduu durbaa Godina Bunnoo Beddellee yoomessa murtaa'aa qaba. Kana jechuun weedduuwwan kanneen garabiroo irraa bifa adda ta'een waqtii birraa bal'inaan kan raawwatamu waan ta'eef.

## **2.11.Yaadiddama Qorannichaa**

Mtaduree qorannoo kanaaf nimijatu jedhamanii kanneen yaadaman yaadiddamoonni lama dhiyaataniiru: Isaanis yaadiddama galumsaafi yaadiddama tajaajilaati. (Contextual & Functional Theory)

### **2.11.1.Yaadiddama Bifiyyee**

Ka'umsa yaadiddama bifiyyee ilaalchisee akka Bartens (2001, fu.32) "Formalist began to translated in to English in the 1950s and 1960s that the English speaking would began to notice of their wholly different approach of literary art" Akka waraabbii kanaatti hundeeffamuu yaadiddama bifiyyee booda gara afaan Ingiliziitti hiikuun dubbattoonni afaan Ingilizii hojiilee ogbarruu gara garaa qeequuf kan itti fayyadamaa turuu isaanii agarsiisa.

Akka Cater (2006, fu.31-32) jedhutti xiyyeeffannaan yaadiddama bifiyyee waa'ee maalii irratti akka ta'e bifa kanaan ibsa.

"As the name suggests formalism was more interested in analysis of form, the structure of the text and its use of language than the content. Formalists wanted to establish scientific basis for

the study of literature” Akka ibsa kanaatti bifiyyeessitoonni qabiyyee caalaa unka, caasaafi itti fayyadama afaanii irratti kan xiyyeeffatan ta’uu isaaniiti.

N. Krishnaswany et. Al yaada kana cimsuudhaan, bifiyyeessitoonni qorannoo isaanii keessatti qabiyyee caalaa bifa barruu kalaqaa irratti xiyyeeffatu. Bifni barruu kalaqaa haala dubbii irraa kaasee hanga caasluga afaanii hojii kalaqaa sana uumeetti ilaaluu barbaachisa. Kanaaf, bifiyyeessitoonni yeroo ogbarruu qeeqan, barruu kalaqaa sanaafi haala naannoo hojiin sun keessatti raawwate irratti xiyyeeffatu. Kana waan ta’eef bifiyyeessummaan bal’inaan kan guddate hojii kalaqaa kamillee haala naannoo isaa marsee jiruun walqabatee bifa (form) barruun sun itti barreeffame hiikuudhaani.(N.Krishnaswany et. Al, 2004)

Kana waan ta’eef, qorannoo kana keessatti yaadiddama bifiyyee fayyadamuudhaan unki weedduu durbaa godinicha keessatti argamu xiinxalameera.

### **2.11.2.Yaadiddama Tajaajilaa**

Yaadiddamni lammataa qorannoo kanaaf nimijata jedhame, yaadiddama tajaajilaati. Yaadiddama tajaajilaa ilaalchisee (Dorsan, 1972) akka ibsetti, xiyyeeffannoon yaadiddama kanaa, gooroowwan og-afaanii hawaasa tokko keessatti ykn garee hawaasa tokko keessatti hawaasichaaf yookiin garee sanaaf faayidaa kennanidha. Yaada kana cimsuudhaan Fileen (Bauman,2005) wabeeffachuudhaan yommuu ibsu, yaadiddamni tajaajilaa hirmaannaa hawaasaafi fedhii hawaasichi sochii aadaa isaaf qabuufi faayidaa aadaan uummata tokkoo uummatichaa qabu ittiin qorachuuf gahee olaanaa qaba jechuudhaan ibsa. Dabalataanis yaadiddamni tajaajilaa gahee dubbiin qolaa, makmaaksi, geararsi, geelloon, weedduun, eebbi, abaarsi kkf. keessoo hawaasichaa ibsuu keessatti qabu adda baasanii qorachuu keessatti filatamaa akka ta’e ibsa.. Kana waan ta’eef qorannoo kana keessatti yaadiddamoonni armaan olii lamman hojii irra oolaniiru.

## **BOQONNAA SADI: MALLEEN QORANNICHAA**

Malli qorannoo kanaa dhimmoota garagaraa qorannichi hordofuun gaggeeffamu ofkeessatti hammateera. Isaanis: saxaxa qorannichaa, irraawwatamtoota, mala iddattoofi iddatteessuu, meeshaalee ragaa walitti qabuu, mala ragaa qaaccessuufi namuusa qorannooti.

### **3.1.Saxaxa Qorannichaa**

Qorannoon kun qorannoo akkamtaatti gargaaramuun gaggeeffame. Sababiinsaa malleen funaansa ragaa qorannoo kana keessatti dhimmi itti bahame qorannoo akkamtaa irratti hundaa'ee waan hojii irraa ooleef. Waan kana ta'eef, odeeffannoon funaaname lakkoofsaan osoo hintaane jecha qofaan ibsi itti kennamee waan xiinxalameef.

Bu'uuruma kanaan odeeffannoo gadi fagoofi ibsa bal'aa qabu haala qabatamaa hawaasa irraa mul'atuun walitti qabuuf mala akkamtaa gargaaramuu ilaalchisee. Creswell (2012,fu.548) yaada isaa yoo ibsu akkas jedha: “ Quantitative provides the opportunity to gather data from a large number of people and generalize results, whereas qualitative permits an in-depth exploration of a few individuals,” (fu.548). Kanaaf, qorannoo kana keessatti qorannoo akkamtaa filachuun dhimma itti bahuun kan barbaachiseefi.

Kana waan ta'eef, saxaxni qorannoo filatame saxaxa qorannoo ibsaati. Sababni isaa dhugaa qabatamaa aadaa hawaasaafi afwalaloo hawaasichaa keessatti argamu haala qabatamaa ta'een xiinxala qorataan taasisu dabalatee ragaa funaanamutti ibsa kennuun dhiyeessuun amala saxaxa qorannoo ibsaa waan ta'eef.

### **. 3.2.Iddattoofi Mala Iddatteessuu**

Qorannoo kana keessati odeeffannoo qaama hawaasa garagaraa irraa walitti qabachuuf iddattoofi mala iddatteessuu garagaraatti dhimma bahuun barbaachisaadha.

Innis tooftaalee garagaraatiin qaamolee hawaasa garagaraa keessaa odeef-kennitoota filachuun akka madda odeeffannootti dhimmi itti bahameera.Namoonni hawaasa keessaa filataman,namoota waa'ee aadaa hawaasichaa muuxannoo gahaa qaban keessaa dhiiraafi dhalaa filachuudhaan gaggeeffame. Kana waan ta'eef, mala iddattoo keessaa iddattoo mit-



carraa ta'ee, mala iddatteessuu kaayyeffataa (purposive sampling)fi mala iddatteessuu iyyaafannoo (Snowball Sampling) fayyadamuudhaan ragaan kan walitti qabame ta'uu isaati

Mala iddatteessuu kaayyeffataatti fayyadamuun kan barbaachiseef, namoota ragaa sirrii naaf kennuu danda'u jedhee itti amane qofa waanan filadheefi Akkasumas mala iddatteessuu iyyaafannootti fayyadamuun kan barbaachiseef namoota hawaasicha keessaa waa'ee aadaafi weedduu durbaa beekan iyyaafachuun qaamaan biratti argamee akka madda odeeffannootti itti fayyadamuun barbaachisaa waan ta'eef.

Haaluma kanaan hawaasa keessaa akka iddattootti filatamanii afgaaffiin kan dhiyaateef maanguddoo shan (5), haadholii keessaa shan (5), shamarran keessaa afur(4), dargaggeeyyii keessaa nama afur(4) kanneen waa'ee weedduu durbaa gad fageenyaan beekan filachuudhaan dhiira kudhaniifi dhalaa sagal waliigala namoota kudha saddeet irraa ragaan funaanameera.

Dabalataanis iddattoota keessaa marii garee xiyyeeffataatiif namoonni filataman nijiru. Namoonni kunneen gandoota filataman keessaa yommuu ta'u, dhiira nama afur(4)fi dhalaa nama sadii(3) waliigala namoonni torba(7) filatamanniiru. Namoota kanneeniif gaaffiin afgaaffiitiif mijatu qophaahee erga dhiyaatee booda yaada bal'aa ta'e kaasanii irratti mariyataniiru.

### **3.3.Meeshaalee Funaansa Ragaa**

Qorataan qorannoo gaggeessu tokko ragaa qorannoo koof na fayyada jedhee itti amanu funaannachuun dirqama ta'a. Qorannoon kun qorannoo akkamtaa waan ta'eef, meeshaaleen qorannichaaf ragaan ittiin walitti qabame kanneen mala qorannoo akkamtaaf mijatoo tanidha. Sababni isaas ragaan walitti qabame lakkoofsaan osoo hintaane jechaan waan ibsamee qaaccessamuuf. Kanaafuu, malleen funaansa ragaa qorannoo kanaaf nita'u jedhaman keessaa kan akka afgaaffii caaseffamaa (structured interview), marii gareefi daawwanaa hojiirra oolaniiru. Yaada kana cimsuun (Zoltan.D. 2007, fu. 19) akkana jechuun ibsa, “ Qualitative research involves data collecting procedures that result primarily in open- ended non-numerical data which is analyzed primarily by non-statistical methods” Akka yaada nama kanaatti, qorannoon akkamtaa adeemsa odeeffannoo walitti qabu keessatti afgaaffii banaatti fayyadamuufi ragaan jecha qofaan kan qaaccessamu ta'uu isaa ibseera.

## **A.Afgaaffii**

Meeshaalee funaansa ragaatiif kanneen hojii irra oolan keessaa inni tokko afgaaffiidha. Sababni afgaaffiin filatammef, odeeffannoon akka madda ragaatti marii garee xiyyeeffataafi daawwannaa irraa argamuu hindandeenye afgaaffiitti gargaaramuun bira gahuun waan salphatuuf. Inni garabiroon ammoo odeeffannoo kallattii tokko qofaan barbaaduun ragaa quubsaa ta'e argachuu irratti hanqina uumuu danda'a waan ta'eef. Kana qofa osoo hintaane afgaaffiin kan barbaachiseef saxaxni qorannoo kanaa qorannoo akkamtaa waan ta'eef, akkasumas ragaalee afgaaffiin walitti qabame qaaccessuu keessatti ibsi jechaan waan itti kennamuuf afgaaffiitti fayyadamuun filatamaa ta'a.

Bu'uuruma kanaan, afgaaffiin qorannoo kanaaf ta'u namoota aanaalee lama keessaa waa'ee aadaa Oromoo beekumsa gahaa qaban mala kaayyeffataa (purposive sampling)fi mala iyyaafannoo (snowball sampling)tti gargaaramuun odeeffannoon walitti qabameera. Sababni godinicha keessaa aanaalee lama qofa filachuun barbaachiseef, aanaaleen kunneen aanaalee gara biroo godinicha keessatti argaman bakka bu'uu danda'u jedhamee waan itti amanameef

Afgaaffiin gaggeeffame afgaaffii caaseffamaa yoo ta'u, qorataan kaayyoo qorannichaa irratti hundaa'uun, gaaffilee ijoo ta'an qopheessuun odeef-kennitoonni tokko-tokkoon kan gaafataman ta'uu isaati Sababiin afgaaffiin caaseffamaa filatameef odeefkennitoonni daangaa tokko malee yaada isaanii akka ibsaniif. Kanaafuu, afgaaffii aaseffamaa keessaa gaaffii banaa qopheessuun odeefkennitootaaf kan dhiyaate ta'uu isaati.

Haaluma kanaan afgaaffii caaseffamaa banaa ta'an shan qopheessuun maanguddoota afur haadholii jaha, shamarran afur fi dargaggeeyyii afur waliigala namoota kudha saddeet akka iddattootti filatamaniif kan dhiyaate yommuu ta'u, namoonni afgaaffiin dhiyaateef jiraattota ganda lamman keessaa filataman bifa gareefi dhuunfaatiin qooduun gosa weedduu durbaa naannoo isaanii, haala raawwiifi yoomessa weedduu durbaafi maalummaa weedduu durbaa gaafachuun odeeffannoon barbaadame walitti qabameera.

## **B Daawwannaa**

Daawwannaan qorannoo odeeffannoo bifa afgaaffiitiin walitti qabuuf hinmijanne daawwachuun walitti qabuuf tajaajila, Bu'uuruma kanaan, qorannoo kanaaf odeeffannoo jechaan qofa walitti qabuuf hindanda'amne walitti qabachuuf qorataan daawwannaatti gargaarame. Seligeriifi Shohamy (1989) akka ibsanitti: "*The main use of observation is to examine a phenomena or a behavior while it is going on,*" (fu.55). Kanaaf, daawwannaan haala qabatamaan jiru keessatti argamuun qorannoo tokkoof odeeffannoo walitti qabuuf meeshaa gaariyakka ta'etti ibsa. Kanaafuu, daawwannaan taasifame wayita weedduun durbaa sagaleefi sochii qaamaatiin deggeramee raawwatamu daawwachuufi suur-sagalee isaa waraabuudhaan kan gaggeeffame ta'uu isaati. Innis qorannoo kana keessatti adeemsa raawwii weedduu durbaa giddu galeessa godhateeti. Adeemsi raawwii isaa ammoo weedduun durbaa jalqabaa eegalee hanga dhuma isaatti maal keessa darbee akka raawwatu kan agarsiisudha.

Daawwannaan yoomessa weedduu durbaa ammoo yoomessa uummamaa (natural setting) keessatti osoo hintaane yoomessa fakkeessaa (artificial setting) uumuutiin kan raawwate ta'uu isaati. Sababiin isaa weedduun durbaa waan dagatamaa dhufeef namoota gandoota filataman keessaa waa'ee weedduu durba beekan iyyaafatameeti. Daawwannaa kana keessatti wantoonni jalqaba daawwannaa irraa eegalanii hanga xumura daawwannichaatti taasifaman hedduun nijiru. Innis haaldurewwan barbaachisoo ta'an mijeessuun, bifa weedduu durbaa jalqabaa hanga xumuraatti haala qabatamaa ta'een ibsuu danda'uun raawwachuun hojii ijoo daawwannichaati.

Daawwannaan taasifame bakka dargaggeessiifi dargaggeettiin aanaalee lamman keessaa filataman jiranitti ykn. bakka tokkotti yommuu ta'u, meeshaalee weedduu durbaatiif barbaachisan mara erga guuttatanii booda weedduu durbaafi adeemsa raawwii weedduu durbaa keessa jiru hunda agarsiisuudhaan raawwatame. Raawwiifi adeemsa raawwii yeroo kanatti taasifame hunda tartiiba isaa eeguudhaan suursagaleen isaa waraabamee akka madda odeeffannootti hojiirra ooleera.

### **C. Marii Garee Xiyyeeffataa**

Mariin garee mamoota kallattii mataduree qorannichaatiin muuxannoo qabu jedhaman qaamaan biratti argamuun gaaffiin qorannoo dhiyaateefii odeeffannoo akka kennan taasisuudha. (Tayie, 2005, fu.94) irratti, marii gareetiin odeeffannoo funaanuu keessatti baayyinni miseensa garee tokkoo namoota jahaa hanga kudhalamaa kan hincaalle ta'uu isaa ibsa. Haaluma kanaan, gaaffilee qorannoo kanaaf barbaachisan akka marii gareef mijatutti qopheessuun namoota akka iddattootti filataman keessaa namoota 7(torba) filachuun dhiira sadi'iifi shamarran afur garee tokkotti qooduun raawwatame.

Sababiin marii gareetti fayyadamuun barbaachiseef miseensonni marii garee keessatti hammataman yaada mormiis ta'e yaada deggersaa waliif kaasanii walamansiisuun odeeffannoo qabatamaa ta'e gaaffilee qorannoo isaaniif dhiyaate irratti hundaa'anii akka odeeffannoo kennaniif yaadameeti. Marii garee kana keessatti gaaffileen yoomessa weedduun durbaafi adeemsi raawwii isaa kan deebii argatan ta'a.

Bu'uuruma kanaan gaaffileen qorannoo kanaaf barbaachisan akka marii gareef mijatutti qopheessuun namoota iddatteeffaman keessaa namoota torba filachuun dhiira afuriifi dhalaa sadii garee tokkotti qooduun raawwatame.

#### **3.4. Tooftaalee Qaaccessa Ragaa Qorannichaa**

Qorannoon kun qorannoo akkamtaa waan ta'eef, malli ragaa qaaccessuu qorannichaas mala qaaccessa ragaa ibsaa (descriptive) akkamtaati. Kanuma irratti hundaa'uun, ragaaleen meeshaa afgaaffii, daawwannaafi marii gareetti gargaaramuun walitti qabaman keessaa tartiibaafi kaayyoo qorannichaa irratti hundaa'uun kanneen walitti dhufeenya qaban bakka tokkotti walitti fiduudhaan mala qaaccessa ragaa ibsaatti gargaaramuudhaan qaaceffamaniiru. Sababni isaas ragaaleen iddattoota irraa walitti qabaman lakkoofsaan osoo hintaane jechaan ibsi itti kennamee waan qaaccessamuufidha

Qorannoo kana keessatti, ragaalee qaaccessuufi hiikuun yaadiddamoota lamman mataduree qorannoo kanaaf filataman irratti hundaa'uun hojiirra kan ooledha. Haaluma kanaan, xiinxalli weedduu durbaa kun yaadiddamoota bifiyyee fi tajaajilaa (Formalism & Functional Theory)

bu'uura godhachuudhaan qaacceffame. Sababiin isaa yaadiddamni bifiyyee qabiyyee caalaa unka, caasaafi itti fayyadama afaanii irratti kan xiyyeeffatu waan ta'eef. Bifuma walfakkaatuun yaadiddama tajaajilaatti fayyadamuun kan barbaachiseef, tajaajila afoolli garee hawaasa tokkoof kennu ka'umsa godhachuudhaani.

### **3.5.Naamusa Qorannichaa**

Namuusa qorannoo keessatti gaaffileen haala ifa ta'eefi akkaataa salphaatti hubatamuu danda'uun qulqullinaan qophaa'u. Odeef- kennitoonni odeeffannoo dhugaa ta'e akka kennaniif kabajaan atooma gaafatamu; atooma gochuuf jiraniifis dursanii galateeffatamu. Akkasumas, odeef-kennitoonni dhiibbaa qorataarraa bilisa ta'anii yaada isaanii kennuu akka danda'an jajjabeeffamu..

Afgaaffii, daawwannaafi marii garee taasifamu keessatti, odeef-kennitoonni kabajaan fedhii isaanii gaafatamuun haffeeramu. Odeeffannoo kennuuf eeyyamuu isaaniitiifis dursanii galateeffatamu. Erga afgaaffiin taasifamee boodas odeeffannuuf akkasumas yeroo isaanii gumaachuu isaaniitiif nigalateeffatamu. Odeeffannoon malleen adda addaatiin walitti qabamus akkuma jirutti kabajamuun qaacceffama. Gama yaada beektotaa wabeeffachuutiinis naamusni qorannoo kana nikabajama. Qorannoon kun yaada namootaan kan deeggarama waan ta'eef, adeemsa wabeeffachuu keessatti yaada kallaattin waraabuus ta'u, yaada fudhachuun ibsuunis madda eeruudhaan kabajaan fudhatama. Innis, barreeffama keessattis ta'u, fuula wabii irratti ofeeggannoodhaan hojiirra oola

## **BOQONNAA AFUR:XIINXALA RAGAALEE**

### **4.1.Maalummaafi Adeemsa Raawwii Weedduu Durbaa**

Kaayyoon ijoo qorannoo kanaa qabiyyeewwaniifi unka weedduu durbaa Godina Bunnoo Beddellee ta'ullee, ibsi waliigalaa gooroo afwalaloo weedduu durbaa godinichaa galumsa hawaasummaa keessatti maal akka fakkaatu ibsuun barbaachisaadha. Kanaafuu, keeyyata muraasa armaan gadii keessatti ragaalee bakka qorannoo irraa argame irratti hundaa'uun ibsi maalummaafi raawwii weedduu durbaa dhiyaateera.

Maalummaa gooroo weedduu durbaa ilaalchisee odeeffannoon irraa odeeffannoon argame akka ibsutti, Weedduun durbaa Godina Bunnoo Beddellee waqtii birraa halkan ji'aan dirree sirba weedduu durbaatti bahamee weeddifama. Sababiin yeroon kun filatameef, waqtiin kun yeroo birraan bari'ee bokkaan hinjirree, waqtii asheetni itti bilchaatuufi yeroo boqonnaa waan ta'eef, Waqtiilee kaneen biro caalaa filatamaa ta'a, Weedduu durbaa jedhamee haawaamamu malee, shamarran qofaa isaanii dhaabatani kan weeddisan yookiin afwalaloon isaa kan shamarranii qofa osoo hintaane dargaggeeyyiin qooda guddaa keessaa qabu. Sababiin weedduu durbaa jedhamee moggaafames dhimmichi dhimma dargaggeeyyii osoo hintaane dhimma shamarranii waan ta'eef. Kana jechuun dirree weedduu durbaatti bahanii sirba weedduu durbaa kan dhaaban shamarran waan ta'aniif. Dargaggeeyyiin erga sagalee dibbee, sagalee faaggaafi sagalee shamarranii alaalatti dhagahani booda ollaadhaa walwaamanii gara sirba weedduu durbaa deemu.

Gooroo weedduu durbaa Godina Bunnoo Beddellee keessa gosa sadiitu jira: hirreewwee, haahiyyeefi isgeewuyyaa jedhamuun beekamu. Sirba weedduu durbaa keessatti hirreewween dargaggeeyyiin shamarran irraa gara duubaatti achi irraa siquudhaan deebi'anii ammoo gara fuulduraatti siqanii shamarranitti kan sirbamudha. Haahiyyeen akkuma hirreewweefi isgeewuyyaa sirba mormaa dargaggeeyyiidhaan durbatti sirbamudha. Inni kun achi irraa siquufi itti deebi'uun kan sirbamu miti. Dargaggeessiifi durbi bakkuma dhaabatani jiranitti walitti sirbu. Isgeewuyyaan bifuma walfakkaatuun akkaataa itti sirbamu kan mataasaa danda'e qaba. Innis asii oli dargaggeeyyiin morma dargaggeettii jala seenanii morma raasanii itti sirbu; dargaggeettiinis gama isheetiin akkasuma.

Adeemsa raawwii weedduun durbaa beekamaa ta'e tokko keessatti baay'inni dargaggeessaafi dargaggeettii toora hiriirani jiran keessatti nama kudhalama caaluu hinqabu. Yoo nama kudha lama caale bakka lamatti addaan caba jechuudha. Yoo akka carraa ta'ee baay'inni shamarranii kan dargaggeeyyiitiin gadi ta'e, dargaggeeyyiin toora lamaan hiriiru. Shamarran ammoo giddu-lamman gargaggeeyyii kanneenii tarree galanii hiriiru. Saniin booda dabaree dabareedhaan gara fuulduraafi gara booddeetti fuula naanneffatanii dargaggeeyyii kanneenitti sirbu jechuudha. Yoo akka tasaa ta'ee shamarran dafanii gara isaaniitti fuula deebifachuudhaa baatan dargaggeeyyiin akkana jedhu. 'Galagalchoo Deeggaa galagaltoo beektaa' jedhanii itti weeddisu. Yoo shamarran fedhii dargaggeeyyii kanneenii hineegne yookiin gara gartuu tokkoo qofatti garagalanii yeroo dheeraaf sirban ta'e dargaggeeyyii gidduutti loltaa uuma jechuudha

Sirba weedduu durbaa keessatti dargaggeessi tokko jaalallee filannoo isaa taate tokko erga addaan fo'atee boodaa jalqabaa eegalee hanga xumura sirbichaatti itti sirbuu danda'a. Garuu akka carraa ta'ee gidduutti dadhabbiin kan itti dhagahamu yoo ta'e, sirba addaan kutee yeroo muraasaaf boqochuu danda'a. Yeroo kana dargaggeessi garabiroon mucayyoo kanatti sirbuu danda'a. Kana jechuun sagaleedhaan kan itti weeddisee sirbu osoo hintaane, akkasumaan callisee sochii qaamaatiin mucayyoo soosisaa fuuldura ishee dhaabatee maggala jechuudha. Sagaleedhaan weeddisee akka itti sirbu hineeyyemamuuf. Sababiin isaa mucayyoon sun kan gurbaa isa jalqaba itti sirbaa turee waan taateef. Kanaafuu, dargaggeessi michuu isaatti sirbaa jiru, yoo sirba addaan kutee boqonnaa fudhatu dargaggeessi biroon michuu isaatti kan sirbu yoo ta'e cabsata jedhamee waamama. (Obbo Kadir Dhaabaa 2013)

#### **4.2. Adeemsa Raawwii Weedduu Durbaa**

Akka Finnegan, (1970, fu.2) irratti ibsitetti, "Oral literature is by definition dependant on a performer who formulates it in words in a specific occasion. There is no other way in which it can be realized as a literary product," Akka waraabbii kanaatti afoolli tokko dhugoomuu kan danda'u raawwii isaatiin. Kana jechuun hojiin afoolaa dubbiin dhugoomuu isaafi kan hawaasni yoomessa ta'e tokko keessatti dhimma ta'eef dubbii afaaniin itti fayyadamudha.

Sirbi weedduu durbaa jalqabarra shamarraniin eegalama. Shamarran ji'a goobanaatiin ollaadhaa walwaamanii dirree beekamaa ta'etti bobbahani dibbee isaanii rukkuudhaan weedduu eegalu. Saniin booda dargaggeeyyiin sagalee dibbeefi faaggaa dhagahuudhaan

shamarran ollaa isaanii jiran dabalatanii gara sirba weedduu durbaa deemu. Yeroo deemanis, yeroo galanis walumaani. Waltiksanii osoo hamaatti dabarsanii walhinkenniin gammachuun gara qe'ee isaaniitti deebi'u.

#### **4.2.1.Yoomessa Raawwii Weedduu Durbaa**

Weedduun durbaa yeroofi bakka garagaraatti weeddifama. Innis waqtii birraa yeroo sirbi weedduu durbaa halkan sirbamu, yeroo loon tiksan, yeroo midhaan eegan, yeroo midhaan daakanfi yeroo midhaan haraman kan weeddifamudha. Haata'u malee, yoomessa raawwii weedduu durbaa kana keessatti weedduun weeddifamu waan walfakkaatuuf qofaatti adda bahee kun kan waqtii birraa weeddifamu, kun kan yeroo midhaan haraman weeddifamu, kun kan yeroo midhaan daakan weeddifama, kuun ammoo yeroo loon tiksan weeddifama jedhamee waanti qoqqoodamee taa'e hinjiru. (Obbo Kadir Dhaabaa).

Kana waan ta'eef, fakkeenyi afwalaloo weedduu durbaa yoomessa raawwii weedduu durbaa armaan gadiitiif qofa qofaatti dhiyaate hinjiru. Isuma waqtii birraa weeddifamutu bakka kanatti hojii irra oola waan ta'eef.

#### **A.Waqtii Birraa**

Sirbi weedduu durbaa irra guddaa waqtii birraa sirbama. Sababiin isaa yeroon kun yeroo hojiin ganna keessa hojjetamu itti xumuramu waan ta'eef, yeroon kun yeroo kamiyyuu caalaa dargaggeessaafi dargaggeettiif yeroo boqonnaa isaaniiti. Dabalataanis ji'a birraa keessa boqqolloon bilchaatee asheetni waan gahuuf qarreefi qeerroon yeroo itti asheeta boqqolloo sooratani luqqeettuufi gatiittii baasanidha. Kana qofa osoo hintaane bokkaan caamee ji'i haala gaariin waan ifuuf dukkanni hinjiru. Isa yeroo birraa kanatti dargaggeessiifi dargaggeettiin bakka tokkotti waliin qooda fudhatuMadda: (B/saa Takkaa Guutaa, Bitootessa, 13/ 07/2012)

#### **B.Yeroo Loon Tiksan**

Hawaasni Oromoo hojii qonnaafi horii horsiisee ittiin jiraata. Looniifis kabaja guddaa qaba. Ijoolleen Oromoo akkuma umuriin isaanii horii tikaaf gahetti loon tiksuu eegalu. Achumaan gara dargaggummaatti ol guddatu; weedduu jaalalaa hangafoota isaanii jalatti baratu. Kanaafuu dargaggeessi umurii dargaggummaa keessa jiru wayitii loon tiksutti callisee afaan qabatee loon bira hindhaabatu. Wayita garaan isaa waakajeelu siiksuudhaan eegala. Siiksuutti



aansee weedduu jaalalaa weeddisuu eegala. Yommuu weedduu kana weeddisu tarii mucayyoo laga gamatti arguu danda'a, yookiin ammoo fuullee mana mucayyootti loon bobbaasee tiksa ta'a, yookiin ammoo yeroo isheen uuroo bishaanii dugdatti baattee bishaan waraabuu laga buutu, funyoo mudhiitti marattee qoraan cabsuu laga buutu fuulleetti arguu danda'a. Haalotni kunneen hundi akka dargaggeessi dargaggeettii ijaan argee weedduu jaalalaatiin qalbii mucayyoo ofitti hawwatu kanneen taasisanidha. Loonis bal'inaan kan tiksan dhiirota waan ta'aniif yeroo baay'ee dhiirotaan kan raawwatamudha. Walumaagalatti dargaggeessi qofummaa isaa ittiin dagachuuf yookiin ammoo qalbii mucayyoo ittiin booji'uuf kan weeddisu ta'uu isaati.

Madda: (B/saa Takkaa Guutaa)

### **C.Yeroo Midhaan Eegan**

Midhaan bineensaan akka hinhubamne eegumsa jabaa barbaada. Fakkeenyaaf kanneen akka booyyeefi karkarroo, jaldeessaafi qamalee, dhaddee kkf. midhaan qonnaan bultootaa irratti miidhaa geessisanidha. Kanaafuu dargaggeessi manarraa fagaatee eegumsaaf godoo bultii gahe, halkan godoo isaa keessa ciisee sagalee isaa isa akka ulullee sanaan weedduu jaalalaa weeddisa. Kaan ammoo guyyaa saqalaa gubbaa taa'ee midhaan fuulleetti ilaalaa sagalee isaa isa akka kiilolee sanatti fayyadamee weedduu durbaa weeddisa. Ittiin shamarran laga gama dhaabataniis gurra qeensanii dhaggeeffatan garaa raasa. Midhaan eeguu irrattis yeroo baay'ee qooda kan fudhatan dhiirota waan ta'aniif weedduu kana keessattis bal'inaan hirmaatu. Madda: (B/saaTakkaa Guutaa)

### **D.Yeroo Midhaan Daakan**

Osoo akka yeroo ammaa kana tekinoloojiin hinfooyya'iin dura haadhooliin nuffe, dadhabe osoo hinjedhiin barruu harka isaaniitiin midhaan daakanii maatii isaanii sooru. Durbi geessuun mana maatii ishee jirtu hojii midhaan daakuu haadha ishee irraa qooddatti. Yeroo kamiyyuu caalaa durbootni yeroo abbaafi haati ishee mana hinjirre midhaan daakuu filatu. Sababiin isaa bakka namni hinjirretti bilisa ta'uudhaan weedduu weeddisu waan ta'eefi. Walumaagalatti dhiira qofa osoo hintaane shamarran yeroo hojii mana keessaa hojjetan weedduu jaalalaatiin jaalallee isaanii faarsu. Haata'u malee akka aadaa ummata Oromootti midhaan kan daakan shamarran waan ta'aniif yeroo midhaan daakan weedduutti fayyadamanii michuu isaanii faarsu. Madda: (Obbo Kadir Dhaabaa)

## **E.Yeroo Midhaan Haraman**

Midhaan akka haramaadhaan hinguutamne yeroo yerootti haramamuu qaba. Sababiin isaa callaan midhaan irraa argamu akka hinhir'anneef. Midhaan kan haramamu nama dhuunfaadhaan yookiin daadoo naqatanii walii wajjin haramu. Yeroo kanatti dargaggeessiifi dargaggeettiin weedduu jaalalaatti fayyadamanii mukuu walbaasu. Sababiin isaa ittiin walsoosisaniiyookiin waltumsanii dadhabbi isaanii dagachuuf, gama biroon ammoo miseensa isaanii kan ta'e nama achi jiru keessaa namni iji isaa irra bu'e yoo jiraate ittiin ergaa dabarsaaf. Maddi (Obbo Kadir Dhaabaa,2013)

Kanaafuu akka odeefkennitoonni kunneen jedhanitti, sirba weedduu durbaa keessatti weedduun jaalalaa bakka weedduun durbaa sirbamutti weeddifamu dargaggeettiifi dargaggeessi weedduu weeddifamu irratti hundaa'anii bifa deebii waliif kennuutiin weeddisu. Haata'u malee kan yeroo gara biroo weeddifamu bifa deebii waliif kennuutiin osoo hintaane akkasumaan jaalalaafi hawwii waliif qaban ittiin ibsachuuf weeddisu. Maddi (B/Saa Takkaa Guutaa,2013)

### **4.2.2.Meeshaalee Weedduu Durbaa**

Weedduu durbaa keessatti meeshaaleen barbaachisoo ta'an nijiru. Meeshaaleen kunneen kan akka dibbee, uleefi faaggaa yommuu ta'an, weedduu durbaa keessaa hafuu hinqaban. Sababiin isaa jifuu weedduu durbaa waan ta'aniif

#### **A.Dibbee**

Dibbeen meeshaa aadaati. Kan hojjetamu keessoon isaa dhoqqee suphee irraa ta'ee, bakkeen isaa gogaa kuruphee irraati. Gogaan kuruphee itti marame, ribuu gogsanii dhadhaa dibuudhaan ittiin hodhama. Sababni gogaan kuruphee filatameef gogaan beeyladoo hanga gogaa kuruphee sagalee addaafi miidhagaa ta'e dhageessisuu hindanda'u.



Suura 4.Dibbee ( Kan Qorataan Kaase)

Dibbeen meeshaa aadaati. Kan hojjetamu keessoon isaa dhoqqee suphee irraa ta'ee, bakkeen isaa gogaa kuruphee irraati. Gogaan kuruphee itti marame, ribuu gogsanii dhadhaa dibuudhaan ittiin hodhama. Sababni gogaan kuruphee filatameef gogaan beeyladooata hanga gogaa kuruphee sagalee addaafi miidhagaa ta'e dhageessisuu hindanda'u.

### **B.Faaggaa**

Faaggaaan meeshaa yeroo sirba weedduu durbaa dhimmi itti bahamu keessaa isa tokkodha. Innis kan hojjetamu muka faaggaa jedhamu keessoon isaa uumamaan qaawa ta'e irraa hojjetama. Faayidaan faaggaa sirbi weedduu durbaa eegalamuu yookiin jiraachuu isaa agarsiisa. Kanaafuu, faaggaa afuufuudhaan eegalamuu weedduu durbaa kan beeksisan dargaggeeyiidha.

#### **4.2.3.Hirmaattota Weedduu Durbaa**

Akka aadaa hawaasa Oromoo Godina Bunnoo Beddelleetti hirmaattonni sirba weedduu durbaa qarree kan hinheerume qofadha. Durbi qarreen erga guntuta biqilchitee luqqeettuu baastee booda sirba weedduu durbaatti hirmaatti. Qeerroonis erga gatiittii baasee booda hirmaata. Kan fuudhee haadha warraa qabu ykn.kan fuudhee haati warraa jalaa baate itti hirmaachuu hindanda'u. Kana qofa osoo hintaane, kan heerumtee abbaa warraa jalaa baate ykn gursummaan sirba weedduu durbaa keessatti qooda fudhachuu hindandeessu. Sababiin isaa bakka sanatti kan walbarbaadu qarreefi qeerroo qofa waan ta'aniif.



Suuraa 5. Shamarran dursaii sirba weedduu durbaa dhaabbatan (Kan qorataan kaase)



Suuraa6. Dargaggeessaafi Dargaggeettii Gara Sirba Weedduu Durbaa Deemaa Jiran

(Kan qorataan kaase)

### **4.3.Gosoota Weedduu Durbaa Hawaasa Oromoo Godina Bunnoo Beddellee**

Akka odeeffkennitoonni himanitti gosni weedduu durbaa godinicha keessatti argamu sadiitti qoodama.Kunneenis hirreewwee, haahiyyeefi isgeewuyyaa jedhamanii kanneen beekamanidha.(Obbo Kadir Dhaabaa, 2013). Gosoonni weedduwwan durbaa godinichaa kunneen akkaataa tartiiba isaaniitiin xiinxala unka isanii waliin weedduwwan hedduun fakkeenyaan deggeramanii qorannoo kana keessatti gara fuulduraatti tokko tokkoon dhiyaataniiru.

#### **4.3.1.Hirreewwee (Qesqessee)**

Hirreewween weedduu durbaa keessatti akka gosa tokkootti kan dhiyaatudha. Afwalaloon weedduu durbaa hirreewwee jedhamu kun gosa afwalaloo weedduu durbaafi sochii qaamaa irratti hundaa'ee beekamudha. Innis akka isgeewuyyaa asii ol mormaan durbatti kan sirbamu osoo hintaane, dargaggeeyyiin shamarran fuula isaanii dura dalga toora galanii dhaabatan irraa ulee isaanii qabatani ykn. lafatti gad dhaabani gara boodaatti erga siqanii booda deebi'anii shamarranitti siquudhaan kan sirbamudha. Ulee isaaniitiin lafa tuttumataa irraa siqanii deebi'anii itti siqu. Yeedaloo sagalee dibbee shamarran rukkutan hordofanii koomee isaanii ol kaasanii qeensa isaaniitiin ol ka'anii dhaabatani sirba itti dhangalaasu.

Hirreewween gosa weedduu durbaa kanneen biroo caalaa sochii qaamaa barbaada. Kana waan ta'eef sirbituu qaxaleen koomee ishee irraa beekama: sirbituun durbaa ammoo aggaammii morma ishee irraa beekamti kan jedhamu. Shamarran garuu bakkuma duraan dhaabbatani jiran irraa hinsocho'an; bakkuma jiran dhaabatani shurrubbaa isanii asiifi achi bittim bittim gochaa morma raasanii sirba itti unkuteessu. Haalli rukkunnaa dibbee, ammoo dibbee isaanii cinaachatti galagalchani quba lamaan rukkutu. Walumaagalatti hirreewween sirba weedduu durbaa keessatti kan dargaggeeyyiifi shamarran gamaafi gamanatti tooraan walhiranii waliin walitti sirbanidha. Dargaggeeyyiin waan jedhanii weeddisan qabu; shamarranis akkasuma.



Suura 7.Sirba weedduu durbaa hirreewwee (Qorataan kan kaase)

#### 4.3.2.Haahiyyee

Haahiyyeen gosa weedduu durbaa ta'ee, hirreewweefi isgeewuyyaa irraa waanti adda isa taasisu nijira. Innis yeroo weedduun kun weeddifamu bakki sagaleen itti cookamu kan hirreewweefi isgeewuyyaatiin tokko miti. Sirba weedduu durbaa haahiyyee keessatti haalli itti dargaggeeyyiin “haahiyyee” jedhanii cookan dheerinaafi gabaabina bo’oowwan afwalalichaa irratti hundaa’uudhaan, bo’oowwan gaggabaaboo ta’an keessatti “haahiyyee” jechuudhaan dhuma bo’oowwanii irratti cookama. Bo’oowwan dhedheeroo ta’an keessatti ammoo “haahiyyee”n giddu-lamaan tokko tokkoo bo’oowwanii addaan saaqee gala ykn. gidduutti haahiyyee jedhamee cookama Haata’u malee akkuma isgeewuyyaafi hirreewwee gaheen shamarranii dibbee rukkutuufi sochii qaamaa gochuudhaan dargaggeeyyii waliin dabaree isaanii eeggatanii weeddisu. Dargaggeeyyiinis haaluma kanaan dabaree isaanii eeggatanii weeddisu..

#### 4.3.3.Isgeewuyyaa (Gad-tumee)

Isgeewuyyaan yeroo sirba weedduu durbaa kan dargaggeessi morma raasee durbatti sirbudha. Innis sochii qaamaatiin kan deggerame yommuu ta’u, akkaataa itti durbatti sirbamu kan mataasaa danda’e qaba. Urruubbiitiin haadegeramu malee afwalaloo ykn. Weedduu mataa isaa danda’e qaba Shamarran erga tarree galanii dhaabatani booda dargaggeessi shamarree filannoo isaa taate waliin fuula isaanii walitti galagalchani sirba eegaluu. Akkaataan sirbichaas

dargaggeessi asii ol morma michuu isaa jala seenee morma isaa akka dhallaadduu bishaan keessaa morma raasaa itti sirba. Dargaggeettiinis akkuma kana jechuudha. Dargaggeeyyiin walaloo isaa keessatti bo'oo jalqabaa irraa eegaluudhaan sagalee dhageessisanii erga weeddisanii booda, xumura bo'oowwanii hunda irratti "isgeewuyyaa" jedhanii cooku. Akkaataan shamarran dibbee itti rukkutan isa kan hirreewwee irraa bifa adda ta'eenidha. Innis shamarran dibbee ol galagalchanii asii gadi quba sadi'iin rukkutu. Kanuma irraa kan ka'e yeroo tokko tokko gad-tumee jedhamee waamama.



Suuraa8.Sirba weedduu durbaa isgeewuyyaa (Qorataan kan kaase)

Weedduun durbaa akkuma gosa adda addaatti qoodamu qabiyyeefi unka garagaraa ofkeessaa qabaachuutiin beekama. Qabiyyee kanneen keessaa muraasa isaanii kan fudhannu yoo ta'e kan jaalala ibsu, kan tuffii ibsu, kan ittiin walcigan, akka fakkeenyaatti fudhachuu dandeenya..

#### **4.4.Qabiyyee Weedduu Durbaa**

Weedduun durbaa qabiyyeewwan ykn. dhimmoota gara garaa ijoo ta'an irratti xiyyeeffata. Kanaafuu, qabiyyeewwan weedduu durbaa godinicha keessatti argaman hunda qorannoo kana keessatti dhiyeessuun yoo hindanda'ammellee, kanneen keessaa muraasni isaanii qorannoo kana keessatti hammachiifamaniiru.

#### 4.4.1. Qabiyyee Jaalalaa

Qabiyyeen weedduu durbaa weedduwwan dhimmoota garagaraatiif weeddifaman of keessatti hammata. Kanneen keessaa tokko weedduu jaalalaati. Weedduun jaalalaa kan dargaggeessi shamarree jaallate ittiin faarsudha. Dargaggeessa qofaan kan weeddifamu osoo hintaane, shamarranis dargaggeessa jaallatan kan ittiin faarsanidha. Weedduun jaalalaa kan bakkaafi yeroodhaan daangeffame miti. Baay'inaan yeroo sirba weedduu durbaa haaweeditifamu malee iddowwan garagaraatti weeddifamuu danda'a. Fakkeenyaaf dargaggeessi yeroo loon tiksu, shamarran yeroo qoraan cabsan, bishaan waraaban weeddisuu danda'u.

Yaada kana cimsuudhaan Sumner (1996) akka ibsetti, "structurally Oromo love poetry is purely meterical with an introductory line which usually serves for sound parallelism as well as rhythmic function. Oromo focus more on beauty of form of poetry especially in poetry than its meaning." Akka yaada kanaati, walaloon jaalalaa Oromoo, caasaa isaatiin sarara walaloo keessatti walmadaallii sagalootaafi walunata sagaleetiif akka tolutti kan ijaarameefi xiyyeeffannoon isaas hiika isaarra miidhagina unka walaloof jedhamee akka ta'e ibsa

Kanarraa ka'uudhaan afwalaloon weedduu jaalalaa dargaggeettiifi dargaggeessi weeddisan akka armaan gadiitti ibsaafi xiinxala isaa waliin dhiyaateera.

1. Abbaan kee manaa hinbahu  
Jabbii gadi oofa malee  
Kee garaan namaa hin nahu  
Sobee gadooda malee.

Madda: Obbo Takkaa Tarrafaa, 2013

Afwalaloon weedduu jaalalaa kun dargaggeessaafi dargaggeettiin bakka argamanitti halkan yeroo sirba weedduu durbaa weeddifama. Weedduun kun isa kana qofaan kan xumuramu osoo hintaane weedduu garabiroo itti aansanii weeddisuu danda'u. Haalli adeemsa isaa warri shamarranii erga weedduu kana weeddisanii booda dargaggeessi tarree galee dhaabatu dabaree isaa eegee kan ittiin shamarran achi jiran faarsu weedduu jaalalaa weeddisa jechuudha. Afwalaloon weedduu jaalalaa armaan olitti shamarraniin weeddifamu kun bifa ergaa jabaa ta'e



dargaggeessaaf dabarsuu danda'uun dhiyaatee jira. Weedduun akka kanaa kan weeddifamu jaalallee shakkii irraa qabaniif weeddifama. Sababiin isaa dargaggeessi tokko tokko amanamuummaa dhabuurraan kan ka'e jaalallee isaa ishee duraan jaallatee waliin jiru sana dhoksee shamarree garabiroo waliin hariiroo jaalalaa uumuu danda'a waan ta'eef. Akkasumas utuma jaalallee isaa ishee duraa waliin jiruu jaallalli inni isheef qabu qabbanaa'uu danda'a. Fakkeenyaaf toora (3, 4) keessatti "Kee garaan namaa hin nahufi Sobee gadooda malee" jedhu, mucayyoon jaalala dhugaa onnee ishee irraa madde irratti hundaa'uun dargaggeessa jaallatte tokko qabdi. Haata'u malee namni isheen jaallatte sun jaalala dhugaa onnee isarraa maddeen ishee jaallata osoo hintaane jaalala irra keessaati. Sobee sin jaalladha waan jedhu fakkaata. Isheenis kana garaa isheetti waan beektuuf akkanatti weeddifti. Dargaggeeyyiin ammoo akkana jechuudhaan weeddisu.

## 2. Ol oofee gadi oofee

Kutachiisa jabbii

Boroon sitti asaasee

Si dhabsiisa qalbi.

Madda: (Obbo Takkaa Tarrafaa,2013)

Kan akkas jedhanii weeddisan shamarran osoo hintaane dargaggeeyyiidha. Weedduu akkanaa weeddisuun kan barbaachiseef kaka'umsa yookiin fedhii jaalalaa keessoo shamarraniitti uumuufidha. Sababiin isaa yeroo baay'ee shamarran hojii mana keessaatti waan qabamaniif, jaalalaaf xiyyeeffannoo kennuu dhiisuu danda'u. Fakkeenyaaf toora (3, 4) keessatti ciroowwan "Boroon sitti asaaseefi Si dhabsiisa qalbi" jedhu ilaaluu dandeenya. Akka aadaa hawaasichaatti bakka abbaafi haati intalaa jiranitti dargaggeessi waa'ee jaalalaa mucayyoo isaaniitti dubbachuu hindanda'u. Yoo afoola dahoo godhate malee. Kanaaf erga maatiin mucayyoo rafanii booda karaa qaawa mana jaraa morma loosee mucayyootti asaasa. Mucayyoon mana keessa jirtu qalbiin ishee gara isaatti deebi'a jechuudha.

3. Qalloo sootallooyii  
Yaa baala goodarreeyii  
Yaa tokkicha kooyii  
Eessuma naaf jirtaayii?  
Yaa qal'aa magaalaayii  
Yaa bareedaa gurbaayii.

Madda (Obbo Takkaa Tarrafaa,2013)

Weedduu kana shamarratuu akkana jedhee weeddisa. Innis dargaggeettiin haala kanaan michuu ishee weedduu jaalalaatiin faarsitu, nama jaalala dhugaan irraa qabamteefi jaalallee garabiroo hinqabne ta'uu ishee agarsiisa. Sababiin isaa mucayyoon kun amanamummaadhaan nama tokko qofa jaallattee jirti waan ta'eef. Fakkeenyaaf gaaleen “Yaa tokkicha kooyii” jedhu isa malee dabalataan michuun garabiroo akka hinjirre agarsiisa. Faallaa kanaa shamarran amanamummaa hinqabne muraasni maqaa jaalalaatiin namoota lama gidduu deddeebi'an waan jiraniif.

Ulaagaan filannoo shamarran jaalalaaf dargaggeessa ittiin filatan tokko miti. Nama bifti isaa magaala ta'e kanneen jaallatan akkuma jiran, kaan ammoo kan bifti isaa diimatu filannoo isaanii taasifatu. Kan tokkoof dammaa tokkoof dhama jedhama mitiiree. Kanaafuu, afwalaloo weedduu jaalalaa kana keessatti gaaleen “Yaa magaala kooyii” jedhu bifa nama isheen jaallatte kan ibsudha. Mucaa magaala simboo qabeessa. Kan tokkoof bareedaa tokkoof ammoo fokkisaa. Haata'u malee gurbaan isheen faarsitu isheef bareedaa ta'usaa toora dhumaa keessatti gaalee “Yaa gurbaa bareedaayii” jedhuun ibsameera

4.Utaalaa borofaa  
Leenci harree koo nyaate  
Mucaa ilkaan morodaa  
Saattawee koon yaade.

Madda: (Obbo Takkaa Tarrafaa,2013)

Sababa garagaraa irraa kan ka'e jaalalleen lamman yeroofi bakka barbaadanitti walarguu dhiisuu danda'u. Sababiin isaa guyyaan hundi guyyaa Faasikaafi Ramadaana, kan nyaanniifi dhugaatiin itti baay'atu ta'uu dhiisuu danda'a waan ta'eef. Dubbiin warra walyaadaniis akkasuma. Guyyaa hunda walarguu hindanda'an. Sababiin isaa carraan manaa bahanii deemuu dhiirriifi durbi qaban tokko miti waan ta'eef. Akka aadaa hawaasichaatti dargaggeessi dhiira waan ta'eef manaa bahee bakkee buluu, bakka barbaade ooluuf amma kana waanti isa daangessu hinjiru. Mucayyoon durbaa garuu eeyyema maatii ishee malee sochiin isheen taasiftu daangeffamaadha. Kanaafuu, ijoo dubbii afwalaloo kanaa dargaggeessichi mucayyoo michuu isaa taate waliin walarguu hindandeenye. Fagootti ishee yaaduu qofa osoo hintaane, waa'ee miidhagina jaalallee isaa ibseera. Fakkeenyaaf gaaleen "Mucaa ilkaan morodaafi Saattawee koon yaade" jedhu mucaan inni jaallate sun maal akka fakkaattu waa'ee ilkaaniifi hojjaa ishee dubbii qolaatti fayyadamee ibsee jira. Innis fakkaattii ilkaan jaalallee isaafi hojjaan ishee baay'ee dheeraa ta'uusaa bineelda "saattawaa" jedhamtu kan hojjaan ishee baay'ee dheeraa ta'etti fakkeessee ibseera.

5.Kaarra karaan lama  
Sareen raacitii dhugde  
Bareedaa akka maarrabaa  
Gurbaa akaakiltii bukkee.

Madda: (Obbo Takkaa Tarrafaa,2013)

Shamarran yeroo isaan akka kana jedhanii weeddisan, dhimmichi waan isaan ilaallatuuf dargaggeeyyiin itti gammadu. Keessumaayyuu keessa beekessi yookiin namni weedduun kun weeddifamuuf, eenyuuf akka weeddifamu waan garaa isaatti beekuuf baay'ee itti tola. Sababiin isaa fudhatamummaan inni qabu waan afwalaloo kanaan itti himameef onnee itti hora. Irra caalaa ammoo weedduu kana jaalallee isarraa kan dhagahu yoo ta'e, gammachuun dargaggeessa kanaa dachaa kan dabaluu ta'a. Fakkeenyaaf toora 3<sup>ffaa</sup> keessatti gaaleen "akka maarrabaa" jedhu dubbii qolaa mucayyoon bareedina michuu ishee ibsuuf itti fayyadamte ta'uusaa agarsiisa. Maarrabaa jechuun jecha afaan alagaati. Hiikni inni afwalaloo kana keessatti qabu baay'ee kan bareedu, bifaafi qalama garagaraatiin kan faayame, kan namootni muraasniifi beekumsa qaban itti fayyadamani dafqa isaanii ittiin qoorfatan jechuudha. Akkasumas toora 4<sup>ffaa</sup> keessatti gaaleen "Gurbaa akaakiltii bukkee" jedhu dhiyaateera. Kana

jechuun mucayyoon gurbaa jaallatte sun waa'ee gurbichaafi bakka jireenya isaa gadi fageenyaan kan beektu ta'uu ishee agarsiisa. Akaakiltii jechuun muka baargamaa kan namootni mana ijaarsaaf itti fayyadaman jechuudha.

#### 6. Qullubbii Abbaa Margoo

Sanqallaan buqqiste

Buttujjii ilkaan bargoo

Kan gayyaan guddiste.

Madda (Obbo Takkaa Tarrafaa, 2013)

Afwalaloon kunis dhiirotaan osoo hintaane shamarraniin weeddifama. Ergaan buufata kana keessatti darbe dargaggeessa kan ilaallatu ta'uusaa toora 3<sup>ffaa</sup> keessatti ibsameera. Innis dargaggeessi isheen jaallatte amala lamaan ibsameera. Inni tokkoffaan mukni “buttujjii” jedhamu mukkeen jiran keessaa furdinaafi hojjaa isaatiin kan itti qixxaatu hinjiru. Kanaafuu, namni kana dhagahe fakkaattiin gurbaa sanaa sammuu isaa keessatti bocama jechuudha. Dargaggeeyyii bakka weedduu durbaa jiran keessaa kan hojjaadhaan isa caalu akka hinjirretti ibsame. Ergaan lammataa ammoo toora 3<sup>ffaa</sup> keessatti gaalee “ilkan bargoo” jedhutti fayyadamaniiiru. Gaalee kanatti fayyadamuun kan barbaachiseef waa'ee miidhagina ilkaan michuu jaraa ibsuu barbaadaniiti. Bargoo jechuun waanta garmalee bilchaatee biifasaa hinjijjiirattiin jechuudha. Fakkeenyaaf goosuu yookiin baddeessaa bargoo jennee waamuu dandeenya. Miidhaginni ilkaan namootaa yeroo baay'ee bargoo badeessaatti fakkeeffama waan ta'eef.

Walumaagalatti, Weedduu durbaa keessatti afwalaloon waa'ee jaalalaa qofa irratti xiyyeeffatee jaalala ibsu hawaasa Oromoo Godina Bunnoo Beddellee biratti beekamaa ture. Innis dargaggeessaafi dargaggeettiin kan miira keessoo isaaniitti dhagahame ykn. jaalala yeroo qarrummaafi qeerrummaa waliif qaban kan ittiin waliif ibsan ta'uu isaati.

#### 4.4.2. Qabiyyee Tuffii

Tuffiin waan ta'e tokko ka'usa godhachuudhaan ilaalcha gad aanaa nama ykn. garee isaa gadi jiru tokkoof qabaachuu jechuudha. Waaqni kuun gabaabaa akka gufuu, kuun ammoo dheeraa akka saattawaa, kuun furdaa, kuun ammoo qallaa akka migiraa, kuun bareedaa, kuun ammoo

fokkisa, kuun magaala, kuun ammoo gurraacha, kuun diimaa biluu taasisee uuma. Waantonni kunneen hundi kan abbaan gara barbaadetti ofiin tolfatu miti. Namni tokko bifa namaa, qaama namaa, waan namoonni gochaan agarsiisan, ilaalee yaada tuffii calaqqisiisuu danda'a. Dargaggeessiifi dargaggeettiin waan abbaan sun qabu yookiin agarsiisu irratti hundaa'anii yaada tuffii dhiyeessu. Meeshaan isaan itti fayyadamanii tuffii calaqqisiisan ammoo qabeenya hawaasichaa kan ta'e afwalaloo weedduu durbaati.

Weedduu durbaa keessatti qarreefi qeerroon waan fedhan ykn. barbaadan yoo akkaataa barbaadan sanatti inni tokko isa tokko irraa hinargatu ta'e, afwalaloo weedduu durbaatti gargaaramanii tuffii keessoo isaanii jiru ittiin mul'isu. Afwalaloo weedduu durbaa keessaa kanneen tuffii qofarratti fuuleffatan heedduutu jiru. Kanaafuu, xiinxalli qabiyyee tuffii afwalaloo weedduu durbaa itti aanuutti dhiyaateera.

1. Qilxuu muka soolee

Kan isa mureeti

Michuun gurbaa oolee

Kan isa dhufeeti.

Madda (ObboTakkaa Tarrafaa,2013)

Weedduu kana akkas jechuudhaan kan weeddisu dargaggeessa bakka weedduun durbaa sirbamutti argamedha. Kaan ammoo osoo bakka sirba weedduu durbaatti argamuu barbaaduu sababa ta'een gara manaatti hafuu danda'a. Fakkeenyaaf godoo bulee midhaan yookiin loon kan eegu yoo ta'e midhaan bineensatti, loon bakkeetti dhiisee deemuu hindanda'u. Bifuma walfakkaatuun dargaggeettiin yoo hojiin mana keessaa kan itti danatu ta'e haadha isheetti hojii dhiistee deemuu hindandeessu. Eeyyema warra ishee malee manaa bahuun dhorkaadha.

Akkuma aadaa hawaasichaatti dargaggeessi tokko erga dargaggeettii tokkoof quba isheetti qubeelaa kaa'eefii waadaa waliigalanii booda namni biroon osoo ishiin michuu qabaachuu ishee beekuu dargaggeettii sanaaf gaaffii jaalalaa dhiyeessuu hindanda'u. Yoo akkana taasisee argame michuu ishee sana tuffateeti jechuudha. Michuun lamman kakuu dhugaa waliif kakatan gidduu qilleensi hingalu. Yoo dubbiin kanaan ala ta'e loltaa guddaa uumee uumuu danda'a. Fakkeenyaaf afwalaloo weedduu durbaa kana keessatti toora (3, 4) keessatti gaaleen

“Michuun gurbaa ooleefi Kan isa dhufet” jedhu yaada tuffii jaalallee mucayyoo itti sirbaa jiru sanaaf qabu ittiin ibsateera. Sababiin isaa akka aadaa hawaasichaatti yoo gurbicha tuffate malee michuu isaatti sirbuu hindanda’u.

## 2. Yoo dibbeen iyyuu dide

Faffatoo itti nyaatu

Yoo mormi sirbuu dide

Jannatoo itti kaahu.

Madda: (Obbo Tafarii Raggaasaa,2013)

Sirba weedduu durbaa keessatti weedduu kana akkana jechuudhaan kanneen weeddisan shamarranidha. Sirba weedduu durbaa yeroo sirbaa jiran dhiira isaanitti sirbaa jiru sana kan tuffatan yoo ta’e, afwalaloo weeddu durbaatti fayyadamanii nama isaaniitti sirbaa jiru sanaaf dhaamsa dabarsu. Sababiin isaa dargaggeessi michuu isaatti sirbaa jiru, gahumsaafi dandeettii qabu hundatti fayyadamee waan michuun isaa yeroo sanatti isa irraa barbaaddu guutuu qaba. Kan weedduu danda’u weedduudhaan, kan sirba mormaa danda’u bareechee sirbuudhaan gahumsa isaa agarsiisee fudhatamummaa ishee biratti qabu mirkaneessuu qaba. Fakkeenaaf buufata armaan olii keessatti gaaleen “Yoo mormi sirbuu dideefi Jannatoo itti kaahu” jedhu dargaggeesa sirba mormaa hindandeenye ittiin ibsuuf kan dhiyaate ta’uusaati. Jannatoo jechuun dooqa yookiin callee gurguddaa jechuudha. Kanaafuu mormi sirbaaf hintaanee akka mukaatti jannatoon itti diramee haadhaabatu jechuu barbaaddeeti.

## 3. Akaayii akaa’ii

Gundoon jala kaa’i

Silaa sirba hinbeektuu

Dhaqii gadi taa’i.

Madda: (Obbo Tafarii Raggaasaa,2013)

Dargaggeessi sirba mormaa hinbeekne, kan morma jaalallee isaa jala seenee morma dhukaasee sirbuu hindandeenye, kan callisee akka mukaa dhaabatee iddoo itti dhiphisu shamarran biratti fudhatama hinqabu. Kanneen yoo sirban akka dhallaadduu bishaan keessaa mormi irraa citee lafa bu’uuf jedhu, jaalallee isaanii jaalalaan booji’uuf yeroo dheeraa kan itti fudhatu miti.

Fakkeenyaaf toorri (3, 4) waa'ee dargaggeessa sirbi irraa hintollee ibsa. Sirba hinbeeku, sirbee hinsirbisiisu waan ta'eef, kanneen sirba beekaniif bakka kenni: na fuulduraa deemi jechuu barbaaddeeti.

#### 4. Reettiin duuba qoolloo

Takaallaa kutattee

Arkifattee dheeddii

Mucayyoon kunoo

Fagaaraa gubatee

Jal'ifattee teessi.

Madda: (Obbo Tafarii Raggaasaa,2013)

Weedduu kana dargaggeessatu akkana jechuudhaan weeddisa. Durbi yoo ibidda ho'ifattu seeraan teessumarra teessee ho'ifachuutu ishee irraa eegama. Akka argite miilla ishee gargar saaqxee ibidda bira hinteessu. Daaraafi cilee irraa amma danda'ametti ofeeguun dirqama itti ta'a. Kun hundi kan taasifamu durbi bareedduufi qulqullina ishee kan haala gaariin eeggattu jedhamee waan yaadamuufidha. Kana waan ta'eef, dargaggeessi shamarree qulqullina ishee hineegganne afwalaloo weedduu durbaatti gargaaramee mudaa ishiin qabdu itti hima. Ergaan afwalaloo kana keessaan darbu mucayyoo ittiin gorsuuf osoo hintaane tuffii mucayyoo sanaaf qabu ittiin agarsiisuufidha. Fakkeenyaaf weedduu armaan olii keessatti toora (3, 4) irratti gaaleen "Fagaaraa gubatteefi jal'ifattee teessi" jedhu shamarran maqaa weedduu durbaatiin manaa bahanii osoo sirbatti hinmakamiin callisanii taa'an, kan huccuun daaraan makame, fuulli cileedhaan dhoobameef weedduudhaan ergaa dabarsuuf.

#### 4.4.3.Qabiyye Cigoo (Atakaaroo)

Cigooon namoota yaadaanis ta'e gochaan walgitan, yoo waan ta'e tokko irratti yaadaan waldhaban ta'e, jechoota filatamoofi kallattii barbaadame sanaan nama balaaleffachuu barbaadan sana kan ittiin tuqan jechuudha. Cigoo keessatti kan qooda fudhatan dargaggoota malee shamarran miti. Sababiin isaa sirba weedduu durbaa keessatti afwalaloon cigoo agarsiisu kan shamarran qofaan weeddifamu hinjiru. Kanaafuu, cigootti gargaaramanii yaada isaanii kan ibsatan dargaggoota.

Ciigoon haaldureewwan ittiin eegalu tokko tokko ofkeessaa qaba. Innis abbaan humnaafi gatiittii bal'aa qabu jinfuu eeboo isaa lafa keessa gadi hordee gatiittii isaatiin nama isa bukkee dhaabatee sirbu ofirraa darbata, weedduu itti daddabalee atakaaroo itti cimsaa deema jechuudha. Haalli akkanaa dargaggoota gartuu lamatti walqoodanii jiran, loltaa cimaadhaaf illee affeeruu danda'a. Sababiin cigoon dargaggeessaa itti uumamuuf shamarran irratti yoo dorgommiin baay'atedha. Hunduu hanga mucayyoo dorgommiin itti baay'ate kan dhuunfaa isaa taasifatutti harka hinkennu. Kanaafuu afwalaloowwan sirba weedduu durbaa keessatti dargaggeeyyiin ittiin walcigan ibsa isaa waliin akka armaan gadiitti dhiyaateera.

1. Dhakaraa bituun kee  
Eenyuun baachisuufii  
Fagaaraan siquun ishee  
Jilbaan daa'imuun ishee  
Eenyuun doorsisuufi.

Madda: (Obbo Tafarii Raggaasaa,2013)

Weedduun kun kan weeddifamu yeroo sirba weedduu durbaati. Yoomessa garabiroo keessatti hinweeddifamu. Sababiin isaa weedduun cigoo bakka namni weedduudhaan cigan sun argamuu danda'utti weeddifama. Namni weedduu kana weeddisu garaa isaatti waan yaade tokko qaba; atakaaroo. Akkaataan itti fayyadamaafi filannoo jechootaa afwalaloo kana keessatti argamu bifa hamilee namaa tuquu danda'uun dhiyaate.. Fakkeenyaaf toorri (1, 2) yaada tokko giddugaleessa godhatanii kan dhiyaatan yommuu ta'u, ergaan inni qabatee dhiyaate ammoo namni yartuun sii gadi ta'e hinjiru kan siin olii malee jechuu barbaadeeti. Bo'ooowwan (3, 4, 5) keessatti yaadni dhiyaate kan toora (1, 2) keessatti dhiyaate waliin walfakkaata. Haata'u malee jechoonni toora kanneen keessatti ergaan ittiin darbe eenyummaa nama weedduun kun weeddifameefii bifa cabsuu danda'uun dhiyaate. Walumaagalatti ofii dhamaatu malee doorsisi isin biraa nurratti taasifamuu nu jilbeenfachiisuu hindanda'u kan jedhu ta'uu isaati.



## 2. Ani waddeessa hinyaabu

Obboleessa mooyyee

Ani dabeessa hinjaallu

Obboleessa koo illee.

Madda : (Obbo Tafarii Raggaasaa,2013)

Akka afwalaloo kanaatti ergaan bifa cigoo ofkeessaa qabuun dhiyaate toora (1,2) irraa eegaleeti. Innis tuffii agarsiisuuf muka waddeessa jedhamu akka fakkeenyaatti fudhatanii ergaa isaanii ittiin dabarfataniiru. Mukni waddeessa jedhamu meeshaalee mana keessaatu irraa hojjetama. Meeshaalee kanneen keessaa mooyyeen isa tokko. Waddeessi uumama isaatiin meeshaalee mana keessaa irraa hojjechuuf mijataa waan ta'eef baay'ee filatamaadha. Kanaafuu meeshaa manaa keessaa mooyyeen waddeessa irraa kan hojjetamu hojjaan isaa baay'ee gabaabaa kan ta'e safara mudhii namaa gaditti hojjetama. Kanaafuu afwalaloo kana keessatti hiikni toora (1, 2) keessatti dhiyaate waddeessi obboleessa mooyyeeti; akka mooyyee gabaabbata waan ta'eef yaabbiif namaa hinmijatu jechuu barbaadeeti. Kana jechuun tuffii agarsiisuuf haala kanaan kan dhiyaate ta'uu isaati.

Akka aadaa hawaasa Oromootti lugni yookiin dabeessi hawaasicha keessatti bakka hinqabu. Nama onnee hinqabne jedhamee balaaleffatama. Hunda caalaa dhiirri daboome jechuun fudhatamummaan inni dubartoota biratti qabu baay'ee gadi aanaadha. Ilmoon dhiiraa janna akka leencaa kan maqaa abbaa isaa waamsisu ta'uu qaba jedhamee waan yaadamuuf: sodaataa ta'ee akka guddatu hinjajjabeeffamu. Kanaafuu afwalaloo armaan olii keessatti toorri (3, 4) jabeessee dabeessa kan balaaleffatu ta'uusaa agarsiisa. Innis namni cigoon kun isa ilaallatu janna osoo hintaane dabeessa akka ta'e ittiin ibsameera.

3. Maal mana caalti manni  
Kan mana irraan mul'attu  
Yoo waashoon diige malee  
Maal nama caalti namni  
Kan nama irraa fudhattu  
Yoo abbaan dhiise malee.

Madda: (ObboTafarii Raggaasaa,2013)

Inni tokko mana 'viillaa', inni tokko mana dhagaa, inni tokko mana dhoqqee, kuun ammoo godoo keessa jiraata. Hunduu ulaagaa kanaan tilmaama walii kenna. Haata'u malee afwalaloo kana keessatti bo'oowwan jalqabarra jiran lamman waa'ee sadarkaa mana namootaa kan ibsudha. Innis abbaa mana kooti jedhee keessa jiraatu sanaaf manni manuma; hojjaan isaa dheeratee fagootti kan argamu yoo ta'e yyyu manni hundi walqixa ta'usaa agarsiisa.

Namni qabeenya qabuun, beekumsa qabuun, barnoota qabuun sadarkaa tokkorra jiraachuu dhiisuu mala. Garuu namoonni ana qofatu qabeenya, beekumsa, barnoota qaba jedhanii yaadan muraasni jiru. Kanaafuu buufata afwalaloo armaan olii keessatti yaadni bifa cigootiin toora (1, 2, 4) keessatti dhiyaate walfakkeenya qaba. Innis toora (1, 2) keessatti akkuma manni mana hincaalu jedhe, toora 4<sup>ffaa</sup> keessatti ammoo namni nama caalu' hinjiru jedha. Waan kana ta'eef, ergaan cigoo kana keessaan darbe, yoon du'ee biyyoo nyaadhe malee namni maaliin ana caaltee osoon jiruu jaalallee koo narraa fudhatti jechuudhaan warra isa xiiqii qabatanii jiraniif ergaa dabarsa.

4. Ammaaree gadi shookkisa  
Ganna nyaatu maxinoo  
Shammaaneetu nu doorsisa  
Warra akaakileen dhihoo

Madda: (Obbo Abduu Aagaa,2013)

Warri midhaan oomishan waqtii bonaafi gannaa alaa manni isaanii guutuudha. Qe'ee warra dhibaahootii garuu bonaaf ganna jeejeen irraa hinfagaattu. Haata'u malee waqtii gannaa namni

irra caalaan midhaan sanyiif gudunfatee ol kaawwate malee midhaan gahaa nyaataaf ta'u manaa hinqabu. Amma raafuun faca'e lafaa gahutti waanuma guyyaa rakkinaatiif ol kaawwate sana irraa qunxuree maxinoo tolfata. Yeroo gannaa baay'inaan namoonni midhaan qusannoon itti fayyadamu Carraan maaddii yookiin gabatee guutani, garaa kaafatani nyaachuu jiraachuu dhiisuu danda'a. Kanaafuu afwalaloo kana keessatt bo'oo (1, 2) irratti waanti ibsame midhaan daakamee nyaataaf ta'u kan yeroo rakkinaa nyaata maxinoof qofaaf daakamu ta'uusaa agarsiisa.

Dhalli namaa qaccee hedatee, sabaafi qomootti walqoodee waliin haajiraatu malee, guyyaan itti namni jalqabaa yookiin abaabileen isaanii itti uumame guyyaa adda addaa miti; namni jalqabaa guyyuma tokkotti uumame jechuudha. Haata'u malee barmaatilee boodatti hafoo hordofuudhaan oguma qommoowwan adda addaa qaban irratti hundaa'anii maqaa adda addaa walii kenuutu hawaasa keessatti mul'ata. Isa tokkoon tumtuu yookiin shammaanee, isa tokkoon ammoo faaqii, isa tokkoon aaddoo jedhanii maqaa kennuufi. Yeroo ammaa kanatti osoo hintaane duratti qomoon kunneen akka qomoo tuffatamootti ilaalamu. Hawaasicha keessatti beekantii hanga kana hinqaban. Kana waan ta'eef, afwalaloo armaan olii toora (3, 4) keessatti cigoon dhiyaate gurbaa qomoo gadi aanaa keessaa dhalatetu na doorsisuu barbaada jechuudhaan tuffii isaaf qabu irratti hundaa'ee ergaa dabarsaafii jira jechuudha. Sababiin akkana jedhamee weeddifame, dargaggeettiin dargaggeessa qomoon isaa shammaanee ta'e yoo michuu taasifatte, isheenis waan tuffatamtuuf isheef illee akkaataa ergaa dabarsuu danda'uun dhiyaate.

5. Mana ijaarrachuun kee

Yoo feene'oo qabaatte

Narraan jaallachuun kee

Yoo biyyoon na nyaate.

Madda: (Obbo Abduu Aagaa,2013)

Yoo namicha tuffatan malee jaalallee isaa namni garabiroon jaalalaaf gaafachuu hindanda'u. Garuu akka carraa ta'ee jaalallee ishee isaa duraanii waliin walbiraa galaniiru yoo ta'e namni gara biroon gaaffii jaalalaa dhiyeessuufii danda'a. Kana waan ta'eef, akka afwalaloo armaan olii kanatti dargaggeessi akka kana jedhee weeddisu namni garabiroon jaalallee isaa

kudhaammachaa jiraachuu isaa waan beekuufidha. Fakkeenyaaf buufata armaan olii keessatti toorri lamman dhumarra jiran (3, 4) akkaataa cigoo mul'isuu danda'uun filannoo jechootaa atakaaroo yookiin cigoo ofkeessaa qabuun gurbaa ija itti diimeffataa jiru sanaaf ergaa dabarseera. Innis “Narraan jaallachuun keefi Yoo biyyoon na nyaate” kan jedhu ijoo ergaa afwalaloo kanaati. Kanaafuu yoon du'ee harka kenne malee osoon lubbuun jiruu kan kee taasifachuu hindandeessu jechuudhaan akeekkachiisa jabaa dabarsaafii jira jechuudha.

#### **4.5. Xiinxala Unka Weedduu Durbaa**

Xiinxala unka weedduu durbaa keessatti gosni weedduu durbaa sadan qofa qofaatti adda bahanii xiinxalamaniiru. ulaagaan ittiin xiinxalamaniis kanneen akka, bo'oo walaloo, safara walaloo, birsaga walaloo, unata sagalee, filannoo jechootaa, irra deddeebii jechootaa kaasuu dandeenya. Dimshaashatti xiinxalli unka afwalaloo weedduu durbaa akkaataa ijaarsa isaanii irratti hundaa'uun ulaagaalee ittiin ilaalaman waliin bifa armaan gadiitiin xiinxalamaniiru.

Sirbi weedduu durbaa Godina Bunnoo Beddellee akkasumaan osoo hintaane adeemsa ittiin eegalamu qaba. Kanneen dursanii sirba weedduu durbaa dhaaban dargaggeeyyii osoo hintaane shamarranidha. Dargaggeeyyiin erga sirba weedduu durbaa shamarraniin eegalame mana taa'anii fageenyatti dhagahaniis booda walwaamaniis bakka sanatti argamu. Guyyaa sirbi weedduu durbaa jiru dursanii kan beekan yoo ta'e ammoo dhaamsa waliif dhaamaniis guyyicha bakka sanatti walgahu. Walumaagalatti, osoo gara gosoota weedduu durbaatti hindhufiin dura, akka seensaatti afwalaloowwan weedduu durbaa armaan gaditti dhiyaataniin kan eegalan yommuu ta'u, itti aansuun gara gosoota afwalaloo weedduu durbaatti ce'u jechuudha. Itti aansuun, afwalaloowwan weedduu durbaa akkaataa armaan gadiitiin buufatni hundi birsagatti qoqqoodamee xiinxalameera. Jalqaba irratti shamarran akkana jechuudhaan eegalu.

6. Al-laatiin biy-ya-naa  
Ee-bi-cha ir-ra tees-see  
Bi-shaan ga-di i-laal-tee  
Dar-gag-goon biy-ya-naa  
I-bid-da ir-ra tees-see  
Raa-fuu ga-di i-laal-te.

Madda: (Obbo Abduu Aagaa, 2013)

Jalqabbiin afwalaloo weedduu durbaa kun dargaggeessa laga gamaafi gamana fageenya irra taa'ee gurra qeensee dhaggeeffatutti onnee hora. Weedduun olitti weeddifame kun weedduu xiiqiiti. Xiiqii waan ta'eef dargaggeessi kana dhagahe rafee hinbulu. Saniin booda gara sagaleen shamarraniifi sagaleen dibbee dhagahamutti durba ollaa isaanii jirtu waliin qajeelu. Saniin booda shamarran dursanii iddoo sanatti argaman waliin sirba eegalu. Kanaafuu, afwalaloowwan weedduu durbaa armaan olitti dhiyaate kun jalqaba irratti akka seensaatti sirba ittiin eegalu. Ergaan isaa ykn. akkana jedhamee kan weeddifameef, shamarran qofaa ta'uu isaanii ittiin ibsachuuf yookiin xiiqii dargaggeeyyiitti uumuuf. Sababiin isaa sirbi weedduu durbaa shamarran qofaan kan raawwatu waan hintaanef.

Afwalaloon weedduu durbaa bo'oowwan afur hincaalle irraa kan ijaaraman akkuma jiran kanneen bo'oowwan afurii ol irraa ijaaraman nijiru. Kanneen bo'oo muraasa irraa ijaaraman haala salphaa ta'een sammuu qabachuufi yeroo dheeraaf sammuu namootaa keessa turuuf carraa guddaa qabu. Kanneen bo'oowwan hedduu irraa ijaaraman garuu haala salphaa ta'een sammuu qabachuun rakkisaa ta'uu mala.

#### **A.Kanneen Buufata Gabaabaarraa Ijaaraman.**

Buufanni afwalaloowwan weedduu durbaa Godina Bunnoo Beddellee hedduun isaanii bo'oowwan afur kan hincaalle irraa ijaaraman. Kunis murtaa'uu kan danda'e erga toora tokko sagaleedhaan baasanii weeddisanii xumuranii booda osoo hinariifatiin suuta jechuudhaan bo'oowwan itti aananii dhufan weeddisu. Bo'oo afur irraa ijaaramuun isaa kan barame walaloon weedduu durbaa baay'inaan erga walitti qabamee boodadha. Kanaafuu, kanneen bo'oowwan afur irraa ijaaraman keessaa muraasni isaanii akka itti aanutti xiinxalamaniiru.

1. Gi-laa-sha gaan-gee gud-daa (a)

Ci-dhaan sa-ree hin-mu-ran (b)

Ir-baa-ta nyaa-dheen dhu-fa (a)

Mi-dhaan ma-lee hin-bu-lan. (b)

Madda: (Zawudee Aagaa,2013)

:Afwalaloon dargaggeessaan weeddifamu kun bifa waljalaa qabuutiin weeddifama ykn.shamarraniif deebii kennuuf jecha haala kanaan weeddifama. Kan ijaarames toora afur

irraati Tokko tokkoon toora walaloo kanaa jechoota sadi sadii irraa kan ijaaramedha. Gama baay'ina jechootaatiin toorri hundi jechoota sadi sadii irraa ijaaraman. Ergaan buufata kana keessatti dhiyaate weedduu jalqaba irratti akka seensaatti dhiyaateef deebii kennuuf yaadameeti. Fakkeenyaaf, toora (3, 4) keessatti yaadni “hirbaata nyaadheen dhufa; midhaan malee hinbulaan” jedhu akkuma seera Uumaatti yoo waasooratan malee jiraachuun akka hindanda'amne agarsiisa. Kana waan ta'eef, erga nyaatanii beela bahanii booda gara sirba weedduu durbaa deemuun irra caalaa filatamaa akka ta'e ibsa. Afwalaloon sadarkaa buufata tokkootti qofaa isaa adda bahee dhiyaatee jira. Bu'uurri qoodama isaa kunis akkaataa yaada of keessatti qabatee jiruufi yeroo weeddifamu osoo addaan hincitiin walfaana bakka tokkotti weeddifamuun xumurama.

Toorri arfan buufaticha keessatti argaman jechoota sadi sadii irraa ijaaraman. Toorri arfanuu, dhuunfaa dhuunfaa isaaniitii birsaga torba torba qabu. Toora (1, 2) keessatti jechoonni jalqaba irratti argaman baay'ina birsagaa walfakkaataa qabu. Tooruma kanneen keessatti jechoonni jecha jalqabaatti aananii jiran lamman isaanii birsaga lama lama qabu. Toora lammaffaafi isa dhuma keessatti ammoo jechoonni dhuma irratti argaman birsaga sadi sadii qabu. Baay'ina birsagaa ilaalchisee buufata kana wanti adda isa taasisu tokko jira. Innis jalqaba toora (1, 3) irratti jechoonni argaman baay'ina birsagaa walfakkaatu qabu. Fakkeenyaaf toora 1<sup>ffaa</sup> irratti jechi jalqabarra jiru “gilaasha” jedhu birsagatti yommuu qoodamu /gi-laa-sha/ ta'a jecchuudha. waliigalatti birsaga sadii qaba. Bifuma walfakkaatuun jechi jalqaba toora 3<sup>ffaa</sup> irratti argamu jecha “irbaata” jedhudha. Innis yoo birsagatti qircamu /ir-baa-ta/ yommuu ta'u baay'inni birsagaa sadii ta'a jechuudha.

Walaloon walunata sagalee qabu gurra dhaggeeffattootaatti tola; ofitti nama hawwata. Afwalaloo dargaggeessaan weeddiffamu kana keessatti toorri (1, 3) sagalee gosa tokko dhamsaga /-a/tiin xumuramu. Gama biroon ammoo toorri 2<sup>ffaa</sup>fi dhuma irratti argamu sagalee walfakkaatu gosa tokko dhamsaga /-an/tiin xumuramu. Walumaagalatti walaloon haala kanaan barreeffamu miidhagina yeedaloo waan ofkeessaa qabuuf dhaggeeffattoota biratti baay'ee filatamaa ta'ee argama.

Afwalalicha keessatti akkaataan itti fayyadama jechootaa bifa garagaraatiin ilaalamuu danda'a. Fakkeenyaaf toora arfanuu keessatti jechoonni giddulamman irratti argaman kanneen akka “gaangee, saree, nyaadhee” jedhaman sagalee dheeraa yookiin dhamsaga /-ee/ ofirraa qabaachuun isaanii walalichi sagaleedhaan yommuu weeddifamu miidhagina kennaaf. Jechi toora sadaffaa keessatti “nyaadheen” jedhu dhamsaga /n/ of irraa haaqabaatu malee yommuu sagaleeffamu liqimfamee hafa. Kana qofa osoo hintaane baay'ina jechootaa muraasa irraa waan ijaarameef, bifa kanaan gara barreeffamaatti yoo jijjiiramullee ija namaatti miidhagee argama Kanaafuu, filannoon jechootaafi unki inni ittiin dhiyaate unka walaloon tokko ofkeessaa qabu kan guuttate ta'uu isaati Kanaafuu, “Irbaata nyaadheen dhufa;midhaan malee hinbulan” kan jedhu dhalli namaa midhaan sooratu malee jiraachuu akka hindandeenye ibsuudhaaf jechoota filatamoofi kallattiin ergaa ifa ta'e dabarsuu danda'anitti dhimmi bahameera.

Namoonni walhinbeekne, kan yeroo jalqabaatiif bakka gara garaatti walqunnaman adeemsa keessa garamii akka walitti dhufan walgaafachuu ykn walhiyyaafachuun isaanii waan oolu miti. Kanaafuu, afwalaloo weedduu durbaa itti aanee dhiyaate keessatti yaadni kanaan walfakkaatu dhiyaateera.

2. Bok-kaan tok-ko roo-be (a)

Yaa-gan-naa je-dhuu-ree (a)

Ma-qaa keen wal-laa-le (a)

Yaa-dam-maa je-dhuu-ree? (a)

Madda: (Obbo Zawudee Aagaa,2013)

Afwalaloon dargaggeessaan weeddifamu kun, dhaamsa warra shamarraniif dabarsu qaba. Innis dargaggeessi yeroo jalqabaatiif shamarree tokko arge yookiin ijaan argaa ishee qofa beekutu weedduu akkanaa weeddisa.

Afwalaloon weedduu durbaa dargaggeessaan weeddifamu kun toora afur irraa qindaa'ee kan dhiyaate ta'uu isaati. Toorri arfan baay'ina jechootaa walqixa ta'e irraa ijaaraman. Bifuma walfakkaatuun baay'inni birsaga bo'oowwan hunda keessatti argamu walqixxeedha.

Kanaafuu, toorri 1<sup>ffaa</sup> jechoota sadii qofa qaba. Kanaafuu toorri 1<sup>ffaa</sup>n jechoota sadii qofa irraa ijaarame. Jechoonni sadanuu walqixa birsaga lama lama kan qaban yommuu ta’u, waliigala birsaga jaha qaba. Toorri 2<sup>ffaa</sup>n bifuma walfakkaatuun jechoota sadii irraa ijaarame. Haata’u malee, akka toora 1<sup>ffaa</sup> jechoonni sadan baay’inni birsaga isaanii walqixa miti. Jechi jalqabaa qofaa isaatti birsaga tokko qaba. Jechoonni lamman hafan ammoo baayinni birsaga isaanii duraa duubaan birsaga lamaafi sadiidha. Waliigala kan jechoota sadanii birsaga jaha ta’a jechuudha.

Haaluma walfakkaatuu toorri 3<sup>ffaa</sup> jechoota sadii qofarraa ijaarame. Baay’inni birsaga isaas toora kanneen biroo waliin walqixa. Toorri inni dhuma gama hundaanuu toora 2<sup>ffaa</sup> waliin walfakkaata. Innis baay’inni birsaga tokko tokkoo jechootaa jecha jalqaba irra jiru irraa kan hafe kan jechoota lammannii walqixa ta’ee, waliigala ammoo birsaga jaha qaba. Walumaagalatti walaloon kun toora afur kan qabu ta’ee, arfanuu baay’ina birsagaa walqixa ta’e qabu. Kana jechuun hundi isaanii birsaga jaha jaha qabu. Kanaafuu, safara walaloon tokko guuttachuu qabu guuttatee waan jiruuf qindoominni unka afwalaloo kanaa cimina kan qabu ta’uusaa agarsiisa.

Afwalaloon dargaggeessi shamarree jaalatu tokkoof weeddisu kun xumura toora hunda irratti dhamsaga walfakkaatu /-e/ tiin waan xumuramuuf walunata sagalee qaba. Toorri (1, 3) sagalee dubbachiiftuu gabaabaa /-e/dhaan kan xumuramu ta’ee, toorri (2, 4) sagalee /-re/tiin goolabame. Toorri 1<sup>ffaa</sup> gaalee ‘Bokkaan tokko roobe’ jedhu keessatti jechi “bokkaan” jedhu dhamsaga dubbifamaa sagalee dhuma /-n/ qabaachuuniifi toora 3<sup>ffaa</sup> irratti jecha “keen” jedhu keessatti dhamsaga dubbifamaa /-n/ waliin walirra bu’a. Toorri (2, 4) wantoota hedduutiin walfakkaatu. Innis jechoonni jalqabaafi dhuma toora lammanii irra jiran, garaagarummaa hinqabani. Toora kanneen keessatti jechoonni akka “gannaa’fi ‘dammaa” jedhan dhamsaga sagalee dubbachiiftuu /-aa/ ofirraa qabu. Akkasumas sagaleen jabaa /nn/ jecha “ganna” jedhu keessa, sagaleen /mm/ ammoo jecha “damma” jedhu keessatti argama. Bakka adda addaatti argamuun sagalee jabaa kunneenii gurra dhaggeeffatuuf hawwataa ta’a. Dimshaashatti, akkaataan qindoomina unka afwalaloo kanaa walalichi safara walaloo walqixa ta’e qabaachuu isaa agarsiisa. Kunis ta’uu kan danda’e toorri arfanuu baay’ina jechootaafi birsagaa walqixa ta’e qabaachuu isaaniitiini.



Afwalaloo weedduu durbaa dargaggeessaan weeddifamu kana keessatti irradeddeebii jechootaati keessatti argama. Toora 2<sup>ffaa</sup>fi4<sup>ffaa</sup> keessatti jechoonni “yaa” ‘jedhu bifa irra deebiitiin dhiyaateera. Jiraachuun irra deddeebii jechootaa ammoo walaloon kun yeedaloo gurra dhaggeeffataa akka ofitti hawwatu gochuu keessatti shoora olaanaa qaba.

Namoonni uumama naannoo isaatti argaman ilaaluudhaan waan argan sana ammoo waldorgomsiisuudhaan yaada ittiin ibsachuu barbaadan sana ibsatu. Walaloon weedduu durbaa itti aanee jiru yaada kana bifa agarsiisuu danda’uun dhiyaate.

3.Ur-jiin ji-’a –mi-ti (a)

Ca-la-qif-ti ma-lee (b)

Ji-’a –caal-tiif ma-lee (b)

Dur-bi fi-ra mi-ti (a)

Fi-ra caal-ti ma-lee. (b)

Madda: (Obbo Zawudee Aagaa,2013)

Akka buufata afwalaloo kanaatti, dargaggeessa weedduu kana weeddiseef durbi iddoo guddaa qabaachuu ishee agarsiisa. Kanaafuu, durbi akka firaa osoo hintaane dargaggeessa kanaaf firaan olitti iddoo olaanaa akka qabdu agarsiisa. Toorri (4, 5) yaada kana cimsee kan ibsudha. Hawaasa keessattis dhugaa kanatu ifatti mul’ata. Dargaggeessi tokko erga gaa’ila dhaabbateen booda abbaafi haadha isaa irraa adda bahee umurii isaa guutuu haadha warraa isaa waliin jiraata. Buufata kana keessatti wantoota garagaraa walbira qabani waldorgomsiisuun dhiyeessanii jiru. Isaanis kanneen akka “urjiifi ji’a” bakka tokkotti,” firaafi durba” ammoo bakka tokkotti. Kunis urjiin yoo akka ji’aa ifa kenniteyyuu bakka ji’aa bu’uu akka hindandeenye, ji’a caaltee akka jirtu agarsiisa. Yaada kana ka’umsa taasifachuun kan ilaallu yoo ta’e, dargaggeessaa kanaaf durbi hawaasicha keessatti akka firaatti ilaalamtuuyyuu isaaf ammoo fira caaltee argamuu ishee agarsiisa. Yaadni toora lamman gara dhumaa keessatti argamu isuma kana ibsa. Dabalataanis jechoonni walfakkaatan kan itti baay’ataniifi wantoota ittiin ibsuun barbaachise sana haala ibsuu danda’aniin dhiyaatanii jiru. Itti aansuun ammoo xiinxalli unka buufata afwalaloo kanaa itti aanee kan dhiyaatu ta’a.

Buufanni afwalaloo kanaa dheerina kan hinqabneefi toora muraasa irraa ijaarame. Kana qofa osoo hintaane tokko tokkoon toora buufata afwalaloo kanaa jechoota baay'ee muraasa ta'an irraa kan qindaa'e ta'uu isaati. Haala kanaan ijaaramuun isaa to'atamaa waan ta'eef bifa salphaa ta'een sammuu qabachuuffillee kan gargaaru ta'uu mala.

Jechoonni toorri buufatichi irraa ijaarame baay'ina birsagaa garagara ta'e qabu. Haata'u malee toorri (4, 5) baay'inni jechootaafi baay'inni birsagaa jechoonni kunneen irraa ijaaraman walqixxeedha. Bo'oowwan sadan gara jalqabaa irratti argaman ammoo baay'inni jechootaafi baay'inni birsagaa jechoonni kun irraa ijaaraman tokko miti. Haata'u malee akka waliigalaatti tokko tokkoon toora buufatichi irraa ijaarame birsagaa jaha jaha qabu.

Ulaagaa unki buufata walaloo kanaa ittiin madaalamu keessaa inni tokko walunata sagaleewwaniiti. Walunanni sagaleewwanii dhuma bo'oowwanii irratti argaman haala dhamsagoota unka cufamaa /a-b-b-a-b/ irratti hundaa'ee ijaarame. Walunatni sagalee dhuma toora 1<sup>ffaa</sup> irratti dhamsaga /i/ tiin eegalee toora lama irra utaaludhaan dhuma toora 4<sup>ffaa</sup> irratti sagalee /i/ tiin walirra bu'a. Toorri (2, 3) ammoo xumurri isaanii birsagaa sagalee dheeraa ofirraa qabu /lee/ tiin eegalee dhuma toora 5<sup>ffaa</sup> irratti birsagaa walfakkaataa sagalee /lee/ tiin xumuramu.

Irra deddeebiin jechootaa afwalaloo kana keessatti bifa adda ta'een mul'ateera. Akka fakkeenyaatti toora (1,3) irratti jechi "ji'a" jedhu bifa irra deebiitiin dhiyaatee jira. Akkasumas toora (2, 3, 5) irratti jechi "malee" jedhu jechoota kanneen afwalaloo kana keessatti dhiyaatan irra caalaa baay'inaan irra deddeebi'amee jira. Dabalataanis toora (4, 5) irratti jechi walfakkaataan "fira" jedhu kan dhiyaate ta'uu isaati. Guutummaa guutuutti, bakka garagaraatti argamuun irra deddeebii jechootaa walalichi yommuu gara sagaleetti jijjiiramee weeddifamu miidhagina akka gonfatu taasisa.

Adeemsa bultii ijaarrachuu keessatti namoonni umuriin isaanii walgitu walitti dhufuu akkuma danda'an kanneen umuriitiin walcaalan walitti dhufuu danda'u. Haata'u malee lachan isaaniyyuu fedhii waliif qaban irratti hundaa'anii walitti dhufan waan ta'eef komeen gidduu

isaaniitti uumamu jiraachuu dhiisuu mala. Kana waan ta'eef afwalaloon itti itti aanee jiru bifa kana agarsiisuun dhiyaateera.

4.Gee-xa-hon a-ra-ma (a)

Hoo-laan buq-qi-fat-te (b)

Kee-ta-'uun ba-ra-na (a)

Yoo-na gud-di-fat-te. (b)

Madda: (Obbo Mitikkuu Baqqalaa,2013)

Weedduun durbaa gara oliitti dhiyaate kun kan shamarraniin weeddifamudha. Shamarran dargaggeessa keessoo isaaniitti jaallatan tokkoof weeddisu. Innis ijaarsaafi qindoomina mataasaa danda'e hordofeeti. Kan ijaarame bo'oowwan afur irraa ta'ee, haalli itti fayyadama jechootaa caasaa isaa kan eeggatee kan dhiyaate ta'uu isaati. Afwalaloon kun buufata baay'ee gabaabaa ta'eefi bo'oowwan gaggabaaboo ta'an irraa ijaarame. Kunis kan ta'uu danda'e, tokko tokkoon bo'oowwan isaa jechoota muraasa irraa waan ijaaramaniif. Fakkeenyaaf bo'oon (1,2) jechoota lama lamarraa, bo'oon (3,4) ammoo jechoota sadii irraa ijaaraman.

Bo'oowwan buufatni weedduu durbaa kun irraa ijaarame akkaataan walunata sagalee isaa sirnaan kan walsimate ta'uusaa agarsiisa. Kunis walunata sagaleewwan dubbachiiftuu /a-b-a-b/ hordofee ijaarame. Walunatni sagalee toora jalqqabaa irraa dhamsaga dubbachiiftuu /-a/ tiin eegalee toora 2<sup>ffaa</sup> irra darbuutiin toora 3<sup>ffaa</sup> irratti sagalee dubbachiiftuu /-a/ tiin xumurame. Akkasumas dhuma toora 2<sup>ffaa</sup> irratti /-e/ tiin eegalee toora itti aanee jiru bira darbee xumura toora 4<sup>ffaa</sup> irratti sagalee gosa tokko /-e/ tiin kan dhumatu ta'a. Dimshaashatti afwalaloon weedduu durbaa shamarraniin weeddifamu kun unkawwan walaloo keessaa unka cufaa hordofee kan ijaaramefi safara walqixxee ta'e qaba.

Toorri gara jalqabaa lamman jechoota lama lama irraa kan ijaaraman yommuu ta'u, jechoonni toora 1<sup>ffaa</sup> irratti argaman birsaga walqixa ta'e qabu. Kanaafuu toorri kun birsaga jaha qabaachuu isaati. Toorri 2<sup>ffaa</sup>n jechoota lama irraa haaijaaramu malee, baay'inni birsaga jechoota kanneenii tokko miti. Fakkeenyaaf toora kana keessatti jechi "hoolaan" jedhu birsaga lama qaba. Itti aansuun jechi "buqqifatte" jedhu ammoo birsaga afur qaba jechuudha. Haata'u malee toorri 3<sup>ffaa</sup>n toora isa dhuma dabalatee jechoota sadii irraa kan ijaarameefi toorawwan lammanuu qofa qofaa isaaniitti birsaga jaha jaha qabu. Walumaagalattti buufatichi

bo'oowwan birsaga jaha jaha qabu irraa ijaarame yommuu ta'u, walsimannaan sagaleewwaniifi gaggabaabinni toora buufata isaa afwalaloon kun unka cufamaa hordofee akka ijaaramu isa taasiseera.

Weedduun kamiyyuu yommuu weeddifamu kan gurra dhaggeeffattootaatti tolu ta'uu qaba. Yoo kana hintaane haalli ijaarama unka walaloo isaa rakkoo qaba jechuudha. Kanaafuu, yaa'insi sagalee walaloo kana keessatti gurra dhaggeeffattootaatti dhagahamu safara birsagaafi walunata sagaleewwanii walqixxee ta'een dhiyaateera. Kunis ifa bahee kan mul'ate toora (1fi2) keessattidha. Fakkeenyaaf toora 1<sup>ffaa</sup> irratti jecha 'geexahuun' jedhu keessatti birsagni jalqabaa /gee-/ jedhu irra sagalee dheeraa /-ee/ n jiraachuuniifi toora 3<sup>ffaa</sup> irratti jecha jalqabaa "kee" jedhu sagalee dheeraa /-ee/ jedhu ofirraa qabaachuun isaa yaa'insi sagalee miidhagina qabu gurra namaatti dhagahamu jiraachuu isaa agarsiisa.

Akkasumas toora 2<sup>ffaa</sup> irratti jecha "hoolaan" jedhu keessatti birsaga jalqabaa /hoo-/ jedhu irra sagalee dubbachiiftuu dheeraan /-oo/ jedhu jiraachuuniifi toora dhuma irratti jechi jalqabaa "yoo" jedhu dhamsaga sagalee dheeraa /-oo/ jedhu qabaachuun yaa'insi sagalee bakka adda addaatti jiraachuu isaa agarsiisa. Kana qofa osoo hinta'iin jabinniifi laafinni sagalee iddoo garagaraatti mul'atu yaa'insa sagalee keessatti bakka olaanaa qaba. Fakkeenyaaf toora (2fi4) keessaatti jechoonni "buqqifattefi guddifatte" jedhaman jabina sagalee /qq/ fi/dd/ duraaduubaan keessatti argamu. Waliigalatti yaa'insi sagalee yookiin bakka isaaf ta'utti argamuun isaa afwalaloon weedduu durbaa kun amala muuziqaa akka horatu isa taasiseera.

Kanneen waljaallatan waan jedhanii ittiin walfaarsan hindhaban. Yaada keessoo isaanii jiru bifa ittiin waliif ibsuu danda'aniin tooftaa gara garaatti fayyadamu. Tooftaa yaada isaanii ittiin waliif ibsan keessaa ammoo inni tokko afwalaloo weedduu durbaati. Kanaaf akkana jedhanii weeddisu.

- 5.U-tuu ak-ka baa-la-saaf (a)  
 Buq-qee gan-na nyaa-tu (b)  
 U-tuu ak-ka jaa-la-laaf (a)  
 Buk-keet-ti wal-baa-tu. (b)

Madda:(Obbo Mitikkuu Baqqalaa,2013)

Weedduun kun dargaggeessaan weeddifama. Dargaggeessi kana weeddisu yoo sababa garagaraatiin shamarree jaallate qaamaan argee waliin dubbachuuf carraa hinarganne ta'e, bifa kanaan yaada isaa ibsaaf. Fakkeenyaaf sababa ko'umaa, fageenya lafaa, sodaafi haalli mijachuu dhiisuufii irraa kan ka'e yeroofi bakka barbaadanitti walarguu dhiisuu danda'u.

Weeddicha erga dargaggeessi haala kanaan weeddise booda shamarran dabaree isaanii eeguudhaan bifa weedduu dargaggeessaa kanaaf deebii kennuutiin kan ofii isaanii itti aansanii weeddisu. Buufanni weedduu durbaa kun bo'oowwan muraasa ta'an irraa ijaarame. Bo'oowwan (1, 2, 3) baay'ina jechootaa walqixa ta'e yommuu qabaatan, bo'oon gara dhumaa jiran jechoota lama irraa ijaaraman.

Unka walalichi irraa ijaarame yoo kan ilaallu ta'e ammo unka cufamaadha. Haalli qindoomina unka isaa unka cufama irratti hundaa'ee ijaarame. Buufata kana keessatti waanti akka addaatti ilaalamu baay'ina birsagaa bo'oowwan arfan irraa ijaaramanidha. Innis unka walunannaa sagalee /a-b-a-b/ tiin dhiyaate. Fakkeenyaaf bo'oon 1<sup>ffaa</sup> birsaga torba, bo'oon 2<sup>ffaa</sup> jaha, bo'oon 3<sup>ffaa</sup> birsaga torbaafi bo'oon 4<sup>ffaa</sup> birsaga jaha yookiin birsaga (7. 6- 7- 6) qabu. Afwalaloon kun amala unka cufaa waan qabuuf, walunatni sagalee isaa /a-b-a-b/ hordofee kan ijaarame ta'uu isaati. Unka cufamaa akkanaa hordofee dhiyaachuun isaa sammuu namaa keessaa salphaatti akka hinhaqamne godha. Miidhaginniifi qindoominni isaa akka eegamu gochuuf illee gahee olaanaa qabu.

Safarri afwalalichaa bo'oowwan (1, 3) keessatti argamu walqixeedha. Lamman isaaniyyuu birsaga torba torba qabu.; toorri (2, 4) ammoo birsaga jaha jaha qabu jechuudha. Kana jechuun toorri (1, 3) safara walqixa, toorri (2, 4) ammoo safara walqixa ta'e qabu jechuudha. Yaa'insi

sagalee afwalaloo kana keessatti mul'atu, "Utuu akka baalasaaf" jedhu toora 2<sup>ffaa</sup> irra darbee gaalee "Utuu akka jaalalaaf" jedhu waliin walargata.

Dargaggeessiifi dargaggeettiin yeroo weedduu durbaa weeddisan dabaree isaanii eeggachuudhaan waljalaa qabaniidha. Adeemsa kana keessatti bifa weedduu jalqabarra dhiyaateef deebii kennuutiin weedduun itti aanu dhiyaata jechuudha. Kana waan ta'eef weedduun itti aanu bifa kana agarsiisuu danda'uun kan dhiyaate ta'uu isaati.

6. Dam-ma yoo-nyaa-tan (a)

Ga-gaa gur-gu-ra-tu (b)

Gaa-fa wal-yaa-dan (a)

Qo-faa du-dub-ba-tu. (b)

Madda: (Obbo Takkaa Suutumaa,2013)

Weedduun kun kan dhiyaate waarra shamarraniinidha. Yeroo kana warri dargaggeeyyiin gurra qeensanii dhaggeeffachaa ykn. yaadaan caqasaa. weedduu itti aanuuf ofqopheessu. Kun hundi kan raawwatu, weedduu durbaa keessatti yeroo sirba isgeewuyaa sochii qaamaatiin deggeramee sirbamudha.

Buufatichi gama hundaanuu baay'ee gabaabaa kan ta'e bo'oo afur irraa ijaarame. Kunis kan ta'uu danda'e toorri 1<sup>ffaa</sup>n jechoota sadii irraa, toorawwan sadan hafan hundi isaanii jechoota lama lama irraa ijaaramaniif. Bo'oowwan kanneen keessatti ijaarsi caasaa jechootaa kan eegamee jiru ta'uu isaati. Eegamuun ijaarsa caasaa jechootaa ammoo gama hiika kennuutiin hanqinni akka hinuumamne taasisa.

Xiinxaluu dandeenya. Fakkeenyaaf toorri (1, 3) qofa qofaa isaaniitti birsaga shan shan qabu. Faallaa kanaatiin ammoo toorri (2, 4) qofa qofaa isaaniitti birsaga jaha jaha qabu. Yookiin duraa duubaan birsaga (5-6-5-6) qabu. Gama birootiin ammoo akkaataan dhiyeenya safara afwalaloo kanaa, toorri (1, 3) safara walqixaa ta'e qabu. Kunis kan ta'uu danda'e baay'inni birsaga isaa walqixxee waan ta'eef (5, 5). Akkasumas toorri (2, 4) safari isaanii walhincaalu; jaha jaha ta'a jechuudha. Safara akkanaa qabaachuun afwalaloo kanaa weedduun kun yemmuu

weeddifamu turtiin yeroo inni fudhatu kan toora (1, 3) tiin tokko ta'uu isaa agarsiisa. Akkasumas turtiin yeroo kan toora (2, 4) kan walhincaalle ta'uu issaa agarsiisa.

Afwalaloon akkanaa unka cufaa waan hordofuuf, walunannaa sagaleewwanii kan mataasaa danda'e qaba. Innis akka hunka banamaa (open form) unka gadhiisii hordofee waan hindhiyaanneef, unka to'atamaa ta'e haala sagalee /a-b-a-b/ tiin dhiyaate. Akka fakkeenyaatti toorri (1, 3) unka walfakkaataa sagalee dubbifamaa /-n/ tiin xumuramu qabu. Toorri (2, 4) ammoo unka gosa tokko sagalee dubbachiiftuu /-u/ tiin xumuramu qabu jechuudha.

#### 4.5.1.Xiinxala Unka Weedduu Durbaa Hirreewwee

1. Kom-bol fii-xee bad-daa (a).....**Hirreewwee**  
Mur-tee hin-bal-lees-siin (b)  
Go-ror-ri kee-dam-maa (a)  
Tuf-tee hin-bal-lees-siin. (b)

Madda: (Obbo Takkaa Suutumaa,2013)

Akka aada Oromoo ganamaa sanatti sirbi weedduu durbaa erga xumuramee booda michuun lamman walfudhatanii bakka isaaniif mijataa ta'etti qabdoo waliin taa'u. Osoo sirbi hinraawwatiin qabdoo taa'uun hindanda'amu. Kutaa isaanii waliin aguuggatanii tapha isaanii eegaluu. Gorora isaanii waliin dhandhamatu. Kun hundi kan raawwatu daangaa aadaa hawaasichaa keessatti of eeguudhaani. Kanaafuu. buufata armaan olii kana keessatti bo'oo 3<sup>ffaa</sup> irratti gorora mucayyoo dammatti fakkeessanii dhiyeessan. Sababiin isaa gosa soorataa keessaa dammi filatamaafi mi'aawaa waan ta'eef. Kana waan ta'eef bo'oo dhumaa keessatti waan akka dammaa mi'aawaa ta'e lafatti tuftee hinballeessiin jechuu isaati.

Toorri buufatichi ofkeessatti hammatee jiru baay'innisaa afur. Bo'oowwan kunneen baay'ee gaggabaaboofi jechoota muraasa irraa ijaaraman. Jechoota muraasarraa ijaaramuun isaa afwalaloowwan toora gaggabaaboo qaban keessatti akka ramadamu taasisaera.

Buufatni weedduu kanaa filannoo jechootaa ofkeessaa qaba. Innis jechoonni ergaa dabarsuuf humni isaan qaban tokko miti. Kanneen ergaa bal'aa ta'e dabarsuu danda'an akkuma jiran, kanneen dhaamsa gahaa ta'e dabarsuuf human laafaa qaban jiru. Fakkeenyaaf afwalaloo kana

keessatti jechi “kombol” jedhu jecha murteessaadha. Sababiin isaa mukni ‘kombol’ jedhamu kun mukkeen naannoo qilleensa baddaatti argaman keessaa muka filatamaa waan ta’eef. Kunis akkuma dammi faayidaa olaanaa qabu, gatiin gorora mucayyoof kenname olaanaa ta’uusaa agarsiisa.

Safara afwalaloo kanaa bakka lamatti qoodnee ilaaluu dandeenya. Inni duraa safara walaloo baay’ina jechootaa bo’oowwan irraa ijaaraman yommuu ta’u, inni lammataa ammoo baay’ina birsagaa bo’oowwan irraa ijaaraman ta’a. Kanaafuu, safarri baay’ina jechootaa bo’oowwan mata mataa isaaniitti qaban yoo ilaalle bo’oo (1, 3) jechoota sadii sadiirraa yommuu ijaaraman, bo’oon (2, 4) ammoo jechoota lama lama irraa ijaaraman.

Unki bo’oowwan kunneen hordofanii dhiyaatan toorri 1<sup>ffaa</sup>n jechoota sadii, toorri 2<sup>ffaa</sup>n jechoota lama, toorri 3<sup>ffaa</sup>n jechoota sadii, toorri 4<sup>ffaa</sup>n jechoota lama (3-2-3-2) ta’u jechuudha. Kanaafuu safari unka afwalaloo kanaa kan walhincaalle ta’uu isaa agarsiisa. Safara walqixa ta’e qabaachuun isaa, yeroo weedduun kun weeddifamu turtiin yeroo bo’oowwan kunneen itti fudhatan akka walhinbuufne taasiseera. Fakkeenyaaf, (Kombol fiixee baddaa jechoota=sadii), (Murtee hinballeessiin jechoota=lama), (Gororri kee dammaa=jechoota sadii),(Tuftee hinballeessiin=jechoota lama) Gama birootiin ammoo bo’oowwan hundi birsaga walqixarraa ijaaramuun walqixxummaan safara isaa akka eegamu taasiseera.

Walunatni sagalee bifa unka /a-b-a-b/ hordofee ijaaramuun isaa afwalaloo kana unka banaa hintaasisu. Yoo unka cufamaa taasise malee. Sababiin isaa afwalaloon kun yeedaloo, walunata sagalee, safaraafi walqixxummaa waan qabuuf.

Nama jaallataniif akkaataan jaalala ofii ittiin ibsaniif bifa garagaraatiin ta’uu danda’a. Akkuma filannoo abbaatti kan addarra dhungatu akkuma jiru kaan maddiirra, kaan hidhii keessa, kaan barruu harkaa keessa, kaan ammoo areeda gubbaa dhungatee ofii isaatiifis gammadee ishees gammachiisa. Waanti gochaan bakkeetti bahee mul’atu kun afwalaloo weedduu durbaa keessatti argama. Sababiin isaa tooftaa dargaggoonni yaada isaanii shamarraniif ittiin ibsan waan ta’eef. Kanaafuu afwalaloon kun yaada kana dhugoomsuu irratti xiyyeeffata



2. Man-ni Ab-baa Gam-ma-chuu (a)  
 Gam-bee-la gaj-jal-laa (b)  
 Loo-sii na-dhun-ga-dhu (a)  
 A-ree-da gaj-jal-laa. (b)

Madda: (Obbo Takkaa Suutumaa,2013)

.Weedduun bakka kanatti dhiyaate kun kan dhiirotaan weeddifamu ta'ee mucayyoon inni itti sirbu sun jaalala keessoo ishee jiru osoo dhungattee itti agarsiistee kan itti tolu ta'uusaa agarsiisa. Ergaan bakka kanatti shamarraniif darbe kanaan ala ta'uu hindanda'u. Gama birootiin ammoo walaloon tokko unka garagaraa of keessaa qabaachuu danda'a waan ta'eef, akkuma buufata kanneen biroo armaan olitti dhiyaatanii unka walalichi irraa ijaarame ilaaluun nidanda'ama.

Bo'owwan buufatichaa kan jalqabaafi kan sadaffaa jechoota sadi sadi qabu. Kan lammaffaafi araffaa ammoo jechoota lama lama qabu jechuudha. Walunannaa sagalee qabuun toorri (1, 3) walfakkaatu. Innis sagalee dubbachiiftuu /-u/tiin waan xumuramuufi. Kanneen hafan toorri (2, 4) sagalee gosa tokko /-a/ xumura irratti waan qabaniif walunata sagalee walfakkaataa qabu jechuudha. Gama birootiin ammoo toora 1<sup>ffaa</sup> irratti jechi dhumarra jiru sagalee dubbifamaa /g/ tiin, toorri 2<sup>ffaa</sup> keessatti jechoonni lama sagalee /g/tiin kan eegalaniifi toorri 4<sup>ffaa</sup> keessatti jechi dhumarra jiru sagalee /g/tiin waan eegaleef, akkuma walunatni sagaleewwanii toora gidduuttis haata'u xumura bo'owwanii irratti argamuudhaan gurra dhaggeeffatuuf yeedaloo miidhagina qabu kennan, sagaleen dubbifamaa /g/ n xumura, jalqabaafi ammas deebi'ee xumura irratti argamuun isaa gurra nama dhaggeeffatuu ofitti hawwata. Kana qofa osoo hintaane jechi walfakkaataan bo'owwan garagaraa keessatti dhiyaatee jira. Fakkeenyaaf jechi "gajjallaa" jedhu toora 2<sup>ffaa</sup> fi 4<sup>ffaa</sup> keessa jira. Kan jalqabaa unkummaa isaa eeguudhaaf kan dhiyaate yoo ta'u, kan toora 4<sup>ffaa</sup> keessaa jiru ergaa darbu waliin waliitti dhufeenya qaba.

Toorri (1, 3) safara walfakkaataa akkuma qaban,. toorri toorri (2, 4) baay'ina jechootaa qabaniin waan walfakkaataniif safari bo'owwan kunneen qaban walqixa ta'a jechuudha.

Haata'u malee safara birsaga irratti hundaa'een kan ilaalaman yoo ta'e, toorri jalqabarra jiru bifa kanneen biroo irraa adda ta'een dhiyaateera. Innis qofaa isaatti birsaga torba qaba.

Bo’oowwan sadan walitti aananii argaman baay’ina birsagaatiin garaagarummaa waan hinqabneef safarri birsaga isaanii walqixxeedha.

Namni tokko hawaasa keessa jiraatu keessaa qofaatti adda ofbaasee bakka namni hinjirre qofaasaa jiraachuun baay’ee ulfaata ta’uu mala. Namni namaaf uumame; namni namaaf dawaadha, Sababiin isaa gaafa gaddaas ta’e gammachuu jireenya mataa waliif qabee, walgargaaree, walirraa baratee, waleege waliin jiraata waan ta’eefi. Kanumarraa ka’uudhaan akkuma Rabbi haadha warraa Hewaan (Hawwaa) Addaamiif (Adamiif) kenne sana dargaggeessa tokko biratti shamarreen tokko nibarbaachifti. Sababiin isaa waliin waliif miidhagu waan ta’eefi. Simbirroon iyyuu kormaafi dhalaa ta’anii waliin jiraatu; waliin mannee ijaarratu. Kanaafuu dargaggeessi yeroo dargaggummaa isaatti qofaa isaa waan ta’eef shamarree isaaf taatu barbaada. Kanaafuu qofaa yokiin kan hinfuune ta’uusaa afwalaloo weedduu durbaatti fayyadamee ergaa isaa dabarfata. Kana waan ta’eef, walaloon itti aanee jiru yaada kana calaqqisiisa.

3. Maa-lan qa-baan ho-dha  
Fin-coo gad-dii-ga-nii  
Maa-lan qa-baan ob-sa  
Sit-too na-dhii-sa-nii.

Madda: (Obbo Ligdii Firriisaa,2013)

Akka afwalaloo kanaatti nama waan tokko ofharkaa hinqabne, nama harka duwwaa ta’etu haala kanaan weeddisa. Innis mucayyoo weeddisuuf sana malee jaalallee gara biroo kan hinqabne ta’uusaa himata. Kunis kan ibsame toora dhumarra jiran lamman (3, 4) keessattidha.

Afwalaloo kana keessatti bakka hedduutti irradeddeebii gaaleeti mul’ata. Kunis fakkeenyaaf toora (1, 3) keessatti gaaleen “maalan qaban” jedhu si’a lama dhiyaateera. Kan duraa unka isaa eeguudhaaf dhiyaate; kan lammataa ammoo ergaa dabarsuudhaaf dhiyaate. Unka akkanaa qabaachuun isaa yaa’insa sagaleetiif gumaata olaanaa qaba. Gama birootiin ammoo yaa’insi sagalee afwalaloo kana keessa jiru bifa gurraaf hawwataa ta’een baay’ina jechootaa walqixa ta’een toora (1, 3) keessatti dhiyaateera. Fakkeenyaaf “maalan qabaan hodhafi maalan qabaan obsa” jedhu waan jiruuf yaa’insa sagalee qaba jechuudha.

Akkuma walunatni sagaleewwanii unka afwalalichi qabu hordofuudhaan xumura bo’oowwanii irratti argaman, bo’oowwan garagaraa keessatti jechoonni tokko tokko birsagni isaanii inni dhumaa walfakkaata. Fakkeenyaaf toora 2<sup>ffaa</sup> keessatti jechi jalqabarra jiru ykn. “fincoo” jedhu birsagni dhumaa /-coo/, toora 4<sup>ffaa</sup> keessatti jechi jalqabarra jiru ykn. jechi “sittoo” jedhu birsaga /-too/ jedhu qabaachuun yaa’insa sagalee qabaniin walsimanii jiru. Kanaafuu, qindoominni akkanaa kun walunata sagaleewwanii xumura bo’oowwanii irratti argaman waliin waan waldeggeree dhiyaateef dhaggeeffattootaaf illee baay’ee filatamaa ta’a.

Birsaga qaban irratti fuuleffachuun ammoo bo’oowwan sadii (1, 3, 4) birsagni isaanii walqixxeedha. Birsaga jaha jaha qabu. Toora buufatichaa keessaa toorri 2<sup>ffaa</sup> birsaga torba qabaachuutiin adda ta’ee argama.

Waanti hundi yeroo itti raawwatamu qaba. Qotuun, yeroo itti facaasuu, armuufi, haamu yeroo mataasaa danda’e qaba. Sababiin isaa yeroo kaa’ameefiin alatti kan raawwatamu yoo ta’e, firiin achirraa argamu nama gammachiisuu dhiisuu danda’a. Jireenya dhala nammaa keessattis kanummati deebi’ee mul’ata. Umurii irratti hundoofnee kan ilaallu yoo ta’e, sirba weedduu durbaa keessatti qooda fudhachuu kan danda’u dargaggeessaafi dargaggeettii gaa’ila hindhaabbanne qofadha. Kanneen gaa’ila dhaabbatan keessatti hirmaachuu hindanda’an. Sababiin isaa qeerroo waan hintaaneef nituffatamu.

Dargaggeeyyiiniifi shamarran weedduu durbaa kan weeddisan haala keessa jiran irratti hundaa’aniiti. Kanneen tokko tokko jaalallee isaanii waliin qaamaan walarguuf waantonni gufuu itti ta’an nijiru. Kanneen bultii ijaarrachuu barbaadanis akkuma kana. Haalotni dargaggootaafi shamarranitti danqaa ta’an keessaa kan akka gargar fageenyaa, sodaa maatii isaanii, waldorgommii shamarran irratti taasifamu, bakka itti walargan dhabuufi kanneen fuudha barbaadaniif ammoo kurfii cidhaaf barbaachisu dhabuu danda’u.

4. Bi-shaan haa-ta-lii-lu  
Bud-duuq-see dhu-gin-naa  
Bir-raan haa-ba-rii-tu  
Si-fu-dhee bad-in-naa.

Madda: (Obbo Ligdii Firriisaa,2013)

Kanaafuu, akka buufata kana keessatti dhiyaatee jirutti, haala qabatamaa yeroo sanatti dargaggeessichi keessa jirutti qaamaan jaalallee isaa waliin walarguu hindandeenye. Yoo gaa'ilaaf kan barbaadus ta'e yeroon sun mijataa miti. Kanaaf rakkoo isaa waan beekuuf yeroo haalli gara fuulduraatti mijatu jaalallee isaa waliin walfudhatanii galuuf waadaa galuu isaa agarsiisa. Yaada kana afwalaloo weedduu durbaa keessaan goree dhaamsa isaa dabarfata. Fakkeenyaaf toora lamman dhumarra jiran yoo ilaalle "Birraan haabariituufi sifudhee badinnaa" kan jedhu yaada armaan olitti ibsame ofkeessatti qabatee jira. Unki afwalalichi iraa ijaarame ammoo akka armaan gadiitti xiinxalameera.

Buufatichi yaa'insa sagaleewwanii mudaa hinqabneefi safara bo''oowwanii eegee dhiyaateera. Innis haala ijaarsa unka bo'oowwaniifi caasaa isaa irratti hundaa'eeti. Fakkeenyaaf toora (1, 3) keessatti yaa'insi sagalee jiru walfakkaataadha. Akkasumas kan toora (2, 4) baay'inni jechootaa bo'oowwan kunneen irraa ijaaramaniifi dheerinni bo'oowwanii adda addummaa hinqabu. Dabalataan kan toora (2,4) keessatti argamu yaa'insa sagalee walqixa qaba. Kana malee jalqaba bo'oowwan (1, 2, 3) irratti sagalee walfakkaatu /b/n kan eegalame ta'uusaati. Waantonni olitti caqafan hundi buufatichi amala unka walaloo cufaa qabaachuusaa agarsiisa.

Bo'oowwan (1, 2, 3) baay'inni jechoota isaan irraa ijaaraman lama lama ta'ee baay'inni birsaga isaan qaban walqixxeedha. Hundi isaanii birsaga jaha jaha qabu. Haata'u malee toorri 4<sup>ffaa</sup>n jechoota sadii kan qabu ta'ee, baay'ina birsagaatiin kanneen biroo waliin walfakkaata.

Walunanni sagaleewwanii bakka itti argaman sanatti unka ittiin dhiyaatan hordofuun walsimataniiru. Fakkeenyaaf bo'oon (1, 3) bakka tokkotti, bo'oon (2, 4) ammoo bakka tokkotti walunannaa sagalee unka cufaa /a-b-a-b/ qabu jechuudha.

Safarri bo’oowwanii kan (1, 2, 3) addummaa hinqaban. Sabaabiin isaa jechoonni isaan irraa ijaaraman walqixa waan ta’eefi. Toorri dhumarra jiru garuu safara adda ta’e qaba. Sababiin isaa baay’ina birsaga qabuun yoo tokko ta’e iyyuu, jechoota sadiirraa waan ijaarameefi.

### **A.Buufata Dheeraadhaan Kanneen Dhiyaatan**

Walaloo weedduu durbaa baay’inaan walitti qabaman wabeeffachuun walaloowwan weedduu durbaa Godina Bunnoo Beddellee heedduminaan toora muraasa ykn.toora afur irraa haaijaaraman malee kanneen toora hedduu irraa ijaaraman jiru. Toora hedduu irraa ijaaramuu isaa kan mirkaneessu, afwalaloowwan gosa akkanaa yoo weeddifaman osoo addaan hincitiin hanga xumura isaatti sagalee baasanii weeddisu waan ta’eef.

- 5. Muk-ni ga-ma kees-sa-nii (a)
- Ga-ma kee-nyat-ti haa ji-gu (b)
- Ar-faa-saan wa-laaw-wa-lee (c)
- Bir-raan ga-ra siin ga-lee (c)
- Ga-ma kee-nya si hin fi-duu (b)
- Yaa ma-gaa-la sir-bi-tuu (b)
- Ga-ma kee-nya iy-yuu mi-tii (a)
- Si-ree koo ir-ra si hin-fi-duu (b)
- Si-reen koo gor-roo duu-baa (d)
- A-faan is-aa ku-saa-’ee-dhaa (d)
- Ir-rat-ti siin haa-ku-tuu (b)
- Ak-ka il-maan bu-shaa-yee-dhaa. (e)

Maadi (Abduu Aagaa,2013)

Gosa sirba weedduu durbaa kana keessatti weedduu kana haala kanaan kan weeddisan dargaggootadha. Gaheen shamarranii dibbee rukkutuufi yeedaloo sagalee dibbee ofii isaanii qindeessan irraatti hundaa’uudhaan wayita sirbi mormaa eegaluu dargaggeeyyii waliin sirbu.

Dargaggeeyyiin sochii qaamaa sirba hirreewwee keessatti taasifamu mara raawwachuuf akkaataa rukkutaa yookiin yeedaloo dibbeetu isaan qajeelcha jechuudha. Buufatni afwalaloo kanaa akkuma dheerina buufata isaatti kutaa adda addaatti qoodnee ilaaluu dandeenya. Inni

jalqabaa bo’oowwan (1, 2, 3, 4) jalqabarra jiran bakka tokkotti, bo’oowwan itti aananii jiran (5, 6, 7, 8,) bakka tokkotti, bo’oo (9, 10, 11, 12) ammoo bakka tokkotti qooduudhaan kaa’uu dandeenya. Bu’uurri qoodama kanaa ammoo unka, walitti hidhamiinsa yaadaafi ergaa isaa irratti hundaahuu mala.

Toorri (1, 2, 3, 4) jalqabarra jiran hariiroo unkaa warra gara gadii jiran waliin qaban eeguudhaaf kan dhiyaatan malee ijoo dubbii itti aanee gara gadii jiru waliin hidhata cimaa hinqaban. Itti kabaadhaaf dhiyaatan jechuudha. Weedduwwan armaan olitti xiinxalaman hunda isaanii keessatti bo’oowwan gara jalqabaa irra jiran ijoo dubbii ofkeessaa hinqaban. Kan weedduu kanaas kanneeniin walfakkaata.

Afwalaloo kana keessatti yaa’insi sagalee gurratti tolu dhiyaateera. Fakkeenyaaf toora (2, 5, 7) keessatti gaaleen “gama keenya” jedhu duraaduubaan waan dhiyaateef danqaa tokko malee yaa’insi sagalee hawwataa ta’e uumameera. Dabalataan toora (8,9) keessatti gaalee “siree koo” jedhu yaa’insi sagalee walfakkaataa ta’e mul’ateera..

Walunanni sagaleewwanii buufaticha keessatti argaman bakka heedduutti gargar fagaatanii jiru. Fakkeenyaaf kan xumura toora 1<sup>ffaa</sup> irra jiru, sagaleen dubbachiiftuu /-a/ n bo’oowwan hedduu irra qaari’ee bo’oo 7<sup>ffaa</sup> waliin walsimee jira. Kan dhuma toora 2<sup>ffaa</sup> irratti argamu sagaleen /-u/ bo’oowwan lama lama irra qaaritee toora (5, 6, 8, 11) waliin walsimattee jirti. Kanneen hafan kan toora (3, 9) gargar fagaatanii osoo hintaane, achuma toora itti aanee ollaa isaanii jiru waliin walsimaniiru. Unka walsimannaa sagaleewwanii gargar fagoo ta’ee qabaachuun isaa afwalalichi amala muuziqaa ofkeessaa qabaatee dhaggeeffataa ofitti hawwachuu irratti hanga ta’e dhiibbaa qabaachuu danda’a.

Waan isaaf ta’u yookiin filannoo isaa abbaadhuma isaatu beeka. Sababiin isaa filannoo garaa ofii garaadhuma ofiitu beeka waan ta’eef. Ani waanan si jaalladheef atis dirqama na jaallu jechuun jaalala dhugaa miti. Kanaaf afwalaloo itti aanee dhiyaatu keessatti yaada akkanaa argina.

6. A-ga-daa nyaa-dhu jen-naan (a)  
 A-ga-daa si-tuu di-dee (b)  
 A-na-faa jaal-lu jen-naan (a)  
 A-na-faa si-tuu di-dee (b)  
 Nyaa-dhu-kaa si phoo qe-'ee (b)  
 I-sa ob-dii kee-ba-re (b)  
 Jaal-lu kaa-suub-boo qe-'ee (b)  
 I-sa qoom-mii kee ba-re. (b)

Madda: (Obbo Kadir Dhaabaa,2013)

Ijaarsi caasaa afwalaloo armaan olii buufata dheeraa ta'e tokko kan bo'oowwan saddeet irraa ijaarame qaba. Bo'oowwan kanneen keessatti jechoonni walfakkaatoon toora garagaraa keessatti argamaniiru. Fakkeenyaaf jechi "agadaa"fi"anafaa" jedhan toora (1, 2)fi(3,4) keessatt, jechi "bare" jedhu xumu ra toora (6, 8) keessatti kanneen dhiyaatan ta'uu isaati.

Yaa'insi sagalee gurra dhaggeeffattootaatti dhagahamu gufuu tokko malee bo'oowwan adda addaa keessatti bifa walqixa ta'een walsimee dhiyaateera. Fakkeenyaaf "nyaadhu jennaanfi jaallu jennaan" toora (1, 3) keessatti yaa'insa sagalee walfakkaataa qaba. Dabalataan "siphoo qe'eefi suubboo qe'ee" kan jedhu toora (5, 7) keessatti akkasumas "obdii keefi qoommii kee" jedhu toora (6, 8) keessatti yaa'insa sagalee qabaachuudhaan walqixa ta'uu isaanii agarsiisa.

Afwalaloo gosa weedduu durbaa hirreewwee keessatti dhiyaate kana keessatti walunannaa sagaleewwannii sirnaan tarreeffaman qaba. Innis tarreeffama sagaleewwan walunatanii haala / a-b-a-b-b-b-b-b/ hordofee ijaarame. Afwalaloon kun bakka itti argama walunata sagaleewwannii irratti hundaa'uudhaan addummaa qaba. Innis toora 1<sup>ffaa</sup> irraa eegalee toora 3<sup>ffaa</sup> irratti kan xumuramuufi toora 4<sup>ffaa</sup> irraa eegalee ammoo bifa walfakkaataa ta'een kan tarreeffaman ta'uusaa agarsiisa.

#### 4.5.2.Xiinxaala Unka Afwalaloo Weedduu Haahiyyee

Haahiyyeen bakka dargaggeessiifi dargaggeettiin argamanitti kan weeddifamudha. Weedduu kana keessatti kanneen qooda fudhatan dargaggeeyyiidha malee shamarran miti. Shamarran dargaggeessa jalaa qabuudhaan kan weeddisan osoo hintaane, dibbee rukkuutuufi

dargaggeessatti sirbuudhaan hirmaannaa taasisu jechuudha. Kana waan ta'eef xiinxalli unka weedduu haahiyyee akka armaan gadiitti dhiyaateera.

1. Maar-ra-taan ..... haahiyyee ..... a-faan og-dii (a)  
Waan aj-jee-se ..... haahiyyee ..... hin bee-ku (b)  
Waa-shoon koo ..... haahiyyee ..... naaf boos-si (a)  
Waan dha-gees-se ..... haahiyyee ..... Hin bee-ku. (b)

Madda: (Abbaa Gadaa Tasammaa Taaddasaa, 2013)

Afwalaloo jaalalaa armaan olitti dhiirotaan weeddifamu kun dhuma bo'oowwanii irratti walunata sagaleewwanii qaba. Walunatni sagaleewwanii kun walitti aanee kan argamu osoo hintaane kan bo'oo 1<sup>ffaa</sup> bo'oo 3<sup>ffaa</sup> waliin, kan bo'oo 2<sup>ffaa</sup> bo'oo 4<sup>ffaa</sup> waliin walsimanii jiru. Kanaafuu haalli tarreeffama walunata sagaleewwannii bifa /a-b-a-b/ tiin qindaahe. Akkasumas dhamsagoonni sagalee dubbifamaa jalqaba bo'oowwan arfan irratti argaman walunata dhamsagoota sagalee dubbachiiftuu xumura bo'oowwanii irratti argaman waliin walfakkaata. Kana jechuun toorri 1<sup>ffaa</sup>n sagalee dubbifamaa /m/ tiin eegalee jalqaba toora 3<sup>ffaa</sup> irratti walirra bu'a. Toorri 2<sup>ffaa</sup>n sagalee dubbifamaa /w/ waliin eegalee jalqaba toora 4<sup>ffaa</sup> irratti sagalee isa fakkaatu /w/ tiin walsimee jira.

Baay'inni birsaga bo'oowwan (1, 3) keessatti argamu tokko miti. Kan bo'oo jalqabaa birsaga torba irraa kan ijaarame yommuu ta'u, kan 3<sup>ffaa</sup> ammoo birsaga jaha irraa ijaarame. Bo'oon 2<sup>ffaa</sup> fi 4<sup>ffaa</sup>n ammoo baay'inni birsaga isaanii walfakkaataadha; birsaga saddeet saddeet. Addummaan baay'ina birsagaa walalicha keessatti argamu, walalichi safara walqixa ta'e akka hinqabaatne taasisa.

Akka aadaa hawaasa Oromoo Godina Bunnoo Beddelleetti dargaggeessi durba ollaa isaatti weeddisee sirbuu hindanda'u. Haata'u malee durba ollaa isaa hintaanetti, kan laga gamaa dhufte yookiin kan fira dhihoo hinta'iinitti sirbuu, weeddisuu danda'a.



2. A-gam-sa ga-di ci-rii (a)  
 Ga-leen faaq-qee tol-cha (b)  
 Ma-qaa kee nat-ti hi-mi (a)  
 Ga-leen yaa-dee ob-saa. (b)

Madda: (Abbaa Gadaa Tasammaa Taaddasaa,2013)

Walaloo haahiyyee kana keessatti toorra (3,4) keessatti gurbaan mucayyoo itti sirbaa jiru maqaadhaan kan hinbeekne ta'uu agarsiisa. Sababiin isaa mucayyoo fageenya irraa dhuftetti sirbaa jira waan ta'eef. Kanaafuu hanga walbaranii hariiroon lamman isaanii gidduu jiru cimutti maqaa mucayyoo itti sirbaa jiru sanaa baruu barbaadeeti.

Walunanni sagaleewwanii walaloo kana keessatti argamu haala tarreeffama (a-b-a-b) tiin kan qindaa'e ta'ee, yaadni bo'ooowan arfan keessatti ibsame himoota walgitaniin dhiyaate. Fakkeenyaaf toorri (1, 3) himoota yaadni walfakkaataan keessatti dhiyaateefi toorri (2, 4) akkuma himoota toora (1, 3) kallattii ergaan ittiin dhiyaate kan walfakkaatu ta'uusaa agarsiisa. Buufata inni qabu yoo ilaalle ammoo, toora afur irraa ijaarame. Toorri 2<sup>ffaa</sup> n birsaga jaha qaba. Toorri sadan hafan garuu baay'ina birsagaa walqixa ta'e qabu.

Jaalalli dargaggeessaafi dargaggeettii gidduutti uumamu kan yeroo murtaa'aa ta'een daangeffamu miti; jaalalli bonaafi ganna hinqabu. Haata'u malee jaalala kana qabatamaan gara gochaatti jijjiiruuf waantota isaan daangessan keessaa tokko yeroo gahaa dhabuudha. Waqtii midhaan walitti qabamu dargaggeessi baay'ee waan ko'oommatuuf yeroo barbaadetti michuu isaa waliin walarguu hindanda'u. Sababiin isaa hawaasni dargaggeessi keessa jiraatu hojii qonnaatiin waan jiraatuuf yeroo baay'ee midhaan bakkeerraa sassaabuudhaan maatii isaanii gargaaru.

- 3.San-gaan kee-nya boo-qaa (a)
- Boo-qa ok-kol-loo cab-se (b)
- Am-man dhu-fa lo-hee (b)
- Yoon boq-qol-loo gal-che (b)
- Yoon xaa-fii sas-saa-be (b)
- Yaa gaa-rii shaw-waa-dee. (b)

Madda: (Abbaa Gadaa Tasammaa Taadasaa,2013)

Yaa’insi sagalee afwalalicha keessatti argamu bifa miidhagina qabuufi gurra namaatti toluun dhiyaateera. Fakkeenyaaf “Yoon boqqolloo galcheefi Yoon xaafii sassaabe” toora (4, 5) keessatti yaa’insi sagalee walqixadha. Akkasumas baay’inni jechootaafi birsagootaa bo’oowwan walalichi irraa ijaarame kan walcaalan miti. Gama birsaga isaatiin yoo ilaalle, buufatni walaloo kanaa bo’oowwan jaha irraa ijaarame. Bo’oowwan kunneen baay’ina birsagaa qabaniin walqixadha; birsaga jaha jaha qabu.

Weedduuwwan durbaa sirba haahiyyee jalatti dhiyaatan keessaa weedduun kun safara isaa eeggatee kan qindaahedha. Kunis safarri inni gama baay’ina jechootaa bo’oowwan irraa ijaaramaniifi baay’inni birsagootaa bo’oowwan hundi irraa ijaaraman walqixa ta’uu isaati. Fakkeenyaaf toorri 1<sup>ffaa</sup> n jechoota sadiifi birsaga jaha irraa kan ijaarameefi kanneen hafan hundi bifa walfakkaatuun dhiyaachuu isaa agarsiisa.

Haalli tarreeffama walunata sagaleewwanii toora 1<sup>ffaa</sup> irraa kan hafe, sagalee dubbachiiftuu gosa tokko /-e/ dhaan xumuraman. Toorri 1<sup>ffaa</sup> n gruu sagalee dubbachiiftuu /-a/ dhaan xumurame. Kanaafuu unki inni gama walunata sagaleetiin qabu (a -b -b -b -b) tiin dhiyaate jechuudha.

#### **4.5.3.Xiinxala Unka Afwalaloo Weedduu Isgeewuyaa**

Walaloowwan sirba weedduu durbaa isgeewuyaa keessatti argaman bifa lamaan dhiyaatu. Kunneenis kanneen buufattoota toora muraasa ykn. toora afur irraa ijaaramaniifi kanneen toora afurii ol irraa ijaaraman ta’uu isaaniiti.

#### 4.5.3.1.Kanneen Buufata Gabaabaa irraa Ijaaraman

Buufattoonni afwalaloo armaan gaditti dhiyaatan bo’oowwan muraasa ta’an toora afur kan hincaalle irraa ijaaraman. Kunneenis haala armaan gadiitiin dhiyaatanii jiru.

1. Daa-ri-muun har-ree bi-tee (a) ..... Isgeewuyaa  
Booy-yeen book-ki-see dha-la (b)  
Waa hi-muun as dee-bi-’ee (a)  
Boo-’een boos-si-see ga-la. (b)

Madda: (Abbaa Gadaa Tasammaa Taaddasaa 2013)

Afwalaloon weedduu durbaa kun gama hundaanuu safara walqixa ta’e hordofee ijaarame. Kun ammoo bifa garagaraatiin akka miidhagina qabaatu taasiseera. Fakkeenyaaf amala walaloon qabu keessaa tokko gabaabina bo’oowwaniiti. Bo’oon walaloo akka bo’oo barreeffamoota holooloo (prose) dheerina hinqabu. Kanaafuu, gabaabinni isaa ija ilaaluuf illee nimiidhaga jechuudha. Kan biroon ammoo walaloon amala isaatiin cuunqataa waan ta’eef jechoota humna qaban muraasa irraa ijaarama. Unki afwalaloo gara oliitti dhiyaatees kana irraa waanti adda isa taasisu hinjiru. Sababni isaa bo’oowwan buufatichi irraa ijaarame hundi isaanii baay’ina jechootaa muraasafi walqixa ta’an irraa kan ijaarameefi akkasumas baay’inni birsaga bo’oowwanii tokko ta’uu isaati.

Ulaagaa unki walaloo tokko ittiin madaalamu keessaa tokko walunannaa sagaleeti. Kanaafuu, haalli dhiyaannaa walunata sagaleewwanii xumura bo’oowwanii irratti argaman kan toora 1<sup>ffaa</sup> irra jiru bo’oo itti aanu irra darbuutiin, kan bo’oo 2<sup>ffaa</sup> irra jiru bo’oo itti aanee jiru irra darbee unka isa fakkaatu waliin yookiin bo’oo 4<sup>ffaa</sup> waliin walunata. Gabaabinatti unka cufamaa /a-b-a-b/ irratti kan hundaa’edha.

Ulaagaa adda addaa unki kun qabu keessaa birsagni isaa walqixxee ta’uudha. Jechoonni bo’oowwan buufatichaa irraa ijaaraman qindoomina birsagaati. Kana waan ta’eef, bo’oowwan hundi baay’ina birsagaa walqixa ta’e qabu. Innis birsaga torba torba ta’a.

Uumaan waan hunda ofharkaa qaba waan ta'eef. Tokkoof ammoo osoo itti hinwaakkatiin waan hundaanuu guutuu taasisee uuma. Kana waan ta'eef dargaggeessi tokko michuu isaa kan waliin jiruufis haata'u kan jaalallee isaa godhachuuf akeeke yookiin iji isaa irra bu'e waa'ee ishee waan jedhee weeddisuf hindhabu.

2.Han-qaa-quu gun-doo tok-ko (a)

Dhib-ba baa-sa-nii bi-tu (b)

Kan kaar-ruun mud-doo qoc-coo (a)

Jil-ba saaq-anii li-xu. (b)

Madda: Abbaa Gadaa Tasammaa Taaddasaa,2013

Weedduun kun kan ijaarame buufata tokkoofi bo'oowwan afur irraati. Bo'oowwan kunneen bo'oo 3<sup>ffaa</sup> irraa kan hafe jechoonni irraa ijaaraman kan walqixa ta'anidha. Garuu bo'oon 3<sup>ffaa</sup> bifa adda ta'een jechoota afurraa ijaarame.

Safara buufanni kun qabu bakka lamatti qoodnee ilaaluu dandeenya. Inni tokko baay'ina jechootaa bo'oowwan irraa ijaaraman yommuu ta'u, inni lammaffaan ammoo baay'ina birsagaa bo'oowwan qofa qofaa isaaniitti qaban jechuudha. Kanaafuu bo'oon (1,2,4) safara walqixa qabu. Kana jechuun baay'ina jechootaa ofkeessatti qabatan jechuu barbaadameeti. Jechoota sadi sadiirraa ijaaraman. Bo'oon 3<sup>ffaa</sup> n garuu baay'ina jechootaa qabuun safara adda ta'e qaba. Innis jechoota afur irraa ijaarame. Unki inni gama safara walalootiin qabu kana haata'u malee, unki inni gama birsagaatiin qabu garaagarummaa hinqabu. Kunis bo'oowwan hundi birsaga walqixxee ta'e torba torba qabu.

Walunatni sagaleewwanii afwalaloo weedduu durbaa kana keessatti argamu unka cufaa irratti hundaa'eeti. Innis sagaleen gosti tokko xumura bo'oowwanii irratti walitti aanee hinjiru. Bo'oo jalqabaa irraa eegalee bo'oo tokko irra utalee yaa'insa sagalee eeguudhaan walirra bu'a. Fakkeenyaaf bo'oo 1<sup>ffaa</sup> n 3<sup>ffaa</sup> waliin, bo'oo 2<sup>ffaa</sup> n 4<sup>ffaa</sup> waliin jechuudha. Yookiin ammoo unka /a-b-a-b/ hordofee kan dhiyaate ta'uu isaati.

### 4.5.3.2.Kanneen Buufata Dheeraa Qaban

Walaloon weedduu durbaa Godina Bunnoo Beddellee baay'inaan toora muraasa 4-5 qabaachuudhaan beekama. Kunis kan beekamuu danda'e erga walaloon weedduu durbaa walitti qabameeti. Haata'u malee kanneen toora danuu irraa ijaaramanis jiru. Garuu akka warren toora muraasa qabanii heedduminaan hinjiran.

- 3.A-diin a-dii caa-lu (a)
- Da-raa-raa aa-too-ti (b)
- Moo-tiin moo-tii caa-lu (a)
- Ta-sam-maa Naa-doo-ti (b)
- Yaa Ta-sam-maa Naa-doo (c)
- Yaa al-baa-saa far-daa (d)
- Har-'aaf nat-ti sir-bi (b)
- Boor sa-maa-naa gal-laa. (d)

Madda: Aadde Shittaayee Sirrii, 2013

Sirba weedduu durbaa keessatti dargaggeeyyiin yommuu sirba isgeewuyaa sirban akkaataa weedduu armaan olii kanatti weeddisanii sirbu. Kanaafuu, akka afwalaloo armaan olii kanatti waantota naannoo isaaniiti argaman keessaa addeenyaa daraaraa aatoo kan caalu hinjiru. Aatoon midhaan nyaataa keessaa tokko ta'ee, kan namoonni ittoo irraa hojjetatan jechuudha.

Akkaataa caasaa ijaarsa afwalaloo kanaatiin, buufatichi bo'oowwan hedduu ofkeessaa qabaachuu danda'uu isaatiin bo'oowwan saddeet irraa ijaarame. Kun ammoo buufata afwalaloowwan armaan olitti hanga ammaatti dhiyaatan keessaa dheerina qabuun adda ta'a. Jalqaba irratti haalli ijaarsa caasaa toora (1, 3) walfakkaata Innis sagaleewwan dubbachiiftuu toora jechoota kanneen keessa jiran irraa ijaaraman dheerinaafi laafina sagalee qabaniin bakka baay'eetti walfakkaata. Fakkeenyaaf toora 1<sup>ffaa</sup> keessatti sagaleen dubbachiiftuu /-ii-fi-aa-/, toora 3<sup>ffaa</sup> keessatti sagaleen dubbachiiftuu /-oo-,-ii-fi -aa-/ sagalee dheeraa waan ofkeessaa qabaniif walfakkeenya qabu. Dabalataan toorri (1, 3) jecha gosa tokko jecha "caalu" jedhuun kan xumuramu yommuu ta'u, toora (2,4) keessatti jechoonni dhumarra jiran sagalee unka walfakkaataa birsaga sagalee /-ti/ qabu ofirratti maxxanfatanii jiru.

Afwalaloo kana keessatti toorri (1, 3) unka yookiin sagalee gosa tokko /-u/n xumuramu jechuudha. Kanneen hafan toorri (2, 4, 7) ammoo sagalee dubbachiiftuu gosa walfakkaataadhaan xumuramu. Dhumni toora 5<sup>ffaa</sup> bo'oowwan kanneen biroorraa unka adda ta'e qaba. Innis addatti sagalee /-oo/ tiin kan gudunfamuu ta'uu isaati. Toorri (6, 8) ammoo sagalee /-aa/ tiin xumuramuudhaan unka cufaa irratti hundaa'anii kan dhiyaatan ta'uusaati. Yookiin unka walunannaa sagalee /a-b-a-b-c-d-b-d/ qaba.

Afwalaloo kana keessatti jechoota baay'etuu toora garagaraa keessatti bifa irradeddeebiidhaan dhiyaate. Fakkeenyaaf toora 1<sup>ffaa</sup> keessaa jechi "adii" jedhu al lama dhiyaate, toora 3<sup>ffaa</sup> keessatti jechi "mootii" jedhu walitti aanee al lama dhiyaate. Akkuma kana maqaan "Tasammaa Naadoo" jedhu toora (4, 5) keessatti dhiyaatee jira. Kana qofa osoo hintaane toora (1, 3) keessa jecha "caalu" jedhutu bakka lamatti argama.

Weedduu durbaa sirba isgeewuyaa kana keessatti bo'oon (1, 3, 5, 6, 7, 8) safara walqixa qabu. Sababiin isaa jechoota sadi sadiirraa ijaaraman waan ta'eef. Toorri (2, 4) ammoo qofaa isaaniitti safara walqixa ta'e, kan jechoota lama lama irraa ijaarame qabu jechuudha.

Akkuma kutaalee garagaraa armaan olii keessatti ibsame sirbi weedduu durbaa jalqaba shamarraniin eegalama. Erga shamarran waliin ta'uudhaan dibbee isaanii qabatanii dirreetti bahuudhaan sagalee dibbee dhageessisanii weedduu eegalanii booda dargaggeessi sagalee dibbeefi faaggaa dhagahuudhaan gara sirba weedduu durbaa deema. Kanneen sirbi weedduu durbaa jiraachuu isaa quba qaban ammoo dargaggeeyyi weedduun durbaa jiraachuusaa quba hinqabneef yoom, eessatti akka sirbamu dhaamsa walii dhaamu.; hanga lafti dhihee dukkanaa'uutti koomeerra oftaa'u.

4.Way-yaa miic-caa be-le-shee (a)

U-tuun miic-cuu tar-sa-'ee (a)

Id-doon Gaa-foo-dhaa ba-hee (a)

As jir-taa kee dha-ga-hee (a)

Sa-gal ma-naa ga-di ba-hee (a)

U-tuun fii-guu as ga-hee. (a)

Madda: (Aadde Shittaayee Sirrii,2013)

Kanaafuu, akka afwalaloo kana keessatti toora 3<sup>ffaa</sup> irraa eegalee dhiyaatetti kan jalqabaa maqaa naannoo dargaggeessichi jiraatuuti. Michuun isaa bakka weedduun durba itti sirbamu jiraachuu ishee odeeffannoo waan qabuuf, Naannoo Gaafuu jedhamuu ka'ee hanga jaalallee isaa bira gahutti baay'ee ariifachuusaa agarsiisa. Hanga achi gahutti boqonnaa waan argate hinfakkaatu. Fakkeenyaaf gaaleen “Sagal manaa gadi baheefi Utuun fiiguu as gahe” jedhu gurbichi weedduun durbaa akka eegalame mirkaneeffachuudhaaf ammas ammas waan manaa gadi bahee sagalee dibbee dhaggeeffatu fakkaata. Erga weedduun eegalamuusaa mirkaneeffatee booda saffissaan bakka sanatti argamuusaa kan ibsu ta'usaati.

Afwalaloowwan weedduu durbaa baay'ee isaatiin walbira qabamee yommuu ilaalamu dheerina qaba. Sababiin isaa toora baay'ee irraa ijaarame waan ta'eef. Bo'oowwan sadan jalqabarra jiran baay'ina jechootaa walqixa ta'e irraa ijaaraman; jechoota sadi sadiirraa. Kanneen hafan arfan ammoo jechoota afur afur irraa kan ijaaraman ta'uusaa agarsiisa.

Sagaleewwan xumura tokko tokkoo bo'oowwanii irrattiti argaman gosaan walfakkaatu. Hundi isaanii sagalee dubbachiiftuu dheeraadhaan xumuraman. Kun ammoo weedduwwan armaan olitti dhiyaatan hunda irraa adda isa taasisa. Sababiin isaa unka akkanaatiin kan dhiyaate hinjiru waan ta'eef.

Toori (1, 2, 3, 4, 5) birsagni isaan qaban walqixa. Birsaaga torba torba qabu. Toorri 6<sup>ffaa</sup> n garuu birsaga jaha qaba. Birsaaga afwalaloowwan armaan olitti dhiyaatan keessaa kan afwalaloo kanaa adda ta'ee argama. Sababiin isaa jechoonni xumura bo'oowwan hunda irratti argaman, bisagni isaanii inni dhummaa unka walfakkaataa yookiin sagalee /-hee/ tiin xumurama waan ta'eef.

Akka aadaa hawaasichaatti dhiirri ykn.ormi bakka obboleessi jirutti obboleettii isaa ani si jaalladheera jedhee gaaffii jaalalaa dhiyeessuufii hindanda'u. Kana ammoo walaloo armaan gadii keessatti ilaaluu dandeenya.

5. A-baa-leen il-mi Go-chuu  
Ee-boo Ga-chii maal bi-taa  
Ob-boon kee maal na go-chuuf  
Ee-boo mad-dii-ti of ri-ga  
Qoo-da mad-dii-ti of ri-gu  
Maa-ra-shaa sha-niin bi-tee  
Qo-nyee sha-niin da-ba-lee  
Dha-qee baj-jiit-ti haa ri-gu  
Baj-jii oo-soo bal-ba-laa.

Madda: (Aadde Shittaayee Sirrii,2013)

Weedduu kana akkana jechuudhaan kanneen weeddisan dargaggeeyiidha. Toora (1, 2) irraa kan hafe kanneen itti aananii dhiyaatan hundi ergaa dabarsan irratti hundaa'uudhaan waldeggeranii jiru. Toora (1, 2) keessatti waanti jedhame, biyyi Gachii jedhamu bakka eeboon itti hojjetamu ta'uu isaafi eeboon Gachiitti hojjetamu hawaasa naannoo sanaa biratti beekamaa ta'uusaa agarsiisa. Ergaan bo'oowwan itti aanu keessatti dhiyaate ammoo obboleessa mucayyoo gurbichi jaallate irratti xiyyeeffata. Innis obboleessi mucayyoo gurbichi obboleettii isaa waliin qunnamtii jaalalaa akka qabaatan fedhii hinqabu.

Kana irraa ka'uudhaan eeboo Gachiitti hojjetame qabatee gurbaa ittiin doorsisa. Kana waan ta'eef, qooda eeboo bittee ittiin na doorsistu mi'a qonnaaf ta'u maarashaafi qonyee bitee lafa bajjii balbala isaatti argamu qotuu isaaf wayya ergaa jedhu irratti xiyyeeffata. Kun akka jirutti ta'ee, xiinxalli unka afwalalichaa ulaagaa garagaraatiin xiinxalamuu danda'a.

Walunanni sagaleewwannii xumura bo'oowwan hunda irratti argaman kanneen walitti siqan osoo hintaane gargar fagaatanii jiru. Fakkeenyaaf kan toora 1<sup>ffaa</sup> irratti kan argamu sagalee dubbachiiftuu /-u/ n toora 5<sup>ffaa</sup> irra kan jiru sagalee dubbachiiftuu /-u/ waliin walsimani jiru. Sagaleen dubbachiiftuu /-a/ kan xumura toora 2<sup>ffaa</sup> irra jiru toora 4<sup>ffaa</sup> waliin, achi irraa fagaatee ammoo toora 9<sup>ffaa</sup> waliin walunatanii jiru. Kan toora 3<sup>ffaa</sup> ammoo sagaleen dubbifamaa /-f/ n qofagaleessa ta'uudhaan sagalee ittiin walgitu osoo hinqabaatiin qofaatti ofbaasee jira. Toorri



(6,7) sagalee dubbachiiftuu gosa tokko /-e/ dhaan waan xumuramaniif akkasumas walitti aananii waan jiraniif, buufata kana keessatti adda ta'anii argamu.

Safarri bo'oowwanii afwalaloo kanaa baay'ina jechoota bo'oowwan irraa ijaaramaniifi baay'ina birsagaa tokko tokkoon bo'oowwanii qaban irratti hindaa'ee xiinxalame. Innis bo'oowwan (1, 4, 5, 6, 7, 8, 9) jechoota sadi sadiirraa waan ijaaramaniif safara walqixa qabu. Toorri (2, 3) qofaa isaaniitti jechoota afur afur irraa ijaaraman. Safara birsagaa irratti hundaa'een ammoo toorri (4, 5, 8) birsaga saddeet saddeet waan qabaniif safarri gama birsagaatiin isaan qaban walqixa. Kanneen hafan toorri (1, 2, 3, 6, 7, 9) ammoo birsaga torba torba qabu. Walumaagalatti safarri bo'oowwan gama baay'ina jechootaafi birsagaatiin qaban walfakkaachuu dhabuufi walunannaan sagaleewwanii bo'oowwan keessatti argamu gargar fagaatee argamuunsaa afwalaloon kun gara unka banaa ofkeessaa qabaachuutti isa geessa. Haata'u malee guutummaan guutuutti unka banaa hordofee dhiyaate jechuu miti. Sababiin isaa irra caalaa unka cufaa hordofee dhiyaate waan ta'eef.

- 6. Dib-bee kee dha-hi dha-hi (a)
- Yaa ki-raa-ra koo je-dhi (a)
- Na fu-dhuu ta-sa ba-di (a)
- Yaa I-xaa-na koo je-dhi (a)
- Yaa I-xaa-na Ta-far-raa (b)
- Yaa id-dii ma-na bo-roo (c)
- Kot-tu i-jaan wal-a-gar-raa (b)
- Yaa lik-kii in-ta-la qo-roo. (c)

Madda: (Aadde Mirkanee Bantii, 2013)

Weedduu kana kan weeddisan dhiirota malee shamarran miti. Shamarran dibbee harkatti qabatani jiran rukkutaa yeroo dheeraa fudhatanii weedduu dhiirotaan weeddifamu yeedaloo isaa eegani rukutuudhaan dhiirota dhaggeeffatu. Akkaataan weedduu isaa akkuma toora tokko sagaleetiin baasani weeddisani booda "isgeewuyaa" jedhani cooku. Hanga dhuma buufatichaatti xumura bo'oowwan itti aananii jirani irratti jecha "isgeewuyaa" jedhuti irra deddeebi'amee cookama. Dhiirotni rukkutaa sagalee dibbee shamarran rukkutan hordofanii

sochii mormaa dhallaadduu bishaan keessaa fakkaatuun morma micuu isaanii fuula dura isaanii dhaabatani jiran jala seenuudhaan asii ol itti sirbu. Shamarranis haaluma walfakkaatuun sirba isaanii kuatani gadi itti lakkisu.

Xiinxala buufataafi bo’oowwan isaaniitiin yommuu ilaallu, walalichi bo’oo torba irraa ijaarame. Xiinxala unkawwan buufattoota afwalaloo weedduu durbaa gara jalqabaatti dhiyaatan keessaa buufatni kun dheerinni isaa dacha tokko dabaleera. Bal’ina isaa qofa osoo hintaane bo’oowwan buufatichi irraa ijaarame hanga tokko dheerina qabu. Dheerinni bo’oowwan kunneenii bo’owwan duratti buufattoota adda addaa keessatti unki isaanii xiinxalameen olitti jechoota baay’ee irraa akka ijaarame taasiseera. Fakkeenyaaf bo’oowwan (1, 3, 4, 6, 8) jechoota afur afur irraa kan ijaaraman yommuu ta’u, bo’oowwan (2, 5, 7) jechoota sadi sadiirraa ijaaraman.

Jechoonni akka waliigalaatti buufatni kun irraa ijaarame caasaa isaanii eeggatani kan ijaaramanidha. Caasaa sirrii hordofuun jechoota kunneenii afwalaloon kun hiikaafi ergaa sirrii ta’e akka qabaatu isa taasisa. Fakkeenyaaf jechoonni akka “dibbee, kiraara, fi ixaana” jedhamanitti gargaaramuun filannoon jechootaa jiraachuusaa agarsiisa. Sababni isaa jechoonni kunneen meeshaa aadaa waan bakka bu’ aniifi. Jechi “ixana” jedhu foolii urgaa’aa qabaatee muka gammoojjii irraa kan oomishamu bakka bu’a. Kanaafuu jechi kun afwalaloo kana keessa jiraachuun isaa barbaachisaadha.

Buufatichi irra deddeebii jechootaati itti danata. Kunis bo’oowwan (1, 2, 3, 4) keessatti jechoonni dhuma irratti argaman jechi gosa tokko “dhahi” jedhu si’a afur irra deddeebi’ameera. Bifa walfakkaatuun bo’oowwan (2, 4, 5, 6, 8) keessatti jechi “yaa” jedhu si’a shan deddeebi’ee dhiyaateera. Jechi “ixana” jedhu ammoo bo’oowwan (4, 5) keessatti si’a lama itti fayyadamaniiru. Kana qofa osoo hintaane bo’oowwan (2, 4) keessatti illee jechi garabiroo “koo” jedhu al-lama dhiyaateera. Xumura bo’oowwan (6, 8) keessatti ammoo jechoota irra deddeebi’aman kanneen irraa haala adda ta’een jechoonni “boroofi qoroo” jedhamantu jiru. Jechoonni kunneen dhamsaga jalqabarra jiru yookiin /b fi q/ tiin addummaa uumu. Kana irraa kan hafe addummaa hinqaban. Kanaafuu gara irra deddeebii jechootaati haqaaqnee kaa’uu dandeenya. Walumaagalatti baay’inni irra deddeebii jechootaa buufata kana keessa jiru,

buufatichi yaa'insa sagalee walfakkaataafi yeedaloo gurra dhaggeeffattootaatti tolu akka qabaatu isa taasiseera.

Bo'oowwan jahan jalqabarra jiran birsaga torba torbarraa ijaaraman. Kanneen dhuma irratti argaman lamman ammoo birsaga saddeet saddeet irraa ijaaraman. Gama walunata sagaleetiin ammoo afwalaloon kun unka cufamaa waan ta'eef, bifa /a-a-a-a-b-c-b-c/ tiin kan qindaa'edha.

Safarri afwalaloo weedduu durbaa kun bakka baay'eetti safara walfakkaataa qaba. Fakkeenyaaf bo'oowwan (5,7) safara walqixa qabu. Sababiin isaa bo'oowwan kunneen jechoota sadi sadiirraa waan ijaaramaniifi. Akkasuma bo'oowwan kanneeniin alatti kanneen hafan hundi safara walqixa ta'e qabu. Sababni isaa bo'oowwan kunneen (1,2,3,4,6,8) jechoota afur afur irraa waan ijaaramaniif.

Dargaggeettiifi dargageessii jaalalaaf kan walbarbaadan yoo ta'e, hanga qaamaan walarganitti boqonnaa hinqaban. Yaada keessoo isaaniitii kulkulee boqonnaa isaan dhorkatu, weedduu durbaatti fayyadamanii ibsatu.

- 7. U-tu-ma ca-bee ca-bee (a)
- Dha-gaan Daa-ba-naa hin-ca-bu (b)
- Ma-jii ga-di dhii-sa ma-lee (a)
- U-tu-ma ra-fee ra-fee (a)
- Ga-raan jaa-la-laa hin-ra-fu (b)
- So-bee ga-di cii-sa ma-lee. (a)

Madda: (Aadde Mirkanee Bantii,2013)

Weedduu kana kan weeddisu dargaggeessa jaalala hamaatiin hiddamedha. Jaalala mucayyoo sanaaf qabu baasee himachuu yoo barbaade tooftaan inni itti gargaaramu keessaa tokko weedduu durbaati. Kanaafuu yaadni ijoon bakka kanatti afwalaloo jaalalaa kanaan ibsamuuf yaadame michuu isaa garmalee yaadee waan jiruuf, halkan guutuu hirriba tokko malee akka bulu himachuu barbaadeeti. Kun kan ibsame bo'oowwan lamman dhuma irratti argaman keessattidha.

Weedduun durbaa dhiirotaan weeddifamu kun bo’oowwan jaha irraa ijaarame. Bo’oowwan kunneen dheerina kan hinqabne, jechoota ijaarsa caasaa sirrii qaban irraa kan ijaaramanidha. Hiikniifi ergaan jechoonni kun qabatanii dhiyaatan hubachuudhaaf kan rakkoo namatti uuman miti. Sababnisaa caasaa sirrii ijaarsa jechoota afaanichaa eeganii waan dhiyaataniifi.

Unki bakka kanatti xiinxalame akkaataa dhiyaannaa birsaga bo’oowwan buufatichaati. Haalli dhiyaannaa baay’ina birsagootaa bo’oowwan buufatichaa akkaataa dhiyaannaa birsagoota afwalaloo kanneen biroorraa adda ta’uu isaati. Fakkeenyaaf bo’oon 1<sup>ffaa</sup> birsaga torba, bo’oowwan (2, 3) birsaga saddeet saddeet, bo’oon 4<sup>ffaa</sup> birsaga torba, bo’oowwan (5,6) birsaga saddeet saddeet yookiin birsaga (7-8-8-7-8-8) qabu jechuudha. Kun kan agarsiisu bo’oowwan (1, 4) safara waqixa ta’e qabaachuu isaaniifi bo’oowwan (2,3,5,6) safara walqixa qabu.

Weeddu durbaa kan isgeewuyaa dhiirotaan weeddifame kana keessatti irra deddeebiin jechootaa bo’oowwan adda addaa keessatti mul’ateera. Bo’oowwan tokko tokko keessatti jechoonni gosa tokko si’a lama bifa irra deddeebiitiin kan dhiyaatan ta’ee, bo’oowwan tokko tokko keessatti ammoo jechi walfakkaataan dabalataan argameera. Fakkeenyaaf bo’oo 1<sup>ffaa</sup> keessatti jechi irra deebi’ame “cabee cabee” jedhu, bo’oo 4<sup>ffaa</sup> keessatti jechi “rafee rafee” jedhu, bo’oowwan 3<sup>ffaa</sup> fi 6<sup>ffaa</sup> keessatti jechi “malee” jedhu, bo’oowwan (1,4) keessatti jechi “utuma” jedhu irra deddeebi’amaniiru. Jechoonni kunneen haala kanaan bo’oowwan adda addaa keessatti argamuun isaanii afwalaloon kun sagalee yeedaloo hawwataa ta’e qabaachuu isaa agarsiisa. Fakkeenyaaf bo’oo 1<sup>ffaa</sup> gaalee “utuma cabee cabee” jedhu bo’oo (2,3) irra darbee toora 4<sup>ffaa</sup> keessatti gaalee “utuma rafee rafee” jedhu waliin waan walfakkaatuuf yookiin walirra bu’uuf yaa’insi sagalee jiraachuu isaa agarsiisa.

Walunatni sagalee bo’oowwan kanaa unka cufamaa irratti hundaa’ee dhiyaate. Fakkeenyaaf bo’oowwan sadan gara jalqabaatti argaman unka /a-b-a/ kan hordofan yommuu ta’u bo’oowwan sadan itti aananii gara dhumaatti argaman ammoo unka /a-b-a/ waliigala unka /a-b-a-a-b-a/ tiin dhiyaachuu isaati.

Walumaagalatti qorannoo kana keessatti xiinxalli qabiyyee fi unka weedduu durbaa akkaataa kanaan xiinxalli isaa kan raawwate yommuu ta'u, itti aansuudhaan ammoo xiinxala yoomessa raawwii weedduu durbaatu dhiyaata.

#### **4.6. Yeroo Ammaa Kanatti Weedduun Durbaa Sadarkaa akkamii irratti akka argamu**

Aadaa hawaasa Oromoo godina Bunnoo Beddellee biratti weedduun durbaa baay'ee jaallatamaafi iddoo guddaa qaba ture. Haata'u malee yeroo dhihoon asitti sababiiwwan adda addaa irraa kan ka'e haala duraanii sanatti cimee itti fufuu hindandeenye. Kanaafis wantoonni akka sababaatti dhiyaatan nijiru. Akka odeefkennitoonni jedhanitti, dagatamuu weedduu durbaatiif sababa kan ta'e, ilaalcha gama amanitiin walqabatee jirudha. Kunis kan ta'uu danda'e hubannoo dhalooten yeroo ammaa waa'ee aadaafi amantii irratti qaban baay'ee laafaa ta'uusaati. Aadaafi amantii isaanii walmaddii qabanii deemuu irratti hanqina guddaatu jira. Kana irraa kan ka'e weedduun durbaa gara moggaatti dhiibamaa dhufe.

Baroottan darban keessatti tooftaan shamarraniifi dargaggeeyyiin ittiin walqunnamanii yaada isaanii waliif qoodan keessaa inni guddaan bakka sirba weedduu durbaatti. Kanaan alatti carraan jiru baay'ee dhiphaadha. Haata'u malee akka odeefhimtoonni yaada isaanii naaf qoodanitti, dhalooten yeroo ammaa kun halkan bakka sirba weedduu durbaa deemuuf fedhiin qaban baay'ee gadi aanaadha. Sababiin isaa tooftaa garagaraatti fayyadamanii walqunnamuu danda'u waan ta'eef. Fakkeenyaaf karaa qunnamtii garagaraa kan akka bilbilaafi viidiyoo kkf. bal'inaan yaada waljijjiiruutu mul'ata. Weedduuwwan ammayyaa kanneen suur-sagaleetiin darban dhaggeeffachuufi hordofuu filannoo isa jalqabaa godhanii ilaalu.. Adeemsa akkanaa kana akka waan qaroominaatti fudhatu. (Madda Obbo Mitikkuu Baqqalaa)

Akkasumas gara moggaatti dhiibamuu weedduu durbaatiif sababa kan ta'e haala yeroo ammaa kana addunyaan itti jirtudha. Innis dhiibbaa 'globalization' irraa kan ka'e hawaasichi aadaa isaa dagachuudhaan aadaa ormaa ofitti fudhachuun dagatamuu weedduu durbaatiif sababa ta'eera. Dargaggoonni baay'een aadaafi dudhaa keessatti dhalatan dagachuudhaan sirboota garagaraa kan biyya keessaafi biyya alaa teknooloojii ammayaatti fayyadamanii ilaaluudhaan ykn. dhaggeeffachuudhaan dhimma itti bahaa jiru. Fakkeenyaaf Weedduufi sirboota garagaraa sab-qunnamtii adda addaatiin darban ilaaluufi dhaggeeffachuun baratamaa dhufee jira. (Maddi B/saa Takkaa Guutaa 2013)

Akka Obbo Mitikkuu Baqqalaafi B/saa Takkaa Guutaa jedhanitti dagatamuu weedduu durbaatiif sababa guddaa kan ta'e, dargaggeeyyiifi shamarran meeshaalee qunnamtii ammayaa fayyadamuun gara sirboota ammayaa dhaggeeffachuufi ilaaluutti waan fuuleffataniif akka ta'e ibsanii jiru.

Yaadni garabiroon gaaffii weedduun durbaa yeroo ammaa kana haala kam irra jira jedhuuf odeef-kennitoota irraa dhiyaate waa'ee amantiiti. Akkaataadhuma amantiin gara garaa hidda gad fageeffataa ykn. babal'ataa dhufeen weedduun durbaa dagatamaa dhufe yaadni jedhu dhiyaateera. Namoonni amantiifi aadaa duraan hordofaa turan dhiisanii gara aadaafi amanti birrooti duufanii waan jiraniif weedduun durbaa gara dhabamuutti deeme. Sababiin isaa akkaataa barsiisa amanti gara garaatti weedduu durbaatti hirmaachuun akka cubbuutti waan lakkaa'amuuf. (Obbo Kadir Dhaabaa 2013)

Yaada odeeffenna kana irraa waanti hubatamu, barumsi dogoggoraa tokko tokko gama amantiwwan gara garaatiin aadaa hawaasichaa irratti taasifamu, miseensi hawaasaa amantiicha hordofu akka aadaa isaa dagatu taasiseera. Kanaafis fakkeenya kan ta'u dagatamuu weedduu durbaati.

Walumaagalatti turtii yeroodhaa gara yerootti taasifamu keessatti wantoonni gara garaa hawaasichatti makamuudhaan weedduun durbaa akka dagatamu sababa waan ta'eef, ciminaan irratti hojjechuun barbaachisaa ta'a.

## **BOQONNAA SHAN: GUDUNFAAFI YAADA FURMAATAA**

### **5.1.Cuunfaa**

Oromoon uummata bal'aa naannoo Gaanfa Afrikaa jiraatudha. Uummanni kun lafa bal'aa, aadaa bal'aa, duudhaafi safuu mataa isaa danda'e qabudha. Haata'u malee akkaataa bal'ina sabichaafi aadaa isaatti qorannoon afoola isaa irratti gaggeeffamuu kan eegale baroota hedduu kan lakkoofsise miti. Ammallee afoolli hedduun hawaasicha keessatti argamu kan qorannoodhaan bira hingahamiin hedduutu jira. Kanaafuu, xiinxalli qabiyyeefi unka weedduu durbaa Godina Bunnoo Beddellee irratti gaggeeffame kun yaadiddamoota jiran keessaa yaadiddama tajaajilaafi galumsaa irratti hundaheeti.

Dabalataan hawaasni Oromoo ganamaa eegalee meeshaa ittiin ofibsu, naannoo isaa ibsu, haala jiruufi jireenya isaa ittiin ibsatu waan hedduu ofharkaa qaba. Kanneen keessaa tokko afooladha. Afoolli kan hawaasichi yeroofi haalota garagaraa keessatti dhimmoota garagaraatiif dhimma itti bahu gosaan hedduutu jiru. Kanneen keessaa tokko weedduu durbaati. Gosni afoolaa Godina Bunnoo Beddellee keessatti 'weedduu durbaa' jedhamee beekamu, waqtii Birraa halkan ji'a goobanaatiin kan sirbamudha. Sirba weedduu durbaa kana keessatti kan qooda fudhatan qarreefi qeerroodha. Namni haadha manaa fuudhe yookiin suubboon itti hirmaachuu hindanda'u.

Kaayyoon qorannoo kanaa qabiyyeefi unkaa weedduu durbaa Godina Bunnoo Beddellee xiinxaluudha. Kaayyoo kana galmaan gahuuf mala qorannoo matadurichaaf mijataa tahe kan filatameefi barruuwwan qorannoo aantee tahan sakatta'amaniiru. Ragaalee qorannichaaf barbaachisan walitti sassaabuun erga xiinxalli itti kennamee booda bu'aan isaa adda baafamee jira.

Weedduun durbaa godinicha keessa jiru qabiyyeewwan adda addaafi gosoota adda addaa akka ofkeessaa qabu qorannoo taasifameenn adda baheera. Qabiyyeewwan kunneen kan adda bahan ergaa yookiin dhaamsa dabarsan irratti hundaahaniiti. Akkasumas gosa afwalaloo isaa irratti hundaahuudhaan gosoota garagaraati akka qoodamu odeeffannoo qorannichaaf walitti qabame irraa hubachuun danda'ameera.

Afoolli, aadaafi afaan hariiroo cimaa waliin qabu. Sababiin isaa afoolliifi aadaan hawaasichaa dagaagaa kan deemu yoo ta'e, guddina afaan hawaasichaatiif shoorra olaanaa qaba waan ta'eef. Haata'u malee weedduun durbaa sababoota garagaraa irraa kan ka'e dhiibbaa adda addaa jala akka tureefi yeroo ammaa kanas dhiibbaa adda addaa irraa akka bilisa hinta'iin qorannoon taasifame agarsiiseera. Adeemsi akkanaa ammoo dagatamuu weedduu durbaatiif balbala akka saaqe himama. Kana waan ta'eef weedduu durbaa badii irraa baraaruuf qorannoodhaan deggeruun barbaachisaa akka ta'e qorannoo kanaan bira gahameera.

Qorannicha keessatti malleen qorannoo jiran keessaa mala qorannoo akkamtaa irratti hundaa'uudhaan ragaan kan walitti qabame yommuu ta'u, mala qorannoo akkamtaa keessaa malli qorannoo ibsaa hojiirra ooleera. Sakatta'iinsa barruuwwan garagaraa, qorannoowwan walfakkataniifi barruuwwan walfakkaatanii taasifameen hariiroofi garaagarummaan isaan gidduu jiru maal akka ta'e adda baafameera.

Bu'uuruma kanaan kaayyoon qorannichaa qabiyyeefi unka weedduu durbaa Godina Bunnoo Beddellee xiinxaluu waan ta'eef, qabiyyeewwan kan akka jaalala, tuffii, walciguufi kkf. agarsiisan gadi fageenyaan xiinxalamaniiru. Unki walaloo weedduu durbaa ammoo unka cufaa (closed form) bu'uura godhachuudhaan xiinxalame. Sababiin isaa afwalaloo weedduu durbaa amala walaloon tokko qabu keessatti eegamee walunata sagaleewwannii xumura bo'oowwanii irrarratti argamu, yeedaloo gurra dhaggeeffattootaatti tolu qabaachuufi bo'oowwan gaggabaaboo irraa ijaaramaamuun barreeffama holooloo irraa waan adda isa taasisuuf. Unki xiinxalame ulaagaalee kanneen akka buufata, birsaga, bo'oowwan, walunata sagaleewwanii, safara walaloofi kkf. irratti hundaa'eeti.

Afwalaloo weedduu durbaa barreeffamaan fudhatameefi afwalaloo weedduu durbaa gara barreeffamaatti jijjiirame irratti hundaa'uun afwalaloon weedduu durbaa buufata buufataan qoqqodamee dhiyaateera. Haalli ijaarama buufata kanneenii ammoo baay'ina bo'oowwanii qabaniin afwalalo buufata dheeraa qabuufi afwalaloo buufata gabaabaa qabu jiraachuu isaa agarsiisa.



Garagarummaa qaban irratti hundaa'uun afwalaloon weedduu durbaa baay'ina birsagaa walqixxee ta'e hinqaban. Baay'inni birsaga isaanii inni gad aanaa birsaga jaha yommuu ta'u, inni olaanaan birsaga saddeet irraa ijaarame. Gama baay'ina bo'oowwaniitiin ammoo bal'inaafi dhiphina buufata afwalalichaa irratti hundaa'uun baay'inni bo'oowwanii buufata tokko keessatti argamu inni gad aanaan bo'oo afur yommuu ta'u inni ol aanaan ammoo bo'oo kudha tokkodha.

Dhuma bo'oowwan afwalaloo weedduu durbaa irratti walunanni sagaleewwanii bifa gara garaatiin argamaniiru. Fakkeenyaaf akkaataa walunata sagalee, /a-b-a-b/, /a-a-a-a/, /a-b-b-a-b-b/, fi kkf. kanneen qaban keessaa muraasa isaaniiti. Safara, yeedaloofi irra deddeebiin jechootaa afwalaloo weedduu durbaa keessa jiru miidhaginaafi amala muuziqaa akka of keessaa qabaatu taasiseera.

Walumaagalatti xiinxala afwalaloo weedduu durbaa Godina Bunnoo Beddellee irratti taasifameen, afwalalichi qabiyyee, gosaafi unka garagaraa kan of keessaa qabu ta'uu isaa bira gahameera.

## **5.2.Goolaba Qorannichaa**

Qorannoo mata duree 'Xiinxala Qabiyyee fi Unka Weedduu Durbaa Godina Bunnoo Beddellee' jedhu irratti taasifameen argannoowwan adda addaa bira gahameera. Afwalaloo isaa irratti hundaa'uun gosni sirba weedduu durbaa godinicha keessatti argamu bakka sadiitti qoodama. Isaanis hirreewwee, haahiyyee fi isgeewuyyaa jedhamuun kan beekaman ta'ee, gama qabiyyee afwalaloo isaatiin ammoo, qabiyyee jaalalaa agarsiisu, kan tuffiifi, cigoo kkf. agarsiisan of keessaa qabu. Afwalaloon qabiyyeewwan kunneenii qofa qofaa isaaniitti kan xiinxalaman yoo ta'anillee, dabalataan afwalaloowwan weedduu durbaa hedduun walitti qabamanii unki isaanii xiinxalameera.

Xiinxala afwalaloo weedduu durbaa walitti qabame bu'uureffachuun weedduun durbaa unka cufaa hordofee kan qindaa'e ta'ee, akkaataan ijaarsa unka isaa, walunata sagaleewwanii, yeedaloo, birsaga, safarafi bo'oowwan of keessaa qaba. Buufanni weedduun durbaa hedduun bo'oowwan afur irraa ijaaraman. Buufatni toora afurii ol irraa ijaarame yoo jiraateyyuu, ragaan walitti funaaname akka agarsiisutti buufanni bo'oowwan kudha tokkoo ol irraa

ijaarame hinjiru. Akkasumas xiinxala unka afwalaloo weedduu durbaa taasifame keessatti, afwalaloon walitti qabame akka agarsiisutti buufanni afwalaloo weedduu durbaa toora torba irraa ijaarame hinjiru.

Xiinxala taasifameen gosni weedduu durbaa godinichaa sadiitti qoodama. Bu'uurri qoodii kanaas gosa afwalaloo isaa irratti hundaa'eeti. Haata'u malee, afwalaloon gosa sadanuu bakka tokko tokkotti unka walfakkaataa akkuma qaban, bakka tokko tokkotti ammoo unka walfakkaataa ta'e hinqaban. Fakkeenyaaf walunata sagaleewwanii gosa sadan keessatti argaman akka ragaatti fudhachuu dandeenya. Gama birootiin afwalaloowwan weedduu durbaa gosni sadanuu unka walfakkaataa ta'e unka cufaa hordofanii qindaa'an. Kana jechuun afwalaloon weedduu durbaa akka barreeffamoota holooloo gadhiisii osoo hintaane, to'atamaafi amala walaloo qabaachuu isaa agarsiisa.

Baay'inni birsaga tokko tokkoo bo'oowwan buufata afwalaloo weedduu durbaa godinichaa birsaga 6-8 yommuu ta'u, baay'ina birsagaa gad aanaanjahaa, ol aanaan ammoo birsaga saddeet. Weedduun durbaa gosa weedduwwan kanneen biroo irraa yoomessa adda ta'e qaba. Innis wagga waggaan waqtii birraa eegee raawwatamuu isaati.

Qabxiin garabiroon akka argannootti qorannoo kanaan bira gahame, weedduun durbaa sadarkaa afwalalootti namoota muraasa biratti kan argamu malee sirbi weedduu durbaa dagatamuu bira darbee sadarkaa baduurra gaheera. Kanaafis sababa guddaa kan ta'e babal'ina amantii gara garaafi aadaa ofii laaffisanii gara aadaa ormaatti duufuu akka ta'e qorannoo kanaan bira gahameera.

### **5.3. Yaboo Qorannichaa**

Hawaasni Oromoo Godina Bunnoo Beddellee durii eegalee aadaa boonsaa ta'e kan eenyummaa hawaasichaa ibsu qaba. Innis bifa garagaraatiin kan mul'atu yommuu ta'u, kanneen keessaa tokko weedduu durbaati. Qorannoowwan kanaan dura gaggeeffaman afwalaloo gosa kanneen biroo irratti malee, xiinxala qabiyyeefi unka weedduu durbaa irratti waanti hojjetame hinturre. Haaluma kanaan qorannoo kanaan gosni weedduu durbaa Godina Bunnoo Beddellee sadii erga adda bahee booda qabiyyeefi unki afwalaloo isaa kan xiinxalame ta'uu isaati. Kanaafuu, xiinxala qabiyyeefi unka Weedduu durbaa irratti taasifame bu'uura

godhachuun, yaboon qorannichaaf ta'uu danda'a jedhee akeeke akka armaan gadiitti dhiyaateera

Gosoonniifi qabiyyeen afwalaloo weedduu durbaa godinichaa bal'inaan jiraachuu waan danda'uuf, osoo qorattoonni gara biroon qorannoo dabalataa taasisuudhaan bu'aa gama sanaan argamu hawaasichaaf gummaachani.

Qaamni dhimmichi ilaallatu fakkeenyaaf kan akka aadaafi turizinii sadarkaa godinaatti jiru aadaafi turizimii aanaalee godinicha keessatti argaman waliin ta'uun osoo namoota waa'ee weedduu durbaa gadi fageenyaan beekaniif beekamtii kennuun afwalaloon weedduu durbaa akka hindagatamne taasisanii, dhaloonni kun akka irraa baratu godhani. Sababiin isaa sababoota gara garaa irraa kan ka'e aadaan sirba weedduu durbaa Godina Bunnoo Beddelleetti dagatamaa waan dhufeef.

## Wabiilee

- Asafaa Tafarraa (2009). *Eela: Seenaa Oguma Oromoo*. Finfinnee, Oromiyaa.
- Addunyaa Barkeessaa(2011). *Akkamtaa: Qorannoo Hujoo*, Finfinnee: Mega Printing Press.
- Baldick & Chris, (2001). *Oxford Dictionary of Literary Terms*. Oxford. Oxford University Press
- Biniam, Y. (2007). *Literature as Applied to Language Teaching*: Addis Ababa.
- Bartens, H.(2001). *Literary Theory*. USA and Canada: Tailors and Francis Group.
- Bascom, W.(1965). *Forms of Folklore: Prose Narratives*. Journal of American Folklore.
- Bukenya, A.(1994). *Understanding Oral Literature*. Nairobi, University Press.
- Carter D.(2006). *Literary Theory*. British: Pocket Essential.
- Caalii Raggaasaa 20110. *Aadaafi Afoola Oromoo*.
- Creswell, J.W.(2012). *Educational Research* 4<sup>th</sup> Ed. London: University of Nebraska-Lincoln.
- Dereje F.(2019). *Classification of Mecca Oromoo Girls' Nuptial Song*.
- Dirribii, D.2012). *Ilaalcha Oromoo*.Barroo Aadaa, Seenaafi Amantaa Oromoo,Finfinnee
- Dorneyi, Z.(2007). *Research Methods in Applied Linguistics: Quantitative, Qualitative and Mixed Methodologies*. New York: Oxford university press.
- Dorson, R.(1972). *Folklore and Folk Life: An introduction*. Chicago and London: The University of Chicago Press.
- Dundes, A.(1965). *The study of Folklore* Barkley: Prentice Hall Inc.

- Eshete, G.(2008).*African Egalitarian Values and Indigenous Genres: The Function and Contextual Studies of Oromo Oral Literature in Contemporary Perspectives* (PhD Dissertation).
- Fedhasaa Taaddasaa.(2017).*Bu'uuraalee Ogbarruu Oromoo*. Finfinnee Oromiyaa.
- Fekade, A.(1984).*Ethiopian oral literature: A preliminary Review and Bibliography*.Paper delivered at the international conference of Ethiopian studies (8th : (1984.Addis Ababa: Addis Ababa university
- Finnegan, R.(1970).*Oral Literature in Africa*. Nairobi:Oxford University. context.Cambridge: University Press
- Finnegan.R.(1992).*Oral Traditions and The Verbal Art:A guide to Research Practices*. New York: Francis e-Library.
- Filee Jaallataa (2019).*Malleen Qorannoo*. Finfinnee: Mana Maxxansaa ADP.
- Finnegan, R.(1976).*Oral Literature in Africa*. Nairobi Oxford University.
- Georges, R. A and Jones, M. O. (1995).*Folklorist: An Introduction*. Blooming ton And Indiana Pol is: Indiana University Press.
- Gemeda, E.(2007).*Oral Literature as a field of scholarship: Folklore Genres in Socio Cultural and Political Environment*.
- Geexee, G.(2000). *Peasants and The Ethiopian State*.
- Jeylan,. H. (2005).*The Functions of African Oral Arts: The Arsi Oromo*. African Study Monographs.

Kennedy & Gioia), (2001).*An Introduction to Fiction, Poetry, Drama and Witting*. 4<sup>th</sup> Edition:  
University of Southern California.

Kothari, C. R.(2004). *Research Methodology: Methods and Techniques*. New Delhi: New Age  
International Publisher.

Maammoo Badhaasaa (2009).*Qaaccessa qabiyeefi unka weedduu arrabsoo durbaa sirna  
naqatanii fuudhuu godina Wallagga Lixaa aanaa Haaruu*. Waraqaa qorannoo MA kan  
hinmaxxanfamiin.

N.Kirishnaswany (2004). *Contemporary Literature Theory*. India:Macmillan India Ltd.

Okpewho, L.(1992).*African Oral Literature Backgrounds*. Blooming ton: India University  
Press.

Olyaad Balaay.(2010). *Xiinxala Qabiyyee Weedduu Jaalalaa Godina Wallagga Bahaa Aanaa  
Gudayyaa Biilaa*. Waraqaa qorannoo MA kan hinmaxxanfamiin.

Oring, E.(1986).*Folk group and folklore genres.An introduction* Logan Utah: Utah  
University Press.

Richard, B.(1992).*Folklore cultural performances popular entertainment*. New York:Oxford  
university press.

Seliger, H.W&E.Shohamy.(1989). *Second Language Research Methods*. Oxford: Oup.

Seefuu (2008). “*Xiinxala ergaa weedduu arrabsoo fuudhaafi heerumaa Godina Shawaa Lixaa  
Aanaa Amboo*.” Waraqaa qorannoo MA. Kan hinmaxxanfamne.

Tayie,.S.(2005).*Research method and Writing research Proposals*. Cairo: Cairo University.

Tadese, J.(2016). Oral poetry as herding tool:A study of cattle songs as children’s art and

cultural exercise among the Guji Oromo in Ethiopia. *Journal of African cultural studies*.Vol. 1

Tesema, T.(2002). Oromo Traditional Songs.In Catherine Grief-Metis/ Tamene

Bitima (eds.) Oromo Oral Poetry seen from within in k“Olen:R“odiger koppe verlag 13-40

Zarhun, A.,(2002).. የ ስ ገ ጽ ሁ ፍ ጦ ስ ረ ታ ዊ ያ ን

## Dabaleewwan

### Dabalee I: Gabatee Maqaa Odeef-kennitootaa

T/L	Maqaa	Saala	Umurii	Sad.Barum saa	Ganda	Gahee Hojii	Guyyaa
1	TsammaaTaaddasaa	Dhi	70	Hinqaban	Golee Qorraa	Abbaa Gadaa	21/08/2013
2	Ijjigee Baqqalaa	Dha	45	Ku. 12 <sup>ffaa</sup>	Golee Qorraa	Hojii Qonnaa	21/08/2013
3	Shittaayee Sirrii	Dha	55	Ku.12 <sup>ffaa</sup>	Golee Qorraa	Hojii Qonnaa	21/08/2013
4	Mirkanee Bantii	Dha	33	Ku. 12 <sup>ffaa</sup>	Golee Qorraa	Hojii Qonnaa	21/08/2013
5	Zoodituu Suutumaa	Dha	32	Ku. 12 <sup>ffaa</sup>	Golee Qorraa	Miseensa jila aadaa	27/08/2013
6	Alamii Asaffaa	Dha	30	Ku. 10 <sup>ffaa</sup>	Golee Qorraa	Miseensa jila aadaa	27/08/2013
7	Raamatuu Jiruu	Dha	33	Ku. 10 <sup>ffaa</sup>	Golee Qorraa	Miseensa jila aadaa	27/08/2013
8	Dammee Darajjee	Dha	29	Ku. 10 <sup>ffaa</sup>	Golee Qorraa	Miseensa jila aadaa	27/08/2013
9	Takkaa Tarrafaa	Dha	56	Ku.10 <sup>ffaa</sup>	Bildiimaa Gobocaa	Waardiyyaa	05/08/2013
10	Tafarii Raggaasaa	Dhi	51	Ku.12 <sup>ffaa</sup>	Bildiimaa Gobocaa	Hojii Qonnaa	08/08/2013
11	Abduu Aagaa	Dhi	57	Ku.12 <sup>ffaa</sup>	Bildiimaa Gobocaa	Waardiyyaa	17/08/2013
12	Takkaa Guutaa	Dhi	56	12 +4	Bildiimaa Gobocaa	Barsiisaa	13/07/2013
13	Takkaa Suutumaa	Dhi	53	Ku.12 <sup>ffaa</sup>	Bildiimaa Gobocaa	Og. faayinaansii	23/09/2013
14	Zawudee Aagaa	Dhi	56	Ku.12 <sup>ffaa</sup>	Bildiimaa Gobocaa	Waardiyyaa	21/09/2013
15	Malkituu Raggaasaa	Dha	40	Ku.12 <sup>ffaa</sup>	Bildiimaa Gobocaa	Hojii Qonnaa	16/9/2013
16	Ligdii Firriisaa	Dhi	71	Hinqaban	Siddisa	Hojii Qonnaa	21/9/2013
17	Kadir Dhaabaa	Dhi	69	Ku.12 <sup>ffaa</sup>	Yebaalla	Hojii Qonnaa	21/09/2013
18	Mitikkuu Baqqalaa	Dhi	53	Ku.12 <sup>ffaa</sup>	Shoobbee	Hojii Qonnaa	25/09/2013



## **Dabalee II: Af-gaaffii Caaseffamoo Odeef Kennitootaa Qophaahee**

### **YUUNIVERSIITHI JIMMAA, KOLLEEJII HAWAASAAFI HUMAANIITHI, DAMEE BARNOOTAA AFAAN OROMOOFI OGBARRUU**

Afgaaffiin kun qorannoo“Xiinxala qabiyyee fi unka Weedduu Durbaa Godina Bannoo Beddellee”mata duree jedhu irratti gaggeeffamuuf odeeffannoo walitti qabuuf yoo ta’u, deebiin isin kennitan amanamummaafi dhugummaa qorannoo kanaaf bu’aa guddaa qaba. Kanaaf, afgaaffii isiniif dhiyaatuuf deebii dhugaa ta’eefi ibsa bal’aa akka kennitan kabajaan isin haffeeraa, afgaaffii kana irratti hirmaachuuf heeyyamuu keessaniif galatoomaa!

#### **Odeeffannoo Dhuunfaa**

Saala: Dhiira  Dubartii  Umurii \_\_\_\_\_ Sadarkaa Barumsaa \_\_\_\_\_

Gahee Hoji i \_\_\_\_\_

Haala gaa’ilaa: Kan fuudhe/ heerumte  Kan hinfuudhiin/hinheerumiin

#### **Gaaffilee Afgaaffii**

1. Weedduu durbaa waa’ee jaalalaa ibsu jiraa? Yoo jiraate isa kami?
2. Weedduu durbaa naannoo kanatti yeroo akkamiifi eessatti raawwatama?
3. Weedduun durbaa naannoo keessanitti akkuma duraanii itti fufee raawwataa jiraa?
4. Gosni sirba weedduu durbaa naannoo keessanitti beekamu isaan akkamiiti?
5. Ilaalchi hawaasni naannoo keessanitti weedduu durbaatiif qabu maal fakkaata?

### **Dabalee III : Gaaffilee Marii Garee Xiyyeeffataa Qophaahe**

Kabajamoo maanguddootaa, marii garee kanarratti hirmaattanii yaada keessan naaf qooduuf heeyyamuu keessaniif galatoomaa!

1. Weedduun durbaa aanaa keessan keessatti akkamiin raawwata?
2. Naannoo keessanitti qeerroofi qarreen maalitti fayyadamanii jaalala isaanii ibsatu?
3. Qarreefi qeerroon yoom, Eeessatti, Weedduu durbaa sirbu?
4. Gosootni sirba weedduu durbaa maal irratti hundaa'anii qoodamu?
5. Naannoo keessanitti weedduun durbaa akkamiin hojjiirra oolaa jira?

### **Dabalee IV: Suuraa Namoota Afgaaffii Irratti Hirmaatanii**




Suuraa :1Obbo Tafarii Raggaasaafi Qorataa



Suuraa :2 Obbo Mitikkuu Baqqalaafi Qorataa



Suuraa:3B/saa Takkaa Guutaafi Qorataa



Suuraa 4. Obbo Zawudee Aagaafi Qorataa



Dabalee V: Suuraa:6 Marii Garee Xiyyeeffataa

